

**Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa**

**Moojulii Leenjii Hojiirraa**

**Dhiyeessa, Dhagahaa fi Madaallii Ragaa: Seeraa fi Hojimaata**

**Qopheessitootni:**

Habtaamuu Bultii

Angessaa Itichaa

**Gulaaltotni:**

Obbo Habtee W/Sanbat

Obbo Tafarii Baqqalaa

Obbo Abdii Asaffaa

## BAAFATA

Gabaajeewan .....	4
SEENSA WALIIGALAA.....	5
BOQONNAA TOKKO.....	7
Maalummaa Ragaa fi Gosoota Ragaa.....	7
1.1.    Seensa .....	7
1.2.    Ragaa (Evidence).....	7
1.3.    Gosoota Ragaa .....	9
1.4.    Rogummaa fi Fudhatamummaa Ragaa .....	9
1.5.    Ijoo dubbii fi Sirna qabannaq Ijoo dubbii .....	11
A.    Ijoo dubbii qabamuu qabu ykn ijoo dubbii rogummaa qabu qabachuu dhabuu .....	14
B.    Ijoowwan dubbii falmicha keessatti seerummaa gaafatameef deebii kennuu danda'an hunda duguuganii qabachuu dhabuu .....	16
C.    Ijoo dubbii jalqaba falmii irratti hin qabamne barreessa murtii keessatti ibsu.....	17
D.    Ijoo dubbii seerummaa gaafatameef deebii kennuu hin dandeenye fi ifa hin taanee qabachuu.....	17
E.    Ajajoota mana murtii kenne raawwatamu fi raawwatamu dhabuu irratti falmiin iddo ka'eetti ijoon dubbii itti qabame ragaan qulqulleessuu dhabuu .....	19
BOQONNAA LAMA.....	20
Diyeesaa fi Dhagaha Ragaa Dhimma Hariiroo Hawaasaa .....	20
2.1.    Seensa .....	20
2.2.    Dhiyeessa Ragaa Namaa.....	20
2.3.    Dirqama Hubachiisuu .....	21
2.4.    Ragaa Qorachuu.....	23
2.5.    Dhiyeessa Ragaa Sanadaa .....	24
2.6.    Rakkoo dhiyeessa ragaa namaan walqabatee mul'atu .....	26
2.7.    Rakkoo dhiyeessa ragaa sanadaan (barreeffamaan) walqabatee mul'atu .....	26
2.8.    Rakkoo ragaa qorachuun walqabatee mul'atu .....	27
2.9.    Dhiyeessa fi Dhagahaa Ragaa Dhimma Yakkaa.....	27
2.9.1.    Dhiyeessa Ragaa fi Ragaa Qorachuun Walqabate Rakkoolee Mul'atan .....	28
2.9.2.    Jalmurtii of Irraa Ittisii Kennamu Keessatti Rakkoolee Mul'atan .....	30
2.9.3.    Ragaa dhaghuun (qorachuun) walqabate rakkoolee mul'atan .....	31
2.9.4.    Gita Mirkaneessaa Ragaa.....	32

BOQONNAA SADII .....	39
Ragaa Madaaluu: Dhugummaa Ragaa Mirkaneessuu.....	39
3.1.    Seensa .....	39
3.2.    Dhugummaa Ragaa Namaa Mirkaneessuu .....	39
3.2.1.    Adeemsa Waa Yaadachuu fi Hanqinaalee Achi Keessatti Mul'atan .....	40
A.    Qalbeeffachuu (Perception) .....	40
B.    Sammuutti Qabachuu (Encoding).....	41
D.    Yaadachuu (retrieve).....	42
3.2.2.    Adeemsa Ragaa Fuudhuu Keessatti Dhugummaa Ragaa Namaa Mirkaneessaa Deemuu..	43
Hojiiwwan af-gaaffii dura hojjetamuu qaban hojjechuu.....	43
A.    Hojiiwwan yeroo af-gaaffii gaggeessan hojjetaman .....	44
B.    Shakkamaa qaamaan yookaan suuraan adda akka baasu gochuu .....	46
3.3.    Ragaa sobaa fi maloota ragaa sobaa ittii to'atan.....	46
3.4.    Gaaffii Qaxxaamuraa .....	49
3.5.    Dhugummaa Jecha Raga-Baatuu Madaaluu .....	50
Gaaffilee Marii.....	51
3.3 . Ragaa Ogeessaa (Expert Evidene) .....	52
A.    Hiikkoo ragaa ogeessaa fi yaada waliigalaa .....	52
B.    Ragaan ogeessaa barbaachisaa ta'ee yoo argame qofa dhiyaata .....	53
C.    Ragaan ogeessaa ragaa bu'aa saayinsiiti.....	55
D.    Ragaan Ogeessaa Ragaa Amanamummaa Guutuun Irratti Gatamu Miti.....	56
E.    Dhugummaa ragaa ogeessaa sirna kakuu fi gaaffileen qulqulleessuu .....	58
A.    Hiikkoo Sanadaa .....	64
B.    Garee Sanadootaa (Akaakuu Sanadootaa) .....	65
1.    Sanadoota Sadarkaa Tokkoffaa (Ragaa Sanadaa).....	66
ii.    Sanada mirkanaa'ee galmaa'e.....	69
iii.    Sanada Dhuunfaa (Sanada hin mirkanoofnee fi hin galmoofne) .....	77
✓ Mallattoo sanada irra jiru qorachiisuu .....	77
✓ Ragaa dhiyaate duuba seeraa alummaan jiraachuu ilaaluu .....	80
2.    Sanadoota Sadarkaa Lammaffaa.....	83
Maddoota Barreeffamichaa.....	88

## Gabaajeeawan

- MMWO Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
- MMWF Mana Murtii Waliigala Federaalaa
- MMO Mana Murtii Ol'aanaa
- MMA Mana Murtii Aanaa
- RDFI Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
- Dha/Ij Dhaddacha Ijibaataa
- Kwt Keewwata
- A/Alangaa Abbaa Alangaa
- SDFHH Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa
- SDFY Seera Adeemsa Falmii Yakkaa
- SY Seera Yakkaa
- SHH Seera Hariiroo Hawaasaa
- SMO Seera Maatii Oromiyaa
- Lakk. Lakkoofsa

## SEENSA WALIIGALAA

Ol'aantummaan seeraa fi kabajamuun mirga lammilee guddina itti fufinsaa biyyi tokko galmeesiisuuf hojjetu keessatti shoora guddaa akka qabu ni beekama. Heerri mootummaa RDFI fi heera mootummaa naannoo Oromiyaa lammileen mirga guddachuu fi jirenye fooyee qabu jiraachuu kan qaban ta'u beekamti kennuu<sup>1</sup> bira darbuun mirgoonni bilisummaa qaamaa fi dinagdee kun cabani bakka argamanitti mana murtii ykn qaama aangoo abbaa seerummaan kennameef biratti dhimma issanii dhiyefachuun murtii haqaa argachuu akka qaban tumameera.<sup>2</sup> Qaamoleen haqaatis murtiin kennan haqa qabeessaa fi adeemsa seeraan diriiree jiru kan eeggate ta'uu akka irra jiraatu ni hubatama<sup>3</sup>. Murtiin qaamoleen haqa kennan adeemsa falmii seerri kaa'e jiru keessa darbuun kan kennamudha. Adeemsoota falmii keessatti hordofaman keessaa tokko firriwwan dubbii wal falmitoontti irratti walfalaman adda baafachuun ijoo dubbii rogummaa qabu qabachuun ragaa rogummaa qabuun dhugaa irra gahuu fi murtii haqaa kennuudha.

Sirni bulchiinsa haqaa bu'aa qabeessa kan ta'u dhimmoonni qaamolee haqaatti dhiyaatan ragaa rogummaa fi dhugummaa qabu irratti hundaa'un murtiin kan itti kennamu yoo ta'e qofa akka ta'e ni beekama. Dhimmoota yakcaa fi hariiroo hawaasaa mana murtiitti dhiyaatan seeraan guudunfaa kan argatan ragaa irratti hundaa'ameeti. Abbootiin seeraa fi Abbootiin alangaa dhimmoota murteessuudhaaf aangoo qaban irratti murtee haqa qabeessa ta'e kan kennan ragaa dhugaa fi qabatamaa ta'e bu'uura godhataniiti.

Ogeessonni seeraa, keessumattuu abbootiin seeraa, abbootii alangaa, abukaatoottaa fi kkf hojii guyyaa guyyaatti rawwatan hundi ragaa irratti kan hundaa'e waan ta'eef waa'ee faayidaa ragaa isaan caalaa qaamni beku hin jiru hoo jedhame dhugaa irraa fagaachuu hin ta'u. Haata'u malee, ogeessota seeraa, keessattuu abbaa seeraa fi abbaa alangaa biratti ijoo falmii sirrii ta'e adda baafachuu, ragaa sirnaan qorachuu (dhagahuu) fi ragaa madaaluu irratti hubannoo wal-fakkaataa kan hin jirre ta'u dhimmoota walfakkaatoo fi ragaa walfakkaatoo tiin murtiin garaagarummaa qabu yoogu kennamu hojimaata keessatti mul'ata. Kana irraan kan ka'e haqa qabeessummaa fi qulqullinni murtiilee kennamanii gaaffii keessa galuun amantaa fi gara-gahiinsi uummanni qaamolee haqaa fi mootummaa irratti qabu yeroodhaa gara yerootti gadi bu'aa kan dhufe ta'uu bira darbee madda komii fi rakkoo bulchiinsa gaarii erga ta'ee oolee buleera. Kanaaf rakkoo

<sup>1</sup> Heera Mootummaa RDFI kwt 43 (1)

<sup>2</sup> Miil-jalee olii, kwt.37 fi HMNO kwt 37

<sup>3</sup> Miil-jalee olii, kwt 79(3)

gama kanaan jiru furuuf leenjii hubannoo ogeessota seeraa naannoo keenyaa cimsuu mata duree kana irratti kennuun barbaachiisaa ta'ee argameera. Bu'uruma kanaan kaayyoon moojuulii kanaa sirna dhiyeessa, dhagahaa fi madaallii ragaa namsaa, ragaa sanadaa fi ragaa ogummaa irratti uwvisa seeroota deemsaa fi seeroota mummeetiin jiran sakatta'u, rakkolee hojimaata keessatti mul'atan dhimmoota qabatamoodhaan agarsisuu fi kallattii fulduraa akeekuudha. Kana gochuufis, moojuulichi boqonnaawwan sadiitti caaseffamuun dhiyaateera.

Boqonnaa tokkooffaa keessatti maalummaa, gosaa ragaa fi sirna qabiinsa ijoo dubbii irratti yaadota akka waliigalaatti jiran jiran bifa gabaabina qabuun kan ibsu ta'a. Boqonnaan lammaffaa dhiyeessaa fi dhagahaa ragaa dhimma h/hawaasaa fi dhimmoota yakkaa seeraa fi hojimaata jiru bu'uura godachuun xiinxalame yoo ta'u boqonnaa sadaffaa keessatti amanamummaa ragaa namsaa, ogummaa fi sanadaa mirkaneessuu fi madaaluu, rakkolee qabatamaan gama kanaan jiran akkasumas kallattii fulduraa irratti kan xiyyefatu ta'a. Boqonnaan kun dhugummaa ragaalee mirkaneessuuf toofataalee seerotni keenya diriirsani fi muuxannowwan biyyoota biroo rogummaa qaban gadi fageenyaan ilaaluun dandeettii dhugaa baasuu fi haqa mirkaneessuu ogeessotaa cimsuu irratti xiyyeffata. Gaaffileen marii fi dhimmoonni manneen murtiis akkaatuma barbaachisummaa isaaniitti boqonnaawwan hunda keessatti hammatamniru.

### **Xumura Leenjii moojuulii kanaan Leenjifamtoonni:**

- ✓ Maalummaa fi gosaa ragaa adda baasuun ni tarreessu.
- ✓ Sirna qabiinsa ijoo dubbii walqabate tumaalee seeraa deemsaa falmii hariiroo hawaasaa fi yakkaa ni xiinxalu.
- ✓ Dhiyeessa ragaa namsaa, ragaa sanadaa (barreeffaamaa) fi ragaa ogummaa ilaalchiise tumaalee seeraa ni xiinxaluu.
- ✓ Dhugummaa ragaa namsaa, sanadaa fi ogummaa mirkaneessuu fi madaaluu keessatti gaheen ogeessota seeraa maal akka ta'ee adda ni baasu.
- ✓ Rakkolee qabatamaa hojimaata keessatti mul'atan sakatta'uun hojimaata isa sirrii ta'e hordofuun tajaajila haqa qabeessaa fi dhugaa irratti hundaa'e ni kennu.

## BOQONNAA TOKKO

### Maalummaa Ragaa fi Gosoota Ragaa

#### 1.1. Seensa

Ragaan ijoo dubbii qabame tokko qulqulleessuuf galtee kan ta'u kamiinuu kan hammatu yoo ta'u, kanniinsa murtii haqaa keessatti ragaan gahee olaanaa taphata. Ragaan gosa baay'ee qaba. Malootni dhimma ijoo dubbii ta'e tokkoo qulqulleessee adda baasuu keessatti gosootni ragaalee hojiirra oolan shanan seerota keenyaan beekamtii argataniiru. Isaanis, ragaa sanadaa, ragaa namaa, tilmaama seeraa, jecha amantaa falmitootaa fi kakuu dha. Haalli simanna fi madaallii gosoota kanneenii garagarummaa kan qabu qofa osoo hin taane hojii murtii haqaa kennuu keessatti dhimma xiyyeffannoo argachuu qabanii dha.

Haaluma kanaan, boqonnaa kana keessatti maalummaa ragaa fi gosoota ragaa ilaaluun keniinsa murtii haqaa keessatti haala isaan hojiirra itti oolanii fi haqa ittiin mirkaneessaa deeman gadi fageenyaan kan ilaallu ta'a.

**Xumura leenjii boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,**

- ✓ Hiikkowan garagaraa ragaatiif kennaman ilaaluun maalummaa ragaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu
- ✓ Maloota ijoo dubbii qabamu qulqulleessuuf galtee ta'an hubachuun sirna seera biyya keenya keessatti ragaaleen beekamtii argatan isaan kam akka ta'e ilaachisee hubannoo qaban ni cimsatu
- ✓ Adeemsa falmii keessatti haala ijoo dubbii itti qabanii fi ragaatti fayyadamanii qulqulleessan ilaachisee yaada dabalataa ni argatu

#### 1.2. Ragaa (Evidence)

Ragaa jechuun maal jechuudha kan jedhu seerota deemsa falmiis ta'e seeroota muummee biyya keenya keessatti jecha ragaa jedhuuf hiikaan ifa ta'e tokko kennamu baatus gubboolee jechoota seeraa, wixiineele seera ragaa fi deemsa falmii yakkaa keessatti hiikaan kennameefi jira.

Dikshinaariin *Black's law* jehdamu ragaa (evidence) jechuun: Evidence is something (including testimony, documents, and tangible objects) that tends to prove or disprove the existence of an alleged fact. (*Ilusterat ion added*) “.....the term ‘evidence’ includes all the means by which any alleged matter of fact, the truth of which is submitted to investigation, is established or disproved. ‘Evidence’ has also been defined to mean any species of proof legally presented at the

*trial of an issue, by the act of the parties and through the medium of witnesses, records, documents, concrete objects, and the like.*<sup>4</sup>

Hayyuun Seeraa Y.V Chandrachud jedhaman waa'ee hiika raga (evidence) kitaaba "The law of Evidence" jedhu keessatti "Evidence means the testimony, whether oral, documentary or real which may be legally required in order to prove or disprove some facts in dispute"<sup>5</sup> jedhanii ibsaniiru.

Wixinee seera ragaa biyya keenya Bara 1967 keewwata 1(3) jalatti hiikaan jecha ragaaf kennae: "A means where by any alleged matter of fact, the truth of which is submitted to investigation, is proved or disproved and includes statements by accused person (admissions), testimony, judicial notice, presumption of law and ocular observations by the court in its judicial capacity" Wixinneen seera ragaa hiikaa kenne keessatti ragaa jechuun adda durummaan jecha amanta himatamaa, jecha ragaa namaa ,hubannoo manni murtii fudhatu ,tilmaama seeraa fi wantoota manni murtii ijaan ilaaluu danda'an akka ta'e kaa'eera.Haa ta'utti hiikaa wixineen kun ragaa sanadaa (documentary evidence) falmii keessatti isa bu'uuraa ta'e, keessattuu falmii H/H tiif akka ragaa ijoo tokkootti dhiyaachuu danda'u hammachuu dhabuun isaa akka hanqinnaatti dhimma ka'uu danda'udha<sup>6</sup>.

Dabalataan wixineen SDFY bara 2009 qophaa'e kwt 2 (18) hiikaa jecha ragaa tiif kenneen: - "wanta kamiyyuu ykn adeemsa; firiin dubbii jiraachuu fi jiraachuu dhabuu ittiin hubachiisuuf gargaaru; jecha ragummaa ragaa ykn jecha himatamaa, sanadoota, ragaalee eleektrooniksii, tilmaama seeraa, Hubannoo m/murtii, adeemsa waa agarsiisuu fi manni murtii dhimma aangoo abbaa seerummaa isaatiin hubachuu danda'u kan hammatudha"<sup>7</sup>. Wixineen seera deemsa falmii kun wixinee seera ragaa irraa karaa caalmaatti ifa ta'een wantoonni ragaa ta'ani dhiyaachuu danda'an maal faa akka ta'an kan hammate ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama.

Akka Waliigalaatti, ragaan odeeaffannoo dhimma falmii tokko keessatti ijoo dubbii M/Murtii qabame dhugumaa ykn sirrummaa isaa mirkaneessuuf (Proving of fact in issue or conclusion)

---

<sup>4</sup> Black's Law Dictionary (8th ed. 2004)

<sup>5</sup> Justice Y.V. Chandrachud, The law of evidence ,wadhawa and company Nagpur ,21<sup>st</sup> Edition (2006) p.8-9

<sup>6</sup> Kahsay Debsu and Andualem Eshetu, Law of Evidence (Teaching Material, Prepared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute), Fuula.2

<sup>7</sup> Wixinee seera deemsa falmii yakkaa fi seera ragaa abbaa alanagaa waliigala Federaalaatiin bara 2009 bahe.

ykn fashaleessuuf (Disproving any fact in issue or conclusion) dhiyaatu ta'uu isaati.Ragaan jiraachuu fi dhiisuu firii dubbii kan hubachiisu ta'us mataan isaatuu firii dubbiiti (fact by itself).<sup>8</sup>

### 1.3. Gosoota Ragaa

Gosti raga karaa lamaan qoodamu danda'a.Inni duraa bu'uura tooftaawwan firii dubbii tokko hubachiisuuf itti fayyadamnuun yoo ta'u isaanis ; raga naqaashii (Oral evidence, testimonial evidence) ragaa sanada (Documentary evidence) fi ragaa qabatamaa (Demonstrative evidence) dha.<sup>9</sup> Inni lammaffaa immoo walitti dhufeenza firii dubbii hubachiisuuf barbaadame waliin hiidhata ragaan sun qabu irratti hundaa'un kan qoodamaniidha.Walitti dhufeenza ijoo dubbii waliin qabu irratti hundaa'un ragaan ragaa kallattii fi alkallattii jedhamee qoodamu danda'a. Ragaan kallattii akkuma maqaa isaa ijoo dubbii qabame tokko kallattiin kan hubachiisu ykn fashaleessu dha. Ragaan alkallattii ammoo ragaa ijoo dubbii qabame tokko kallattiin hubachiisu ykn fashaleessuu hin dandeenye garuu ammoo dhimmicha wajjiin hidhata kan qabu dha. *Fakkeenyaaf, ragaan jetti jettee (hearsay) fi ragaan naanno gosa ragaa alkallattii dha.*<sup>10</sup>

### 1.4. Rogummaa fi Fudhatamummaa Ragaa

Rogummaan ragaa walitti dhufeenza ragaan ijoo dubbii mirkaneessuu ykn fashaleessuu danda'a jedhamee dhiyaatuu, fi ijoo dubbii, ykn firiiwan dubbii ijoo dubbii wajjiin hidhata qaban jidduu jiru kan agarsiisu dha.Walitti dhufeenza qofas miti. Ragaan dhiyaate ijoo dubbii qabamee jiru

---

<sup>8</sup> Ragaan falmii seeraa mirkaneessuuf ykn fashaleessuuf hin dhiyaatu, dhimmi seeraa, seermma qorachuun furmaata kan argatuu dha.

<sup>9</sup> **Mala ijoon dubbii ittiin hubachiifamu ykn fashalaa'u:** kallattii kanaan ragaan gosa sadiitti jira:

- a) Ragaa Namaa: kan namoonni dhimma wal-falmii mana murtiitti dhiyaate irratti waan beekan qaamaan mana murtii dhiyaachuun dhaddachaaf ibsaniidha.
- b) Ragaa Sanadaa: bifa barrutiin, fakiidhaan, mallattoo bifa biraatiin, waraabbi sagaleetiin, waraabbi sagalee fi suuraatiin qaama murtee kennuuf kan dhiyaatuudha.
- c) Ragaa Qabatamaa/Meeshaalee/Ibsaa/Fakkeessuu: Ragaa qabatamaa kan jedhamu meeshaalee raawwii yakkaa ykn dhimma falmiif ka'umsa ta'e keessatti kallattiin hirmaannaa qabuu fi ragaa egizibitiis kan dabaluudha. Ragaan ibsaa/fakkeessuu (demonstrative evidence) kan jedhamu immoo, ragaalee meeshaalee qabatamaa suuraan, kaartaadhaan fi wkf bakka bu'uun ragaa ta'anii kan dhiyaataniidha **ብ/ቤት ቴንቃ ተተዥ ማማስረጃ ሁኔታውን ከፋይ ዕገዋዎች 1ኛ ዕገዋዎች 1997 ዓ.ም. በኢትዮጵያ መከተል ማስፈጸሚ ተተተሙ** ilaala!).

<sup>10</sup> Kahsay Debsu and Andualem Eshetu, Law of Evidence (Teaching Material, Prepared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute), Fuula 30

mirkaneessuu ykn fashaleessuuf humna kan qabu ta'uuti irraa eegama.<sup>11</sup> Kana gochuu kan hin dandeenye yoo ta'e garuu, ijoo dubbii waliin walitti dhufeenya waan hin qabneef, roga qabeessa miti jechuu dha. Kanaafuu, dhimmoota yakkaa irrattis ta'e dhimmoota hariiroo hawaasaa rogummaan ragaa kan madaalamu dandeettii ijoo dubbii mirkaneessuu ykn fashaleessuu qabuun akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Seerota deemsa falmii yakkaa fi H/H biyya keenya keessatti rogummaa ragaatiif iddoon guddaa kennemeera.Fknf, gaaffiin duraa ragaalee dhiyaatan firiiwwan dubbii ijoo dubbii murteessuuf gargaaran qofa irratti kan xiyyeffate ta'uu akka qabuu, fi ragaanis waa'ee dhimmichaa kallattiinis ta'e alkallattiin waan hubannoo irratti qabu ta'uu qaba.<sup>12</sup> Akkasumas manni murtii sadarkaa falmii kam irrattu ragaalee sanadaa (barreeffamaa) fi qabatamaa falmichaaf rogummaa fi fudhatamummaa hin qabu jedhe amanu haquu akka danda'u seeraan tumameera<sup>13</sup>.

Gama biraatiin ragaan tokko rogummaa waan qabaateef qofas fudhatamummaa ni qabaata jechuu miti. Seera jiru irratti hundaa'ee fudhatamuus, fudhatamuu dhiisuus ni mala. Yaadriimeen qajeeltoo fudhatamummaa ragaas kanuma agarsiisa. Fakkeenyaaaf, biyya Hindii fi Ingilizitti ragaan jetti jettee hanga fedhe rogummaa qabaatus seeraan waan dhorkameef fudhatamummaa hin qabu. Kanaafuu, rogummaan fudhatamummaa ragaaf haala duree barbaachisaa dha malee qofaa isaatti gahaa miti.<sup>14</sup> Biyya keenya keessattis tumaaleen fudhatamummaa ragaa dhorkan seerota adeemsa falmii yakkaa fi hariiroo hawaasaa keessa ni jiru. Seeronni adeemsaa kanniin keessatti ragaan fudhatamummaa kan dhabu dhimmoota sadiin: gosa ragaa<sup>15</sup>, sadarkaa falmiin irra jiruu<sup>16</sup> fi mala ragaan itti argame giddu galeessa godhachuudhaan.<sup>17</sup>

Gosa ragaa irratti hundaa'un ragaan tokko fudhatamummaa ni dhaba yoo jedhamu firii dubbii wayii hubachiisuuf gosa ragaa dhiyaachuu qabu fi isaan malee gosa ragaa biraatiin hubachiisuun kan hin danda'amne dha. Fakkeenyaaaf seera H/H keessatti firiiwwan dubbii ragaa sanadaa qofaan akka hubachiifaman seeraan tumame jira.

<sup>11</sup> Kahsay Debsu and Andualem Eshetu, fi Wixinee Seera Ragaa Itoophiyaa,Kwt.3( Moojuulii ragaa sobaa ILQSO (2010) keessatti Tafarii Baqqalaanfaa akka itti fayyadamanitti )

<sup>12</sup> SDFY kwt 137 (1) fi SDFHH, Kwt 263(1).

<sup>13</sup> SDFHH, Kwt.138 fi 146

<sup>14</sup> ተ ወ. ታኩለን ባማስረድ የዚህ መ. ስ. በዚህ አካላት ባለሙያው ባስልት ማሻሻል አስፈላጊ ጥብት :: 29

<sup>15</sup> Dhimmoota tokko tokko irratti ragaan fudhatama qabu ragaa sanadaa qofa akka ta'e seerri tumuu danda'a. Fakkeenyaaaf, waliigalteen barreeffamaan ta'uu akka qabu seerri yommuu tumu, jiraachuu fi jiraachuu dhabuun waliigaltichaa kan mirkanaa'u ragaa sanadaa (waliigaltee barreeffamaan ta'e) qofaani. Ragaa namaan ykn tilmaamaan kan mirkanaa'u waliigaltichi yoo bade ykn yoo hatame qofa.(SHH kwt.2003)

<sup>16</sup> SDFY kwt.138

<sup>17</sup> SDFY kwt 27(2) fi kwt 35 (2)

*SHH kwt 2003 provides the best evidence rule for contract “Where the law requires written form for the completion of a contract, such contract may not be proved by witnesses or presumptions unless it is established that the document evidencing the contract has been destroyed, stolen or lost.*

- Gareen kamiyyuu dhaamoo ifaa fi barreeffama harka dhaamataatiin taasifamee irraa mirga ittiin argachuu barbaadu dhaamichaa dhiyeessuu fi qabiyyee isaa mirkaneessuu akka irra jiraatuu SHH kwt.896 tumeera.
- Haaluma walfakkaatuun tumaan SHH kwt 897 dhaamoo ifaa mirkaneessuuf sanada dhaamichaa orjinaala isaa ykn kooppii (garagalcha) dhugummaan isaa abbaa taayitaa ykn mana galmee dhaamicha akka ol kaa’uuf itti kennameen mirkanaa’e dhiyeessuun dirqama akka ta’e fi gosa ragaa kaminiyyuu mirkaneessuun akka hin danda’amne kaa’eera.

Sadarkaan falmiin irra jiru iraa kan ka’ee sirni ragaan tokko fudhatamummaa itti dhabuu ni jira. Fakkeenyaaaf tumaa SDFY kwt 138 (1) jalatti balleessummaan himatamaa osoo hin mirkanaa’in dura wa’ee amala yakkamichaa ykn amma dura nama yakkaan adabbame ta’u ibsun dhoorkaadha. Sababiin itti dhoorkameef murtii balleesummaan dura abbaan seeraa wantoota kana yoo beeke yakka amma ittiin himatame jiru irratti dhibbaa fi loogiin sammuu isaa keessatti uumamu danda’aa.

Sababni inni biraa ragaan tokko fudhatamumma itti dhabuu adeemsaa seeraa fi uulaagaa seeraa osoo hin guutiin kan aragame yoo ta’eedha. Fakkeenyaaaf tumaan SDFY keewata 27 fi 35 namni jecha amantaa kennuu jecha isaa osoo hin fudhiin dura; mirga qabu (mirga callisuu, abuukaattoo argachuu fi kkf) bu’aa ykn miidhaa jechi amantaa kun booda isaraan gahuu danda’u itti himamu akka qabu fi kun osoo hin raawwatamiin jechi fuudhame fudhatama seeraa hin qabu jechuudha.

### **1.5. Ijoo dubbii fi Sirna qabannaa Ijoo dubbii**

Maalummaan ijoo dubbii SDFHH keewwata 247 (1) jalatti ibsame akka jiruutti; ijoo dubbii jechuun gaaffii bu’uraa (*material proposition*) garee falmitoota keessaa isa tokkoon dhiyaatee, isa kaaniin waakkatame jechuu dha. Gaaffiin bu’uraa kunis kan firii dubbii ykn kan seeraa ta’ee himataan mirga himachuu isaa agarsiisuuf gaaffii dirqama dhiyeessuu qabu ykn himatamaan

ofirraa ittisuuf qaphxii dirqama deebiisaa keessatti ibsuu qabu dha.<sup>18</sup> Gaaffiin bu'uuraa seera dhimma harkaa qabnu irratti raawwatiinsa qabu kan bu'uureeffatu dha.

Fakkeenyaaaf<sup>19</sup> himataan bu'uura waliigalteetiin himatamaan raawwachuuufii dhabuu isaatiin miidhaa irra gahe gaafachuuf himatamaan bu'uura waliigaltee isaaniitiin kan hin raawannee fi sababa kanaan miidhaan irra gahu agarsiisuu qaba. “*Waliigalteen jiraachuu, himatamaan waliigalticha raawwachuu dhabuu, fi miidhaan himataa irra gahuun*” gaaffiwwan bu'uuraati. Himatamaan waliigalteen jiraachuu fi kan hin raawannee ta'u amanee, garuu raawwachuu kan dhabe sababa humnaa ol ta'een ta'u yoo falmii ittisaa kan dhiyeessu ta'e falmii isaa dhugoomsuuf waliigalticha raawwachu kan dhabe sababa humnaan oliitiin taatee tilmaamuu hin dandeenyeen ta'u agarsiisu qaba.<sup>20</sup> Asitti “*taateen tilmaamamuu hin dandeenye jiraachuu, fi sababa humnaa oliitiin raawwachuu dhabuun*” gaaffilee bu'uuraati.

Kanaaf, ijoowwaan dubbii kan bahan gaaffiwwan bu'uuraa irraa malee gaaffiwwan iyyannoo keessatti garee tokkoon caqasamanii fi isa kaaniin waakkataman hunda irratti akka hin ta'in hubatamu qaba. Gaaffiwwan bu'uuraa (material proposition) garee falmitoota isa tokkoon dhiyaatan isa kaaniin waakkataman hundinuu ijoo dubbii mataa ofii danda'an ta'anii qophaa qophatti barreffamuu qabu.<sup>21</sup> Dhimma waliigaltee akka fakkeenyaaatti armaan olitti kaafne ilaachisee himatamaan gaaffiwwan bu'uuraa hundumaa yoo waakkate manni murtii “*himataa fi himatamaa jidduu waliigalteen jiramoo hinjiru? Kan jiru yoo ta'e bu'uura waliigalteetiin raawwatame jira moo hin jiru? Miidhaan himataa irra gahe hoo jiraa?*” kan jedhan ijoo dubbii tokko tokkoon addaan baasee qabachuu qaba.

Ijoon dubbii yoo qabamu dirqamni hubachiisuu (burden of proof) garee isa kam irratti akka kufu bifaa ibsuu danda'uun ta'uu qaba. Ijoo dubbii akka fakkeenyaaatti himannoo waliigaltee oliitti qabatame irraa dirqamni hubachiisuu kan himataa akka ta'e ni hubatama. Bifuma walfakkaatuun, deebiin ijoo dubbiitiif kennamu eenu itti gaafatamummaa akka qabu murteessuuf ni gargaara. Fakkeenyaa, himannaan oliitiin himatamaan deebii isaatiin sababa humnaan oliitiin raawwachuu dhabuu falmuun isaa ijoo “*sababni himatamaan kaase sababa humnaan oliiti moo miti?*” kan

<sup>18</sup> SDFHH, Kwt.247 (1) fi 247(2) walfaana yoo dubbifamu.

<sup>19</sup> Ethioopian Civil procedure Rober Alen Sedler P. 177

<sup>20</sup> Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa, Labsii lak. 165, 1960, Kwt 1792 (1).

<sup>21</sup> SDFHH, Kwt 247 (3)

jedhu waan ta'eef, dirqamni hubachiisuu himatamaa irratti akka kufu agarsiisa. Kanaaf, deebiin ijoo dubbii tiif kennamu bu'aa seeraa akka qabu ni hubatama.

Manni murtii ijoo dubbii qabachuuf maddoota maal maal xiinxaluu akka qabus SDFHH tumeera.<sup>22</sup> Hunda dura, himannoo fi deebii walfalmitoottaa ijoo dubbii baasuufis ta'ee murtii kennuuf bu'uura akka ta'an ni hubatama. Kunis manni murtii ijoo dubbii kan baasu bu'uura dhimmoota himannoo fi deebii keessatti caqafamaniin, ykn ragaa barreffamaa fi gaaffii manni murtii bu'uura SDFHH kwt.241(1) fi (2) tiin iyyannoo (himannoo fi deebii) irratti hundaa'uun falmitoottaaaf dhiyeessuu fi deebii kennamu irratti<sup>23</sup>. Akka qajeltoo bu'uuraatti biyya keenyatti manni murtii ijoo dubbii kan qabatuu fi murtii kan kennu falmii barreffamaa bu'uureffachuu akka ta'ee hubachuun barbaachisaadha.<sup>24</sup> Jecha biraatiin seerummaan manni murtii murteessuu seerummaa walfalmitoonni barreffamaan dhiyeessan irratti kan hunda'ee qofa ta'u fi seerummaa jechaan ykn falmii afaanitiin dhiyaatu akka hin dabalanne nutti agarsisa<sup>25</sup>.

Manni murtii ijoo dubbii qabachuuf ragaan namaa ykn sanadni wayii falmii keessatti osoo hin dhiyaatiin hafe ykn hin jirre qorachuun barbaachiisaa ta'e yoo arge, namni sun dhiyaatee jecha isaa akka kennu ykn ragaan sanadaa qaama biraatti argamu akka dhiyeessu ajaja kennuu ni danda'a<sup>26</sup>. Ijoon dubbii qabamu falmii guutuutti osoo hin seenamiin dura yoo ta'e illee, akkuma himannaan adeemsa falmii keessatti fooyyaa'uu danda'utti manni murtiis murtiin dura ijoo dubbii dabalataa, ijoo dubbii amma dura qabame turee fooyeessuu, ijoo dubbii qabamu qabu ture garuu immoo osoo hin qabamiin hafe qabachuu fi ijoo dubbii rogummaa hin qabne haquu ni danda'a.<sup>27</sup> Gama biraatiin gareewwan walfalman waliigalteedhaan ijoo dubbii qabachuun manni murtii murtii akka irratti kennuuf dhiyeeffachuuus akka danda'an seeraan tumameera<sup>28</sup>.

---

<sup>22</sup> SDFHH, Kwt 248

<sup>23</sup> Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj/Jildii 9ffaa lakk.G. 47252 Ijoon dubbii kan qabamu himanna fi deebii akkasumas ragaalee walfalmitoonni dhiyeessani fi akkasumas manni murtii falmii afaanii yooguu gaggeessuu firii dubbii argatuu irratti hundaa'ee ta'u akka qabu tumaalee SDFHH kwt 241 fi 248 bu'uureefatee murtii kenneera.

<sup>24</sup> SDFHH, Kwt.182 jalatti manni murtii dhimma falmitoonni ifatti hin dhiyeessiin irratti murtii kennuu akka hin dandeenyne kan tumame yaaduma kana cimsa.

<sup>25</sup> Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj /Jildii 15ffaa lakk.G. 86510 kaayyoon bu'uuraa sdfhh kwt 241 tiin falmiin afaanii itti gaggeeffamuuf walfalmitoonni falmii barreffamaan dhiyeessan ifoomsuu fi bu'uura sdfhh kwt 246-248 tiin ijoo dubbii qabachuuf akka gargaaruuf malee abbaa seerummaa iyyata barreffamaan dhiyaate jiru irratti hin gaafftamnee walfalmitoonni akka gaaftaniif akka hin taanee tumaalee SDFHH kwt.. 222, 234, 235, 236, 83, 224, 182, 241, 246-248, 251, 255 bu'uura godhachuun murtii kenneera.

<sup>26</sup> SDFHH, Kwt 249

<sup>27</sup> SDFHH, Kwt 251 (1) (2).

<sup>28</sup> SDFHH, kwt 253

Bu'uuraan wantii dagatamuun hin qabne ragaa dhaghuun dura ijoon dubbii daangaa falmichaa fi gosoota ragaa dhiyaatn kan murteessuu waan ta'eef gal mee irratti galmaa'e taa'u kan qaba.<sup>29</sup>

Ijoo dubbiitiin walqabate hojimaatni manneen murtii naannoo keenya keessa jiru darbe darbe rakkoo adda addaa kan qabu fi murtii haqa qabeessa kennuu irratti dhibbaa guddaa bulchaa kan jiran ta'u qorannoona ni agarsiisa.<sup>30</sup> Rakkooleen jiran kuniis dhimmoota qabatmaadhaan haala armaan gditiin kan ilaaluu ta'a.

#### A. Ijoo dubbii qabamuu qabu ykn ijoo dubbii rogummaa qabu qabachuu dhabuu

Falmii qabeenyaa dhirsaa fi niitii tokko irratti<sup>31</sup> himatamaan qabeenyaa falmiif ka'umsa ta'e himattuu osoo hin fuudhiin dura horate qabaachu isaa falmuu isaatiin manni murtii ijoo dubbii "qabeenyi falmii keessa jiru kan eenyu akka ta'e ragaan haa dhiyaatu" jechuun qabateera. Rakkoon dhimma kana keessatti mul'ate Seera Maatii Naannoo Oromiyaa Labsii Lakk.69/1995 fi 83/1996 kwt 78 fi 113 falmii qabeenyaa jaarsaa fi jaartiin walqabatee qabeenyi dhirsaa fi niitii kan waliinii akka ta'etti kan tilmaamamuun fi gareen qabeenyi kiyya jedhu ragaa isaa dhiyeeffate hubachiisuun fudhachuu akka qabu ka'ee kan jiru yoo ta'u faallaa kanaatiin fayyadamummaa tilmaama seeraa himattuun qabdu haala miidhuun qabamu isaati.

#### Dhimma 1ffaa

Dhimmi kun m/murtii waliigala Oromiyaatiin lakk.G.294920 ta'een kan murtaa'e yoo ta'u, ka'umsi dhimmichaas Ol'iyyataan ammaa kun himata gaafa 10/09/2010 Mana Murtii Aanaa Jajuutti dhiyeeffateen d/kennituu waliin bara 1984 wal fuudhanii ijoollee sadii kan waliin horatan ta'u fi bara 1995 d/kennituun gaa'ila fi qabeenyaa keessaa kan isa ariite fi nama Saafii Huseen jedhamuuf ijoollee shan umuriin isaanii gaa'ilaaf hin geenye dahuu ishee ibse gaa'ilii isaanii diigameefi qabeenyi waliin qaban akka addaan qoodamuuf iyyateera. Manni murtiichaas bitaaf mirga falmisiisuun murtii kenneen ol'iyyataan ammaa fi d/kennituu bara 1995 addaan deemuu ibse gaa'ila isaan jidduu jiru diigee, ijoolleen sadii kan waliinii ta'uu fi ijoolleen shanan immoo erga ol'iyyataan ammaa manaa bahe deeme booda kan dhalatan waan ta'eef kan isaa miti jechuun murteesseera.

<sup>29</sup> SDFHH kwt 246

<sup>30</sup> Tafarii Baqqalaa fi Angeessaa Itichaa Kenninsaa fi Barreessa Murtii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Manneen Murtii Oromiyaa: Seeraa fi Hojimaata Joornaalii Seeraa Oromiyaa [Jiil.7, Lak 1,2010] f.44-94

<sup>31</sup> Ilfinash Ol'qabaa (Iyyattuu) fi Alamuu Caalii(Himatamaa), MMA G/Giddaa, Lak.Galmee 16234

D/kennituun murtii m/murtii jalaa komachuun m/murtii ol'aanaa Go/Arsiitti dhiyeefftee manni murtiichaas ijoo dubbii; ijoolleen falmii kaasan shan (maqaan ibsameera) yeroo dhalatan ol'iyyataan ammaa fi d/kennituun walitti dhufeenya saalqunnamtii qabu moo hin qaban? jedhu qabate, yoogu xiinxaluus ol'iyyataan ammaa himata isaa duraa keessatti d/kennituu waliin haadha warraa fi abbaa warraa ta'uu ibse gaa'eli akka diigamuuf gaafataa ijoolleen shanan kiyyaa miti jedhe haaluun isaa seera durattu fudhatama kan qabu miti gaa'eli isaanii hanga hin diigaminitti ijoolleen gaa'ela keessatti dhalatan kan nama gaa'ela keessa jiruutti jedhame seeraan tilmaani kan fudhatamedha. Gama biraatiin ol'iyyataan yeroo gaa'eli isaanii jiru kanatti d/kennituu waliin saalqunamti kan hin raawwane ta'uu isaa haala amansisaa ta'een osoo hin mirkaneessin ijoolleen gaa'ela keessatti dhalatan ijollee ol'iyyataa miti jechuun m/murtii jalaa murtii kenuun isaa sirri miti jechuun murtii jalaa diigeera. Ol'iyyataan ammaa kunis murtii mana murtii ol'aanaa komachuun kan dhiyaate yoo ta'u manni murtii waliigala Oromiyaas ijoo dubbii; Ol'iyyataan ammaa d/kennituu waliin yeroo dheeraaf addaan deeme jiraachuun isaa mirkanaa'e osoo jiru tilmaama seeraatiin abbaa ijollee shani jedhamuun sirri dha moo miti? kan jedhu qabate yoogu xiinxaluus ol'iyyataa fi d/kennituun bara 1984 wal fuudhanii bara 1995 addaan deemuun isaanii ifaan kan hin waakkatamne yoo ta'u ragaan bitaaf mirgaas kanuma mirkaneessani jiru. Bu'uura seera maatii oromiyaa kwt.143 jalatti ibsame jirun ijoolleen gaa'ila keessatti dhalatan kanuma abbaa gaa'ila keessa jiru akka ta'e tilmaamni seeraa kan fudhatamuudha. Bu'uura seera kanaatiin Ol'iyyataan ammaa abbaa ijollee shanii ta'uun tilmaamni kan fudhatamu yoo ta'u ijoolleen kun kiyyaa miti kan jedhu yoo ta'e immoo bu'uura seera maatii kwt 193(1) tiin yeroo seeraan taa'e keessatti ijoolleen kiyyaa miti jechuun himata banatee waakkachuu qaba malee callisee gama tokkon gaa'eli akka diigamuuf gaafachaa gama tokkon ijoolleen kiyyaa miti jechuun isaa rogummaa kan qabu miti. kanaaf murtiin m/murtii jalaa kan komatamuu miti jedheera.

Abbaan seeraa murtiicha irratti yaadan adda bahe yoo ibsu ,ol'iyyataan ammaa fi d/kennituun bara 1984 gaa'elan erga walitti dhufani ijollee sadii wal-irraa argatan booda bara 1995 addaan kan deeman fi jirenya dhuunfaa isaanii mirkanaa'eera. D/kennituun bara 1995 kaasee nama Saafii Huseeyiin jedhamu waliin jiraachaa kan turtee ta'uu osoo hin waakkanee deebii kennitee jirti. Ol'iyyataa fi d/kennituun bara 1995 yeroo addaan

deeman kaase tilmaamni seeraa abbaa warraa fi haadha warraa jedhus kan dhaabbatudha.Bitaaf mirgi yeroo dheeraaf addaan deemuun isaanii mirkanaa'e osoo jiru sababuma mana murtii jalatiin gaa'ilii akka diigamuu murteesseef qofa ijoolleen gaa'ilila keessatti kan dhalatanidha jedhamuu isaa bu'uura seeraa kan qabu miti jedheera.

### **Gaaffii marii**

- a. Tilmaamani seeraa hanga wagga meeqaatti tajaajila?
  - b. Dhimma armaan olii keessatti murtiilee manneen murtii sadarkaan jiran kennan akkamitti madaaltuu?
- B. Ijoowwan dubbi falmicha keessatti seerummaa gaafatmeef deebii kenuu danda'an hunda duguganii qabachuu dhabuu**

### **Dhimma 2ffaa**

Dhimma waliigaltee bittaa fi gurgurtaa mana murtii ol'aanaa godina Arsitti ilaalamee murtaa'e tokko irratti<sup>32</sup> himataan himannaa isaa keessatti waliigalteen bittaa fi gurgurtaa manaa dirqisifame akka raawwatamuu (forced performance) fi qarshii kira manaa himatamoonni akka kaffalaniif kan gaafate ta'ullee, manni murtii wa'ee waliigaltee qofa irratti ijoo qabachuun murtii kan kenne yoo ta'u, waa'ee qarshii kira manaa ilaalchiisee himataan himannaa isaa waliin dhiyeesse kun waliigaltee bira waan ta'eef himata bira akka dhiyeeffatu mirgi eegamaa dha jechuun bira darbeera. Kaayyo seera adeemsa falmii baasii xiqaan yeroo gabaabaa keessatti dhimmootaaf xumuruu dha.Dhimma kana irrattis himataan waliigalteen kira manaa jiraachuu himannaa isaa keessatti ragaa waliin kan dhiyeesse fi himataamtoonis deebii isaanii keessatti waliigalteen kira manaa isaanii fi himataa jidduu akka hin jirre falmanii bakka jiranitti manni mutii ijoo qabatee furmaata itti kenuu osoo qabuu sababa waliigaltee biraati jechuun bira darbuun isaa kaayyoo seera adeemsa falmii wajjiin kan deemu miti.

Gama biraatiin ijoo dubbi falmii lafaatiin walqabate qabamu qabxii xiyyeefannoon itti kennamu qabu akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaatis abbaa seerummaan falmii lafaatiin walqabate dhiyaatu takkaa falmii mirga abbaa qabiyyee qabeenya lafaa kabachiifachuuf takkaa immoo jeequmsi raawwatae akka dhaabbatu gaafachuu ta'u danda'a.

---

<sup>32</sup> Nabiil Abdallaa fi Waaballaa Buserii MMO Godina Arsii, Lak. Gal.70483.

## **Gaaffii marii**

Dhimma armaan olitti ibsame jiru keessatti manni murtii ol'aanaa kiraan manaa waliigaltee biraati himata biraa dhiyeeffachuu mirgi eegamaa jechuun isaa tumaa SDFHH kwt 216 (4) waliin akkamitti ilaaltuu? Barbaachiisummaa isaa hoo?

### **C. Ijoo dubbii jalqaba falmii irratti hin qabamne barreessa murtii keessatti ibsu**

Adeemsa falmii keessatti ijoon dubbii qabamu isaa galmeekessatti kan hin mul'anee fi gmurtii keessatti garuu ijoon dubbii qabame akka ture barreeffamee haal itti argamuus ni jira. Fknf Dhimma Mana murtii aanaa Xiyyootti Lak.Gal.35729 ta'erratti adeemsa falmii keessatti ijoon dubbii qabame ifatti kan hin mul'annne yoo ta'u, murtii keessatti ammoo "himatamaan lafa falmiidhaaf ka'umsa ta'e himataa jalaa humnaan qabatee jiramoo miti?" jechuun ijoon dubbii barreeffameera, adeemsi kun immoo sirrii akka hin taane dhaddachi ijibaataa murtii kenne keessatti addeesse jira.<sup>33</sup>

### **D. Ijoo dubbii seerummaa gaafatameef deebii kennuu hin dandeenye fi ifa hin taanee qabachuu**

#### **Dhimma 3ffaa**

Dhimma M/Murtii Aanaa Adaamaatti lakk.G.98308 ta'een ilaalam murtaa'e keessatti himataan waj/sabakaa Gubaa'ee bataskaana Tsirahaa Tsiyoon Qulqulluu Maariyaamii fi himatamtooni Maandafroo Guleelaat faa N-3 namoota jedhaman jidduu kan ture yoo ta'u himataan himatamtooni seeraan ala lafa qabiyyee koo qabatanii humnaan mana irratti ijaaran akka naaf gadi lakkisan jechuun kan iyyate yoo ta'u himatamtooni gama isaanitiin qabiyyeen falmii kaasee kan abbaa isaanii ta'uu fi maqaa isaatii itti gabbaraa akka turan fi dhaalaan abbaa isaanii irraa kan argatan ta'uu ibsani himataan mirga akka irraa hin qabne falaniruu.Manni murtiichaa Ijoo dubbii ;Himatamtooni qabiyyee himataa humnaan qabatan moo ? hin qabne ? dallaafi mana irratti ijaaran moo hin ijaaree? jedhu qabachuun ragaa dhagahee manni murtii himatamtooni seeraan ala qabiyyee falmii kaasee gadi haa lakkisan jechuun murteesse jira.<sup>34</sup>

<sup>33</sup> Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 8ffaa lakk.G.37391 manneen murtii falmii dhiyaatee bu'uura godhachuu ijoo dubbii rogummaa qabu osoo hin qabatiin murtii kennan seera qabeessa jedhamu akka hin dandeenyee ibseera.

<sup>34</sup> Dhimmi kun ol'iyyaanoodhaan M/M/O/G/A/Atti lakk.G. 24713 ta'e irratti dhiyaatee kan cime yoo ta'uu, MMWO Dhaddacha Ijiibaataa lakk.G.249643 ta'e irratti dhiyaatee ijoon dubbii "qabiyyeen falmii kaasee kan eenyuutti? Qabiyyee kana irratti ijaarsi dallaa fi manaa raawwatame moo miti? yoo jiraate haala kamiin raawwatame ? Kan jedhu qabate manni murtii aanaa ragaadhaan qulqulleessee murtii akka itti kennuu bu'uura sdfhh kwt.343(1) tiin qajeelfamaan gad deebiseera.

### **Dhimma 4ffaa**

Dhimma M/M/A/Adaamaa lakk.G.102679 ta'en murtaa'edha.Himataani fi G/Lixoonni N-2 himanaa dhiyefataniin himatamaan lafa abbaa fi haadha isaanii dhaalaan isaaniif gahu qabu qabate kan jiru fi akka qooduuf kan iyyatan yoo ta'u himatamaan deebii isaatiin qabeenya falmii kaase jiru J/Lixoota dabalee himataa waliin jaarsummaadhaan kan qoodanee ta'uu falme jira. Manni murtiis ijoo dubbii qabeenya falmii kaasee jira moo hin jiru? Harka eenyuu jiraa? Falmitoonni dantaa irraa qaban moo hin qaban? kan jedhu qabate ragaa dhagahe murtii kenneera.<sup>35</sup>

### **Dhimma 5ffaa**

Dhimma falmii qabeenya MMO Godina Sh/Lixaa Lak.Gal.00569 ta'een ilaalam murtaa'e tokko keessatti<sup>36</sup> gaafa falmii afaaniif beellamame manni murtii mormii duraa ka'ee qofa irratti bitaaf mirga falmisiisee ijoo haadhoo irratti osoo hin falmisiisin gal mee qorannoof eerga bulche booda beellama itti aanutti immoo gal mee qorachuun ijoo dubbii mormii duraa fi falmii haadhoo bakka tokkootti qabachuun mormii duraa irratti ragaa dhagahuun kuufaa eerga taasiseen booda ammas duubatti deebi'uun falmiii haadhoo irratti falmii afaanii dhagahuuf beellama qabachuun falmii dhagaheera. Ammas beellama itti aanutti amma dura ijoo muraasa irratti falmiin gaggeeffame kan xumurame ta'u ibsuun waa'ee qabeenya biroo osoo hin qulqullaa'in hafe irratti ragaa bitaafi mirgaa haa dhiyatuu jedhe ajajeera.

### **Gaaffii marii**

- a. Dhimma 3ffaa armaan olii keessatti ijoon dubbii qabame sirriidhaa? Sirrii miti kan jettan yoo ta'e ijoon dubbii qabamu qabu maal ture? Falmichii hoo falmii mirga abbaa qabiyyee qabeenya lafaatti moo falmii qabiyyeeti?
- b. Dhimma 4ffaa falmii qabeenya dhaalaa bitaaf mirgi taasisan walqabate ijoon dubbii qabame seerummaa gafatameef deebii kennuu danda'aa? Ijoon dubbii qabamu qabu ture maalii?

<sup>35</sup> Dhimma kun ol'iyyannoodhaan M/M/G/A/A tiif lakk.G. 25881 ta'e irratti dhiyaate "manni murtii jalaa ijoo qulqullaa'u qabu dhiisee murtiin kennname dogoggora jechuun ijoo dubbii falmitoonni jaarsummaan qabeenya falmii kaase kan qoodatanni jiru moo hin qodanne?" Kan jedhu irratti ragaa dhagahe murtii akka kennuu qajeelfamaan deebiseera.

<sup>36</sup>Buzuunash Taaddasaa fi Nugusee Xuurii MMO Godina Sh/Lixaa Lakk.Gal.00569.

- c. Dhimma 5ffaa armaan olii keessatti adeemsa falmiin itti hogganame fi ijoon dubbii ragaan akka irratti dhagahamuu m/murtii ajajee jiru hanqinoota maal akka qabu kaasuun irratti mari'adhaa.

**E. Ajajoota mana murtii kenne raawwatamu fi raawwatamu dhabuu irratti falmiin iddoो ka'eetti ijoon dubbii itti qabame ragaan qulqulleessuu dhabuu**

Falmii hojjetaa fi hojjechiisaa Mana Murtii Aanaa Adaamaatti ilaalamet tokko irratti<sup>37</sup> himatamaan waamichi na hin geenye jedhe osoo falmuu waamichii gahuu fi dhabuu ijoo qabachuun qulqulleessuun murtii kennuu osoo qabu manni murtii kana osoo hin taasisiin bira darbeera.

---

<sup>37</sup>Teewudroos Zarihuun fi Waldaa Bu'uuraa Hojjettoota Warshaa Sukkaaraa Wanjii Kutaa Biqiltuu , MMA Adaamaa, Lak. Gal.99178.

## BOQONNAA LAMA

### **Diyessaa fi Dhagaha Ragaa Dhimma Hariiroo Hawaasaa**

#### **2.1. Seensa**

Falmii dhimma hariiroo hawaasaa keessatti sirni dhiyeessa ragaa fi dhagahaan ragaa murtii haqa qabeessa kennuuf murteessaa dha. Ragaa namaa fi ragaan sanadaa falmii H/hawaasaatiif gosoota ragaa adda dureedhaan dhiyaatan yoo ta'an ragaaleen kunneen dhugummaa, amanamummaa, rogummaa fi fudhatamummaa qabaachuu isaanii mirkeessun gahe abbaa seeraatti. Kutaa kana jalatti, dhiyeessa fi dhagahaan ragaa seera hariiroo hawaasaa keessatti sirnoota hordofamuu qaban bakka sadiitti quoduun kan ilaaluu ta'a. Dhiyeessa ragaa, ragaa dhagahuu (qorachuu) fi madaaluu kan ilaallu ta'a.

**Haaluma kanaan, xumura leenjii boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,**

- ✓ Haala dhiyeessa fi simannaa ragaa namaa fi ragaa sanadaa irratti hubannoo qaban ni gabbifatu
- ✓ Kenniinsa murtii haqaa keessatti ijoo dubbii qabame mirkaneessuu keessatti dirqama hubachiisuu falmitootni qaban maal akka fakkaatuu fi akkamitti hojiirra akka oolu irratti hubannoo qaban ni cimsatu
- ✓ Hanqinaalee ragaa dhagahuu (qorachuu) keessatti mul'atan adda baasuun haala dhugummaa ragaa itti mirkaneeffatan ilaachisee tooftaalee jiran irratti beekumsa waliigalaa ni argatu.
- ✓ Gita mirkaneessa ragaa irratti yaadoota jiran adda baasuun ni hubatu.

#### **2.2. Dhiyeessa Ragaa Namaa**

Akkuma olitti ibsame ragaaleen namaa, ragaan barreeffamaa fi ragaalee qabatamaa (physical evidence) jiraachuu fi jiraachuu dhabuu firii dubbii wayyii mirkanneessuuf kan dhiyaatani dha. Biyyi keenya seera ragaa hanga ammaa bahee qabaachuu baattus sirni fi adeemsi dhiyeessa ragaalee kanaa seera adeemsa falmii keessatti ifaan kaa'amee jira. Ragooleen namaa mana murtiitti dhiyaatani jecha ragummaa kennan ragaalee tarree ibsa ragaa keessatti maqaan isaanii, teessoon isaanii, fi dhimmi ragaa irratti bahan caqafamee akka tahe ni hubatama.<sup>38</sup> Akkaataa sirna waamicha seerri kaa'ee jiruun ragooleen akka dhiyaatan erga taasifame boodde adeemsi itti

---

<sup>38</sup> SDFHH, Kwt 223 (1) fi 234(1) Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 9ffaa lakk.G 45984 walfalmitoonni taree ibsa ragaa namaa iyyata isaanii irratti ibsaman dhiyaachuu kan hin dandeenye ta'uun kakuun mirkaneessuun jijjiiruun ni danda'ama .

aane dhufu ragaalee qorachuudha. Bu'uura kanaan falmiin kan eegaluu (kan banu) himataadha moo? Himatamaa dha? Yeroo hundumaa himataatu jalqabu qabaa? Falmitoota keessaa gareen falmii jalqabu qabu maaliin addaan baafana? Gaaffiwwan jedhan seericha keessatti akka armaan gadiitti sakatta'uuf yaallameera.

### **2.3. Dirqama Hubachiisuu**

Bu'uuraan himannaan yakkaas ta'e H/Hawaasaa ragaan mirkanneessun seeraan dirqama ta'ulee ijoowwan ragaa malee mirkanaa'an ni jiru. Ijoowwaan ragaa dhiyeessuun mirkaneessuu hin barbaachifne jedhaman keessaa; himannoon dhiyaate yeroo amanamu /facts admitted by the parties either before the trial or at the trial/ (Sdfy kwt.134 sdfhh 242),<sup>39</sup> tilmaama seeraa fi firii dubbii/ *Legal and factual presumptions/* (SMO kwt 113) fi dhimmoota manni murtii hubannoo irratti fudhatu /The doctrine of judicial notice/<sup>40</sup> dha.

Falmiin kan banamu gareen falmii dirqamni hubachiisuu irratti kufuutiin akka ta'ee saayinsii seera irraa ni hubatama.Kanaaf, namni waan tokko jiraachuu ibsuun falmu wanta sana hubachiisuu akka qabuu fi dirqamni hubachiisuus isuma irratti akka kufuu ni hubatama. Dirqama hubachiisuu jechuun dirqama ragaa dhiyeeffachuu fi ragaa dhiyaateenis dhimmicha hubachiisuu akka ta'e ni hubatama. Bu'uura kanaan, dirqama hubachiisuu "dirqama ragaa dhiyeesuu" fi "dirqama ragaa sanaan amansiisuu" jechuun bakka lamatti quoduun ni danda'ama.

Dirqamni amansiisuu garee lamaan irrattu kan kufuu fi isa kaanitti kan hin darbine dha. Haaluma walfakkaatuun, himatamaan yoo amane ykn ittisa tole haa ta'uu (affirmative defense) yoo dhiyeeffate malee dirqamni dhiyeessuu himataa irratti akka kufuu fi dirqamni kun himatamaattis naanna'uun kan danda'uu dha.<sup>41</sup>

#### ***Art. 258 - Opening of hearing***

*On the day fixed for the hearing of the suit the plaintiff shall be entitled to begin unless the defendant admits the facts alleged by the plaintiff and contends that either in point of law or on some additional facts alleged by the defendant, the plaintiff is not entitled to*

<sup>39</sup> FKN. Wixinee Seera ragaa kwt.3, SHH kwt.2002, wixinee sdfy (2009) kwt.275 Jechi amantaa ijoo ragaan mirkanaa'u hin barbaachifne akka ta'e tumani jiru.

<sup>40</sup> 1967 Draft evidence rule Art, 89 The court may presume the existence of any fact which it thinks likely to have happened regard being had to the common course of natural events, previous similar occurrences, human conduct and public and private business in their relation to the fact of the particular case.

41 SDFHH, Kwt.258 (1)

*any part of the relief which he seeks in which case the defendant shall be entitled to begin.*

Seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa keenyas qajeeltoo “falmii kan jalqabu qabu garee dirqamni hubachiisuu irratti kufuu dha” jedhu armaan oliitti ibsuuf yaalame hordofeera. Himatamaan sababa ka’umsa himannoo isaa hubachiisuu qaba jechuudha. Dirqamni hubachiisuu kan murtaa’u bu’uura seera muummeetiin akka ta’es ifa dha<sup>42</sup>. Kana jechuun dirqamni dursa ragaa dhiyessuu fi hubachiisuu kan maddu seeraa fi tilmaamma seera irraatti. Yaadni kun tumaa SDFHH kwt.2001 irraas ni hubatama. Guutummaan keewwatichaa:

***Art. 2001. - Burden of proof.***

*He who demands performance of an existence of obligation shall prove its existence and the party who alleges that an obligation is void, has been varied or is extinguished shall prove the facts causing such nullity, variation or extinction.*

Kanaaf, gareen waliigalteen ykn dirqamni tokko jiraachuu ibsuun falmu jiraachuu isaa hubachiisuuf dirqama akkuma qabu, inni waliigaltichi ykn dirqamichi fudhatama akka hin qabne ykn akka jijirame ykn akka hafe ibsuun falmus kanuma hubachiisuuf dirqama qaba.<sup>43</sup>

Falmii tokko keessatti ijoowwan hedduu yoo jiraatanii fi muraasa himataan muraasa immoo himatamaan hubachiisuuf dirqama kan qabu yoo ta’e, sirni hordofamu qabu maal ta’u akka qabus seerri adeemsa falmii h/hawaasaa akka armaan gadiitti tumameera.

***Art. 260:-- Evidence where several issues***

*Where there are several issues, the burden of proving some of which lies on the other party, the party beginning may, at his option, either produce his evidence on those issues or reserve it by way of answer to the evidence produced by the other party.*

*When evidence is reserved, the party beginning may produce such evidence after the other party has produced all his evidence, and the other party may then reply specially*

---

<sup>42</sup> Bu’uura seera muummeetiin murtaa’ a yommuu jedhamu akka duudhaatti himanna dura banuuf (jalqabuuf) dirqamni himataa irratti kan kufu ta’u illee eenyu dursa hubachiisuu akka qabu seerri muummee dhimmichii ilaallatu murteessuu danda’ a.Fkn Seera maati Oromiyaa labsii lakk. 69/ 1995 fi 83/1996 Keewwata 78 fi 113 tiin abbaan warraa fi haati warraa yeroo waliin jiranitti qabeenyi horatan qabeenya waliinii akka ta’eetti kan tilmaammamu waan ta’eef, walfuutoota keessaa qabeenyi kan dhunfaa kiyyaatti gareen jedhu hubachiisuun fudhachuu akka danda’uu tumameera.

<sup>43</sup> Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 9ffaa lakk.G. 44634. Falmii H/H tiin gareen mirga qabu ykn hin qabu jedhe falmuu jiraachuu fi jiraachuu dhabuu mirgichaa hubachiisuuf dirqama qaba.

*on the evidence so produced by the party beginning but the latter party shall then be entitled to reply generally on the whole case.*

Tumaa kwt 260 kana irraa waanti hubatamu, gareen falmii jalqabuuf dirqama qabu filannoo isaatiin ijoo dubpii dura hubachiisuu qabu qofarratti ragaa dhageessifatee isaan kaan irratti gareen kuun ijoo dubpii hubachiisuu qabu irratti ragaa erga dhiyeeffateen booda, dhiyeeffachuuuf ragoota boodeetti hambisuu ykn immoo bakkuma tokkootti hundarrattuu dhiyeeffachuu kan danda'u ta'uu dha. Bu'uura kanaan, gareen ragaa boodeetti yoo hambisee ragaan garee kaanii erga dhagahameen booda, kan hafan dhageessifata. Gareen kuun immoo jecha ragummaa irratti yaada waliigalaa erga kenneen booda, gareen jalqabe immoo itti aanee yaada isaa akka kennu tumaa armaan olii irraa hubachuun ni danda'ama.

#### **2.4. Ragaa Qorachuu**

Bu'uura armaan oliitiin gareen falmicha jalqabuuf mirga qabu addaan ba'ee erga beekamee booda, ragaa isaa dhageessifachuun dura haasaa baniinsaa gochuu qaba.<sup>44</sup> Haasaan baniinsaa akkaataa ragaan itti dhiyaatu kallattii agarsiisa; akkasumas, waa'ee ragaa namaa fi sanadaa ilaalchiisee sammuu abbootii seeraa keessatti waa uumuu dha .Abbootiin seeraas ragaaf hiikkaa kan laatan haasa baniinsaa kana ilaaluun akka ta'e qorannoob biyya Hindiitti gaggeeffame addeesse jira.<sup>45</sup> Haasaan baniinsaa gabaabinaan seenaa dhimmichaa fi wanta irratti xiyyeeffatamuu qabu kan agarsiisuu dha. Haasaan kun seensa, qaamaa, fi guduunfa ni qaba. Kanaaf, abbootiin seeraa haasaa baniinsaaf yeroo gahaa ramadanii dursani falmitous beeksisuun, osoo jidduu hin lixiin xumursiisanii, sirriitti galmeessuu isaaniis mirkaneeffachuu qabu.

Kana booda, sirni itti aanu ragoota qorachuu dha.Ragootaaf adda dureedhaan gaaffii gaafachuu kan qabu falmitoota ta'us abbootiin seeraa gaaffii gaafachuu hin dand'an jechuu miti.Garuu, abbootiin seeraa adda dureedhaan gosa gaaffilee fi akkaataa gaaffiin itti dhiyaatu seeraan ta'uu isaa hordofuu falmitoota dangeessu.Haaluma walfakkaatuun, abbootiin seeraa akkaataa gaaffiin ragaaf itti dhiyaatu irratti mormiin yoo dhiyaate, ajaja barbaachiisaa ta'e kennu qabu<sup>46</sup>.

Gosaa fi akkaataa jechi ragummaa itti kennamu qabu tumaa sdfs kwt.261 jalatti bu'uura ibsamee jiruun gaaffilee gosoota sadan: gaaffii duraa, gaaffii qaxxaamuraa, fi gaaffii keessa deebiitiin

---

44 SDFHH, Kwt.259(1)

45 Yaadannoo lakk.30 fi 88

46 SDFHH Kwt 270

qajeeltoowwaan akka waliigalaatti seericha keessa ta'an hordofuun gaaffiilee ijoo dubbiitiif rogummaa qaban qofa irratti xiyyeffachuun ragoota qorachuun barbaachiisaa dha. Manni murtiis kana keessatti dhimmicha irratti murtii haqa qabeessaa fi bu'aa qabeessa ta'e kennuu kan danda'uu ijoowwan dubbii qulqullaa'uu qaban yoo sirnaan adda baafamani qulqullaa'an ta'uu hubatee xiyyeffannoona ragaa dhaghuu fi galmeessuu,<sup>47</sup> akkasumas, ragaan dabalataa barbaachiisaa dha jedhee bakka amaneetti ragaa namaas ta'e ragaa sanadaa dhiyeessisee qorachuu ni danda'a<sup>48</sup>.

## 2.5. Dhiyeessa Ragaa Sanadaa

Bu'uuraan, ragaaleen barreeffamaa bitaa fi mirgi falmii isaaniitiif nuu fayyada jedhan himannaa fi deebii isaanii keessatti waliin qabsisanii tarree ibsa ragaa keessatti ibsanii dhiyeessuu kan qabanii fi ragaan isaan akka dhiyaatuuf barbaadan yoo jiraates eenuu biraa fi eessa akka jiru ibsuun dhiyeessuu qabu<sup>49</sup>. Ragaan barreeffamaa kamiyyuu hanga guyyaa dhagahaa duraa dhiyaachuu qaba<sup>50</sup>. Ragaan sanadaa gaafa dhagahaa duraa kan hin dhiyaanne sababa badii walfalmitootni raawwataniin yoo ta'e, manni murtii ragaa dhiyaateen murtii kan kennuu yommuu ta'u, sababa gahaa ta'een kan hin dhiyaanne yoo ta'e, garuu akka dhiyaatu ajajuu danda'a<sup>51</sup>.

Manni murtii haala armaan olitti ibsamee jiruun alatti dhagahaa dhimmaa keessatti ragaalee barreeffamaas ta'e ragaalee namaa barbaachiisaa ta'an haala armaan gadiitiin dhiyeessisuuf aangoon kennameefi jira;

- ✓ Manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyannoo falmitootaatiin galmeen ykn ragaan sanadaa mana murtii biroo irraa akka dhiyaatu ajajuu ni danda'a<sup>52</sup>.
- ✓ Ijoo dubbii baasuuf manni murtii ragaa namaa ykn sanadaa dhiyeessisee qorachuu ni danda'a<sup>53</sup>.
- ✓ Falmicharratti murtii kennuuf gaaffii barbaachise qulqulleessuuf sadarkaa kamiyyurratti ragaa gaafachuu ni danda'a<sup>54</sup>.

<sup>47</sup> SDFHH, Kwt.269(1)

<sup>48</sup> SDFHH, Kwt 264

<sup>49</sup> SDFHH, Kwt.222, 223, fi 234.

<sup>50</sup> SDFHH, Kwt.137 (1).

<sup>51</sup> SDFHH, Kwt.256

<sup>52</sup> SDFHH, Kwt.145.

<sup>53</sup> SDFHH, Kwt.249.

- ✓ Ragaan sanadaa dura hin dhiyaatiin gaafa dhagahaa, ragaa namaa gaaffii qaxxaamuraa gaafachuuf ykn yaadachiisuuuf akka dhiyaatu manni murtii ajajuu danda'a<sup>55</sup>.
- ✓ Murtii haqaa kennuuf ragaa dabalataa haala al-loogummaa isaa hin tuqneen dhiyeessisu ni danda'a<sup>56</sup>.
- ✓ Akkuma himannaan dhiyaatetti iyyannoo walfalmitootaatiin, ykn ragaaleetiin jechi ragaa atattamaan fudhuun barbaachiisa ta'e bakka argetti fuudhuu ni danda'a<sup>57</sup>.
- ✓ Ragaa amma dura dhagahame murtii haqa qabeessa ta'e kennuuf lammata irra deebiin yaamee qorachuu ni danda'a<sup>58</sup>.
- ✓ Iddoo qabeenyi falmii kaase jiru ykn wanti biraajiru dhaquun ilaaluu<sup>59</sup>.
- ✓ Ragaan mana murtii fulduraatti qaamaan dhiyaate jecha ragummaa isaa kennuu akka qabu tumaa sdfhh kwt 261 (3) tumame kan jiru ta'u illee haala muraasaatiin bu'uura sdfhh kwt.122-135 tiin manni murtiichaa bakka bu'aa a/seeraa muuduun ragaa sassaabuu ykn ragaa qoratuu ni danda'a.
- ✓ Ogeessi waa tokko irratti dhimma tokko qoratee akka dhiyeessuuuf ajajuu ni danda'a<sup>60</sup>.
- ✓ Haallan muraasaaf manni murtii ragaa mana murtii osoo hin dhiyaatiin jecha ragummaa kakuun akka kennuu fi dhaddacharratti akka dubbifamu ajajuu ni danda'a<sup>61</sup>.

Haa ta'u malee manni murtii ragaan sanadaa rogummaa hin qabu ykn fudhatamummaa hin qabu jedhee itti amane sababa isaa galmeessuun sadarkaa falmii kamittuu kufaa gochuu akka danda'u sdfhh kwt.138 jalatti tumameera.

#### ***Art. 138. Rejection of irrelevant or inadmissible documents***

*The court may at any stage of the suit reject any document which it considers irrelevant or otherwise inadmissible, recording the grounds of such rejection.*

54 SDFHH, Kwt.261(4)

55 SDFHH, Kwt 137(4)

56 SDFHH, Kwt.264.

57 SDFHH, Kwt.265.

58 SDFHH, Kwt.266.

59 SDFHH, Kwt272.

60 SDFHH, Kwt.136

61 SDFHH, Kwt.203-206

Dhiyeessaa fi dhagahaa ragaa (ragaa qorachuun) walqabate akkuma ijoo dubbiitiin ilaaleetti manneen murtii naannoo keenya keessa darbe darbe rakkoon hojimaataa adda addaa ni mula'atu.<sup>62</sup> Rakkoleen jiran kuniis dhimmoota qabatmaadhaan armaan gditiin kan ilaaluu ta'a.

## **2.6. Rakkoo dhiyeessa ragaa namaan walqabatee mul'atu**

Dhimmootni manneen murtii irraa akka hubtamutti dhiyeessa ragaa namaatiin walqabatee hanqinaaleen muraasni jiraachu agarsiisu.Bu'uura tumaalee SDFHH kwt.223 tiin himanna fi deebii dhiyaatan keessatti walfalmitoonni tarree ibsa ragaalee namaa teessoo isaanii waliinii fi dhimma maal irratti ragaa akka bahan adda baasanii dhiyeessuu dhabuu dha.<sup>63</sup>

## **2.7. Rakkoo dhiyeessa ragaa sanadaan (barreffamaan) walqabatee mul'atu**

Dhiyeessa ragaa sanadaan/barreffamaan walqabatee rakkolee mul'atan keessaa ragaa sanadaa walfalmitoonni himanna isaanii keessatti qaama biraabira jiru akka dhiyaatuuf bu'uura SDFHH kwt.145<sup>64</sup> tiin gaafatan manni murtii ragaa kana osoo hin dhiyeessisiin himatamaan deebii isaa qabate akka dhiyaatu waamicha fi garagalcha himanna erguu.<sup>65</sup> Ragaalee qaamolee adda addaa irraa dhiyaachuu qaban bakka tokkotti duguuganii ajajuu dhabuu fi dhimmicha lafa irra harkisuu<sup>66</sup>, qaamoleen ragaa akka dhiyeessan ajajaman ijoo akka qulqulla'u ajajameen ala bahuun<sup>67</sup> qulqulleessuu fi gabaasuu.<sup>68</sup> Fknf, lafuma tokko irratti ragaan lama yeroo itti kennamuti jira. Kana qulqulleessuuuf yeroo jedhamutti ragaan akkaataa gaafatameen qindaa'ee dhiyaachuu dhiisuu mala waan ta'eef ni beellamama.

<sup>62</sup> Yaadannoo lakk.30

<sup>63</sup> Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 15ffaa lakk.G 77983 ዘዴረኩ አንዳጂዣ የሚፈጥሮ ወነን ዘዴረኩው የሚመጥትን ነጥበ

ለይቶ የሚፈጥሮ አይኔ ጽፍ የሚመጥትን በቻሁለብዕጣዕስ በእቅዱ ሌያ የለመጥምኑምኑ መቆርብያለበት ለላማዕጥ;

፲/፲፻፲፷፳/፲.223, 234, 137(3), 145,256,136-138,246,248

<sup>64</sup> Murtii M/M/W/F/Dha/Ijjldii 15ffaa lakk.G 89494 የ ዓርጎ ወደ በትን እገዛ በ መጠየቅ ማስረጃ  
ማስቀረብ የ ማቻል ወጪ መያዊው ተከራካሪ ወንን እንዲቀርቡ የተጠየቅዎን ማስረጃ  
ትክክለኛ ባልጣዋው በቅርቡ የዘመጥኑ የማይችልበትን ወይም ለማስተዳደር ወጪ የልማት ለማስተዳደር ወጪ  
የማይሸፈረት ወጪ ለመከራከል የማይችል መሆኑን እንዲሆዣም ማስረጃዎን ለማስቀረብ ወጪ ክፍና ውስጥ  
የህል መቃሚነት እንዲፈጸማው ትክክለኛ ውስጥ ወንን ለመስጠት የማይሸፈረቱ በለመሆኑ በኋላ ወጥኑ የእውቅ  
ንል የልማስረጃ የቻለ እንዲሆዣ ለለመሆኑ፣ የፏ/፩/ሥ/ሥ/ሕ/፲. 145(1)(2),

<sup>65</sup> Ragaassaa Siidaa fi Zariihuun Ragaassaa , MMA Xiyyoo Lak.Gal.35514 bara 2008 murta'e

<sup>66</sup> Galmee MMO Godina Sh/Kaabaa Lak.Gal. 50654 Daanyee Badhaannee faa n-2 fi Aradaa Baddhaannee

<sup>67</sup> Yaadannoo lakk.30

<sup>68</sup> Fakteenyaaaf, dhimma M/Murtii Aanaa Odoo Bultumitti ilaalamo tokko keessatt bulchiinsi Ganda 08 manni falmiif ka'umsa ta'e garee walfalmitootaa keessaa maqaa eenuun galmaa'ee akka turee fi akka jiru qulqulleessee mana murtichaaf akka gabaasu ajajeera.Bulchiinsi gandaaruu ijoo manni murtii barbaaduun ala waan gabaaseef manni murtii ajaja biraan kenuuuf dirqameera(Nugusee Daadhiifaa N-4 fi Tsadaalaa Taaddasaa, MMA Odoo Bultum Lak Gal.....)

## **2.8. Rakkoo ragaa qorachuun walqabatee mul'atu**

Qabatmaa hojii keessatti, rakkoleen gama kanaan mul'atan keessaa inni guddaa adeemsa ragaa dhagahuun walqabate gadi qabani bal'isuun ragaa dhagahuu dhabuu fi waan ragoonni dubatan galmeessuu dhabuu fi jecha ragummaa gar-malee ol arbeefame kennname keessa deemanii qulqulleessuu dhabuun ni mul'ata, Fknf Dhimma m/murtii aanaa Dagamitti lakk.galmee 36925 ta'e irratti murtaa'e tokkon rgoonni 1ffaa fi 2ffaa himataa jecha kennan keessatti himatamaan daangaa lafa himataatti lafa kiiloo meetira 200 darbeera jedhani kan ibsan ta'us; manni murtii murtii keessatti jecha ragaa himataa yoogu galmeessu "ragaan daangaa qabiyeet" kanuma himannoo irra jiru ibsuudhaan raggaasaniru" jechuun galmeesseera. Galmee kana irratti dhimmi wal falmiif sababa ta'e daangaa qabiyeetiin kan walqabate yoo ta'u himataan himatamaan qabiyeet koo daangaa natti darbeera jechuun kan himate dha. Ijoon qulqulla'u qabu immoo himatamaan daangaa qabiyeet lafa himataatti darbee jira moo miti? Hangam itti darbe? kan jedhu yoo ta'u manni murtii adeemsa ragaa dhagahuu keessatti akkaataa sdfhh. kwt.269(4) jedhuutiin jecha ragaa dhugaa ta'uu ,haalaa daangaa qabiyyee agarsiisuu danda'uun fi daangaa darbuu fi darbuu dhabuu isaa yoo darbees meetira hanga kamiin akka itti darbe karaa agarsisuu danda'uun osoo hin qulqulleessiin bira darbuun gaafa murtii kennuu murtii keessatti himatamaan qabiyyee falmiif sababa ta'e kan dheerinni isaa meetira 15 bal'inni meetira 12 ta'e himataa jalaa qabachuun ragaadhaan mirkanaa'eera waan ta'eef himatamaan qabiyyee kana himataadhaaf gadi haa lakkisuu jechuun murteesseera.

## **2.9. Dhiyeessaa fi Dhagahaa Ragaa Dhimma Yakkaa**

Heerri mootumaa Rippabilika Dimokiraatawaa Fedeeraalaa Itoophiyaa fi Naannoo Oromiyaa haala walfakkaatuun himatamaan kamiyyuu yakkaan himatamee yeroo falmii irra jiru mirga akka nama qulqulluutti tilmaammamuu akka eegamuuf tumaniiru.<sup>69</sup> Mirga akka qulqulluutti tilmaammamuu himatamaan qabu fashaleessuuf ammoo himata irratti dhiyaate mirkanneessuun abbaa alangaa irraa eegama.Sirna falmii dhimma yakkaa biyya keenya keessatti haala addaatiin yoo seeraan tumame malee<sup>70</sup> yeroo hunda dirqamni dura ragaa dhiyeessuu kan abbaa alangaati<sup>71</sup> Jechi waakkii himatamaa erga galmaa'e booda abbaan alangaa himannaas isaa banuun haasaa baniinsaa himata maalii akka dhiyeeffatee fi gosa ragaa dhiyeeffatee irratti loogii malee ibsa eerga taasisien booda, ragoota isaa dhiyeeffatee dhageessisuu akka qabuu fi ragooleenis gaaffilee gosa

<sup>69</sup> Heera Mootumaa RDFI, Kwt 20(3).

<sup>70</sup> Seera Yakkaa RDFI, Kwt.35; Labsii Farra Malaamaltummaa Lak 881/2015, Kwt.21.

<sup>71</sup> SDFY, Kwt.136.

sadaniin gaffii duraa, gaaffii qaxxaamuraa, fi gaaffii keessa deebiitiin kan qoratamanii fi ragaan dhiyaate himannaa kan hin mirkaneessine yoo ta'e, himannaa hin mirkanoofne waan ta'eef ragaa ittisaa dhagahuun osoo hin barbaachisiin himatamaan bilisaan gaggeeffama.<sup>72</sup> Manni murtii, murtii kana irra gahuu isaatiin dura, ragaa A/Alangaa madaaluu qaba.<sup>73</sup> Bu'uura SDFY kwt.142 tiin ragaan abbaa alangaa haala gahaa ta'een himannaa isaa kan mirkaneesse yoo ta'e, mirgi akka nama qulqulluutti tilmaamamuu kan fashalaa'e yoo ta'e, himatamaan ragaa ittisa isaa akka dhiyeeffatu ni ajajama. Himatamaan himannaa isaa banuun himannaa itti dhiyaate irrattii fi gosa ragaa ittisaa dhiyeeffate irratti haasaa baniinsaa taasisuun ragaa isaa kan dhiyeeffatu ta'a.<sup>74</sup>

Karaa birootiin himata mirkaneessuuf ykn qulqullummaa himatamaa fashaleessuuf falmiif ragaa ta'uu malu himanni mana murtii yoo dhiyaatu guyyaa beellama murteessuun bitaa fi mirga ragaan akka dhiyaatu ajajni kan kennamu ta'a.<sup>75</sup> Himataa fi himatamaan bu'uura tumaalee kanaatiin ragaan kan dhiyeeffatan yoo ta'u, manni murtii ragaan dabalataa barbaachiisaadha jedhe yoo amane, dhiyeessisuu ni danda'a.<sup>76</sup>

### **2.9.1. Dhiyeessa Ragaa fi Ragaa Qorachuun Walqabate Rakkoolee Mul'atan**

Tumaan SDFY kwt.124 guyyaa dhagahaa dhimmaatiin dura abbaan alangaa fi himatamaan tarree ragaan namaa fi ogeessaa qaban hunda mana galmeetti dhiyeessuun waamicha akka fudhatanii fi guyyaa dhagahaa dhimmaatti ragoota isaanii waliin dhiyaachuu akka qaban kaa'ee kan jiruu fi seerri kunis kan hin fooyyoofne ykn hin haqamne ta'ullee, qabatama yeroo ammaa naannoo keenyatti ittiin hojjatamaa jiru faallaa seerichaatiin akka ta'e galmeelee mana murtii irraa ni hubatama. Kunis, himatamaanii fi ragooleen abbaa alangaa guyyaa tokko irratti mana murtii kan dhiyaatanii fi garagalchi himannaa A/Alangaa dhaddacha irratti himatamaaf kan kennamu; akkasumas, ragaan himatamaa kan dhiyaatu ragaan abbaa alanga dhagahame erga murtiin ofirraa

---

<sup>72</sup> SDFY, Kwt.141

<sup>73</sup> Gita mirkaneessa ragaan abbaa alangaatiin walqabate ogeessota seeraa jidduu Seera deemsa falmii yakkaa kwt.141 hiikkaa afaan Ingilizii fi Hiikkaa afaan Amaaraa bu'uura godhachuun garaagarummaan ni jira. Hiikaa afaan Amaariffaatiin Ragaan A/Alangaa haala gahaa “**baqii**” ta'een himanaa mirkaneessuu kan hin dandeenyeye ta'e yoo argame kan jedhu fi hiikaan afaan Ingilizii immoo ragaan abbaan alangaa shakkii dhama qabeessa ta'en ol yoo mirkaneessuu hin dandeenyeye “**no case against the accused has been made out**” kan jedhu irratti hundaa'un ragaan abbaan alangaa haala gahaa ta'een mirkaneessinaan gahaadha warra jedhani fi murtiin yakkaa mirga bilisummaa namaa irratti murtaa'uun waan ta'eef ragaan A/Alangaa shakkii dhama qabeessa ta'en ol mirkaneessutu irraa eegama jechun warra falamniidha.

<sup>74</sup> SDFY, Kwt.142

<sup>75</sup> SDFY, Kwt.123- 124.

<sup>76</sup> SDFY,Kwt 143 fi 145.

ittisii kennname booda ta'u, galmeelee yakkaa heedduu (hundumaa jechuun ni danda'ama) ni agarsiisuu<sup>77</sup>.

Dhimmi biraa akka rakkotti ka'u, haalli waamichi ragoota ittisaatiif eenyummaa fi teessoo isaanii adda baasuun itti ergamuun walqabatee, keessattuu himatamaan buufata poolisii ykn mana amala sirreessaa kan jiru yoo ta'e, himatamaan ragoota ittisaa dhiyefachuu dhabuu isaatiin haqni akka dabuu fi sababa beellama irra daddeebiin kennamuutiin dhimmichi lafa irra akka harkifatu taasisaa jiraachuu isaa galmee keessaa ilaaluun danda;ameera. Fknf, dhimma tokko irratti<sup>78</sup>, himatamaan yakka miidhaa middiisaa daa'ima gaa'ela hin geenye irratti raawwateen (homosexual on child) himatamee ragaan abbaa alangaa waan irratti mirkaneesseef ragaa ittisaa isaa akka dhiyeffatu ajajamee beellamni yeroo sadii erga kennameefiin booda, himatamaan “*Ani maqaa abbaa ragoota ittisaa kiyya fi teessoo isaanii waaniin hin beekneef, dhiyeessu hin danda'u jechuun jecha ragoota Abbaa Alangaatiin murtiin akka kennamuuf gaafateera*”

Rakkoon inni biraa mul'atu, ragaa sanadaa akka ragaa ittisaatti dhiyaachuu qabu garuu immoo harka himatamaa hin jirree fi himatamaan iyyataan manni murtiichaa akka dhiyeessisuuf gaafatee manni murtii ragaa sanadaa akka ragaa ittisaatti himatamaa fayyaduu danda'u qaama biraa biratti argamuu dhiyeessisuuf seerri ajaju ykn dirqisiisuu hin jiru jechuun ragaa ittisaa dhiyeessisuuf diduudha. Fknf dhimma MMO Godina Wallagga Bahaa Lakk.G.38644 A/Alangaa Go/W/Bahaa fi Warquu Abdataa (2008) ta'een, himatamaan yakka gowwomsuun himatame ragaan abbaa alangaa irratti mirkaneessuu isaatiin ragaa ittisaa akka dhiyeffatu kan ajajame yoo ta'u, himatamaanis ragaa namaa, nama tokkoo fi ragaa sanadaa isa harka jiru eerga dhiyeffatee booda ragaan biraa ittisaaf isa tajaajiluu danda'u baankii himatamaan itti hojjatuutti kan argamu ta'u ibse manni murtii akka dhiyeesisuuf kan gaafate ta'u illee manni murtii ragaa ittisaa qama biraa bira jiru gaaffii himatamaatiin dhiyeesisuuf seerri hayyamu ykn dirqisisuu kan hin jire ta'u ibsee dogoggoraan bira darbuun himatamaa balleessaa taasisuun adabeera.

Adeemsa ragaaleen itti dhagahamanii fi qorataman ilaalchiise tumaan SDFY kwt.136 (3) (4) 147 (3) gosa gaaffilee gaafatamanii fi eenyuun akka gaafataman manni murtii yoom gaaffii gaafachu akka qabu tumamee kan jiruu fi bu'uura tumaalee kanaatiinis gosooni gaaffilee gaafatamuu

---

<sup>77</sup>Yaadannoo lakk.30 f.88

<sup>78</sup>A/Alangaa Godina Arsii fi Mabaraatuu Shaamaa, MMO Godina Arsii, Lak.Gal. 47059

danda'an gaaffii duraa, gaaffii qaxaamuraa fi gaaffii keessa deebii akka ta'ani fi manni murtiis sadarkaa kamirrattuu gaaffii gaafachuu akka danda'u taa'e osoo jiru faallaa adeemsa kanaatiin manni murtii gosa gaaffii SDFY keessa hin jire "**gaaffii qulqulleessaa jechuun**" galmeessuu fi gaaffiileen kun sadarkaa falmii kam irratti akka gaafataman hubachuu dhabuu<sup>79</sup>, madaalawaa ta'ani ragaa dhagahuu dhabuu (abbaa seeraa tokko tokko abukaattoo himataa fakkaatani, ragaalee abbaa alangaa burjaajeessuu fi rifachiisuun akka jiru yeroo abbootiin alangaa komatan ni mul'ata)<sup>80</sup>, "Osso gaaffiin hin barreeffamiin (ragaan maal jedhamee akka gaafatame) deebii qofa barreessuun yeroo baay'ee ni mul'ata."<sup>81</sup>

Ragaan sirriitti maashiina sagalee waraabduudhaan fuudhuuf abbootiin seeraa yeroo fedhii hin qabnes ni jira.<sup>82</sup> Sababni isaa, ragaan meeshaa sagalee waraabduudhaan fuudhamu gara barreeffama waraqaatti jijiiruuf yeroo kan fudhatuu fi baay'ee nuffisiisaa ta'uu, namoonni achirra hojjetanis ogeessota (professionals) ta'uu dhabuu, yaa'insa yaadaa (coherence) kan hin qabne ta'uu, vaayirasiidhaan yeroo baduus ni mul'ata. Fknf Galmee mana murtii Ol'anaa Go/Q/wallaggaa lakk.G 24861 ta'e irratti "Jechi ragoolee Abbaa Alangaa meeshaa sagalee waraabbii keessaa badee waan jiruuf, irra deebiidhaan dhiyaatanii jecha isaanii akka kennaniif ragoolee A/Alangaatti karaa teessoo isaanii waraqaan yaamichaa karaa Q/PG//Q/Wallaggaa haa barreeffamuuf jenneerra" jechuun ragooleen yeroo lammataaf akka dhiyaatan ajajmeera.

### 2.9.2. Jalmurtii of Irraa Ittisi Kennamu Keessatti Rakkoolee Mul'atan

Dhimmoonni akka agarsiisanitti adeemsa dhagahaa dhimma yakkaa keessatti rakkoon mul'atu tokko abbaa alangaa ragaa isaatiin himata isaa akkuma mirkaneesseen himatamaan keewwata seera yakkaa ittiin ofirraa ittisu qabu ifatti itti himu fi galmee irrattis galmeessuu dhabuu ,akkasumas karaa ifa hin taaneen hanga ragaan abbaa alangaa irratti mirkaneesseen of irraa haa ittisu jechuun ajajuun ni mul'ata. Fkn dhimma Mana murtii Aanaa Diggaa lakk.G.08089 A/Alangaa fi Jamaal Aliyyii faa N-3 ta'en himatamooni yakka hanna fi dhooksaan himatamani kan jiran yoo ta'u, manni murtii galmee kana keessatti ragaa A/Alangaa erga dhagahee booda, ajaja of irraa ittisi osoo hin dabarsiin ragoonni himatamtootaa akka dhiyaatan ajaja akkas jedhu kenneera: "*Himatamaan Ifaa haarreen dhiyaatee kun isa ani itti kenne miti jedhe waan waakkatee falmateef, ragaa akka dhiyefatu ajajeera*" jedheera.

<sup>79</sup> Yaadannoo lakk.30

<sup>80</sup> Yaadannoo lakk.30

<sup>81</sup> Yaadannoo lakk.30

<sup>82</sup> Yaadannoo lakk.30

Rakkoon inni biraa kewwata abbaan alangaa ittiin himate bu'uura sdfy kwt.113 tiin jijjiruun kan walqabtu yoo ta'u, kunis ragaa abbaa alangaa osoo sirriitti hin madaaliin keewwaticha jijjiruu fi boode immoo karaa sdfy hin hayyamneen kewwata duraatti deebisuun ni mul'ata. Fkn Dhimma manni murtii A/Dugddaa lakk.G.20082 ta'een kenneen himanna A/Alangaa dhiyeesse himatamaan seera yakka kwt.556(1) bira darbuun miidhamtuu dhuunfaa harka ishee qabe lafatti kuffisuun harka mirgaa ittessuun yakka miidhaa qaamaa salphaa raawwateera jechuun kan himate yoo ta'u, himatamaan himaticha waakkachuu isaatiin ragaan abbaa alangaa dhagahameera. Manni murtii ragoonni A/Alangaa bu'uura himata A/Alangaatiin firii dubbii gocha seera yakka kwt.556(1) kan hin ragaasisne fi gochi himatamaan raawwate gocha seera yakka 560 jalatti kufu ta'uu ibsuun bu'uura SDFY kwt.113 tiin himatamaan seera yakka 560 jalatti akka of irraa ittisuu murteesseera.Himatamanis ragaa ittisaa isaa dhiyefate erga dhagessifate booda manni murtii murtii yoogu kennu keewwata duraan jijiire ture deebisuun himatamaa seera yakka kwt.556(1) jalatti balleessaa jedhe murtii adabbii kenneera.

### **2.9.3. Ragaa dhaghuun (qorachuun) walqabate rakkolee mul'atan**

Falmii dhimma yakkaatiin ijoon abbaa alangaa himata isaa yoo ta'u, darbe darbee manni murtii ijoo himanna irraa gadi bahuun ragaa dhagahuu fi ragaa dabalataa ajajuun rakkoo gama kanaan mul'atu keessaa isa tokko.Karaa biraatiin immoo himatamaan ittisa dhiyeffatee osoo ragoonni hin dhagahamiin dura ijoo maal irratti ragaa akka bahanif ijoo qabsiifachuu dhabuu fi manni murtiis xiyyefannoo itti kennuun galmeessuu dhabuunis rakkoo dhimmoota keessatti mul'atani dha.<sup>83</sup> Abbaan alangaa ijoo ifatti adda baasee qabsiifachuurra bifaa waliigalaatiin ragaan keenya akkaatuma himannaatiin nuuf mirkaneessu yeroo jedhamuti jira.Manni murtiis yakkoota tokko tokko qofa filachuun (yakkoota gurra uummataa qabanfaa) abbaan alangaa ijoo akka qabsiifatu haalli itti affeero ni jira.

### **Gaaffii Marii**

1. SDFHH Kwt 138 Manni murtii ragaa sanadaa rogummaa ykn fudhatamummaa hin qabne sadarkaa falmii kamittuu kufaa gochuu akka danda'u tumeera.Tumaan kun jalqaba gaafa himannaan ykn deebiin dhiyaate ykn ragaa dhiyaate osoo hin dhagahiin ykn hin

---

<sup>83</sup>A/Alangaa fi Isheetuu Jamaal , MMA Arsii Negeelgee Lak.Gal. 31561

madaaliin rogummaa fi fudhatamummaa hin qabu jechuun kufaa gochuu ni danda'aa? Maaliif?

2. Manni murtii dhimma ragaa barreeffamaatiin akka mirkanaa'u seeraan ifatti tumame jiru ilaachisee gareelee walfalmitootaan ragaan namaa yoo tarreeffame dhiyaate ragaan kun rogummaa fi fudhatamummaa hin qabu jechuun osoo hin dhagahiin dura kufaa gochuu ni danda'aa? Maaliif?
3. Manni murtii bu'uura SDFHH kwt.145 tiin ragaan qaama biraa bira jiru akka dhiyeessisuuf walfalmitoonni gaafachuu kan danda'an yoomii? Haala kamiin?

#### **2.9.4. Gita Mirkanessaar Ragaa**

Ragaan dhiyaatu tokko dhimma ilaalamaa jiru wajjiin rogummaa fi fudhatamummaa qabaachuun isaa gahaa miti. Dabalataan, sadarkaa barbaadamutti dhimmicha hubachiisuuuf, ykn fashaleessuuuf dandeettii qabaachuuti irraa eegama. Madaalliin ragaas kan barbaachisu as irratti yommuu ta'u dhugummaa ragaa sakatta'uufis ni gargaara jedhamee yaadama. Madaalliin ragaa firii dubbii, fi ijoo dubbii walnyaachisuun ragaan dhiyaate gita mirkanessa ragaa (standard of proof) barbaadamuu hubachiiseeramoo hin hubachiifne jedhanii xiinxaluu barbaada.<sup>84</sup> Waan ta'eefuu, hojiin ragaa madaaluu yaadrimee gita mirkanessa ragaa wajjiin hidhata guddaa qaba. Gita mirkanessa ragaa jechuun dhimma tokko mirkaneessee injifachuuf hanga ragaa himataan dhiyeessuuun irraa eegamu jechuu dha.<sup>85</sup> Kun ammoo sirna seeraa biyyi tokko hordoftu irratti hundaa'uun adda addummaa qabaachuu danda'a.

#### **❖ Sirna Seeraa Kooman Loo (Common Law Legal System)**

Biyyoota sirna kana hordofan keessatti gosa dhimmaa murtii barbaadu irratti hundaa'uun gita mirkanessaar ragaa gosoota sadiiti jira: gita shakkii dhamaqabeessaan olitti (beyond reasonable doubt standard), gita ragaa ifaa fi amansiisaa ta'e (clear and convincing evidence standard), fi gita haala fakkaachuu danda'uun mirkanessuu (preponderance of evidence standard) dha. Haaluma kanaan, giti mirkanessa ragaa shakkii dhama qabeessaal olii dhimmoota yakkaaf; giti ragaa ifaa fi amansiisaa ta'ee dhimmoota hariroo hawaasaa muraasaa fi giti mirkanessa ragaa haala fakkaachuu danda'uu dhimmoota hariroo hawaasaa hedduuf hojirra kan oolu dha.<sup>86</sup>

<sup>84</sup> *ዶ. በ. ተሰረዝ*, F-54

<sup>85</sup> “The amount of evidence which a plaintiff (or prosecuting attorney in a criminal trial) must produce in order to win ...” (*ዶ. በ. ተሰረዝ*, F-54)

<sup>86</sup> *ዶ. በ. ተሰረዝ*, F 55-56

### ❖ Sirna Seeraa Ardii Awurooppaa (Continental Legal System)

Biyyootni sirna kana hordofan gita mirkaneessa ragaa gosa dhimmaa irratti hundaa'uun addaan hin fo'an. Gosoota dhimmaa hundumaafuu giti mirkaneessa ragaa barbaachisu tokkumma yommuu ta'u, innis sadarkaa ol'aanaatti caalmaan mirkaneessuu dha.<sup>87</sup> Giti mirkaneessaa kun akka gita mirkaneessa shakkii dhama qabeessaa olii cimaa, ykn akka haala fakkaachuu danda'uu salphaa osoo hin taane, jiddu galeessa irratti kan argamu dha. Kana irraa ka'uun barreessitoomni gita mirkaneessaa kana gita ragaa ifaa fi amansiisaa ta'e sirna kooman loo keessatti beekamu wajjiin walfakteessan ni jiru.<sup>88</sup>

### ❖ Itoophiyaa keessatti

Itoophiyaa keessattis dhimmi gita mirkaneessa ragaa kun bifa lamaan (dhimmoota yakka fi hariiroo hawaasaa) ilaalamuu danda'a.

#### ➤ Dhimmoota Yakkaa

Dhimmoota yakkaa ilaalcissee seerri dhimma kana irratti rogummaa qabu Seera Adeemsa Falmii Yakkaa akka ta'e beekamaa dha. Tumaalee seera kana keessaa ammoo keewwattoonni himatamaan bilisa ittiin jedhamuu (kwt.141) fi ofirraa haa ittisu ittiin jedhamu (kwt.142(1)) kallattiin hidhata qabu. Sababni isaa, manni murtii bu'uura kwt 141tiin himatamaan bilisa jechuudhaaf ykn bu'uura kwt.142tiin ofirraa haa ittisu jechuudhaaf dirqama ragaa madaaluu waan qabuufi. Kun ammoo deebi'ee gaaffii: *Ragaan Abbaa Alangaa gita kamitti mirkaneesseera?* jedhu kaasa.

Keewwattoota lachuu (kwt.141 fi kwt 142) walbira qabuun yoo dubbifnu qabxiwwan armaan gadii hubachuun ni danda'ama:

1<sup>ffa</sup> *Himatamaan ragaa ittisaa akka dhiyeessatu kan ajajamu ragaan Abbaa Alangaa dhiyaate irratti yoo rage dha.*

2<sup>ffa</sup> *Ragaan Abbaa Alangaa dhiyaate irratti rageera kan jedhamu ragaan dhiyaate himatamaa balleessaa gochuu kan danda'e yoo ta'e dha. Ragaan Abbaa Alangaa balleessaa taasisuu yoo dadhabe, bu'uura kwt.141tiin himatamaan bilisa jedhama waan ta'eefi.*

<sup>87</sup>Clermont, Kevin M. Standard of Proof in Japan and the United States, Cornell Law School Working Paper series, Paper 5 (2003) <http://15r.nellco.ors/cornell/clsops/papers/5>, F 2-3, 13-14.

<sup>88</sup> ↗ ወ. ታሰሳ; Fuula 60

*3<sup>ffaa</sup> Himatamaa balleessaa taasisuu danda'uun ragaa ammoo akka madaallii mana murtiitti balleessaa gochuu danda'uun isaa **gahaa ta'ee yoo argame** dha.*

Ibsaa keewwattoota lachuu irraa waanti hubannu, himatamaan balleessaa dha jedhamuuf ragaan gahaa jiraachuu kan qabu ta'uun isaati. Haa ta'u malee, ragaan gahaa dha kan jedhamu gita kamitti yoo irratti mirkaneessee dha? Gaaffii jedhu keewwattoota lachuu irraa hin hubatamu. Fakkeenyaaf, gahaadha kan jedhamu shakkii dhama qabeessaan olitti? Ragaan ifaa fi amansiisaa yoo ta'e dha? Moo haala fakkaachuu danda'uun yoo mirkaneesse dha? Gama kanaan seerri adeemsa falmii yakkaa ifa miti.<sup>89</sup> Ifa ta'uun dhabuu irraan kan ka'e qabatamaanis yaadni adda addaa lama yoo calaqqisu ni mul'ata.

Yaadni tokko, ragaan gahaa gita mirkaneessa shakkii dhama qabeessaan olitti ta'u agarsiisa kan jedhu yoo ta'u kana agarsiisuuf kan fayyadaman keessaa tokko immoo dubbisa garagaltoo (a contrario reading) S/D/F/Y kwt 141 ti. Hima keewwatichaa haa laallu.

*When the case for the prosecution is conducted, the court if it finds that no case against the accused has been made out which, if unrebutted, would warrant, his conviction, shall record an order of acquittal.*

*Waraabbiin afaan Amaaraa*

*“....Ragaa ittisaa dhiyeessuun osoo hin barbaachisin himatamaa balleessaa taasisuu kan danda'u ta'e yoo hin argamne fi ragaan dhiyaate gaha ta'e yoo hin argine m/murtii himatamaan bilisaan akka gadi lakkifamuu ajaja ni kenna”*

Yadaa keewwata kanaa irraa akka hubatamu ragaan seeraa himatamaa irratti dhiyaatu manni murtii himatamaan balleessaa qabaachuu akka amanu kan dandeessisu fi ragaa biraan yoo faccifame malee himatamaan yakkamaa dha jechuufis kan quubsu ta'uun qaba. Hiikkaa afaan Amaaraa fi Ingliffaa jidduus garaagarummaan jiraachuu ni mul'ata. Hiikkaan afaan Amaaraa manni murtii ragaan dhiyaate gahaa ta'ee yoo argamuu baate himatamaa bilisaan gaggeessa jedha. Kanaaf murtii balleessummaa kennuuf ragaa gahaa ta'etu barbaadama jechuu dha. Akkasumas ragaan dhiyaate himatamaa irratti murtii balleessummaa kennuuf kan dandeessisu ta'uun qaba. Ragaan dhiyaate gahaa ta'uun qaba inni jedhu garuu ammas yaada ifa ta'e miti. Ragaa

<sup>89</sup> Aderajew Teklu fi Kedir Mohammed, Maateriyaalii Seera Deemsaa Falmii Yakkaa Itoophiyaa Irratti Moojulii Yuunivarsiiotaaf (Baruu fi Barsiisuuf), Gargaarsa Instiitiyuutii Qorannoo Seeraa Federaalaatiin Qophaa'e, Bitootessa, 2009,FF 272-276

gahaa hin taane kan jedhamuu fi himatamaan bilisaan akka gaggeeffamu kan ajajamu ragaan dhiyaate gita kamitti mirkaneessuu yoo dadhabee dha. Kuusaan jechoota seeraa tokko gaalicha yeroo hiiku akkas jedha: “*insufficient evidence is a finding (decision) by a trial judge or an appeals court that the prosecution in a criminal case ... has not proved the case because the attorney did not present enough convincing evidence*”. Hiikkaan kun ragaan gahaa hin taane jedhamu kun amansiisuu irratti gahuumsa kan hin qabne akka ta’e kan hubachiisuu yoo ta’el ee, gahaan hammam akka ta’e garuu kan adda baasee agarsiisu miti.

Dabalataan yoo ibsan sadarkaan mirkaneessa balleessummaa yakkaa kan biyya keenyaa shakkii dhama qabeessa bu’uureffachuu isaaf agarsiistuuwwan gara garaa biroos ni jiru. Inni tokko, S/D/F/Y keenya (bara 1954) yeroo wixineeffamu irra caalaa akka maddaatti kan gargaare seerota biyyoota sirna koman loo hordofanii ta’uun isaa fi biyyootni sirmicha hordofanis gita mirkaneessa ragaa shakkii dhama qabeessaa kana kan fudhatan ta’uu isaa ti. Inni kan biraq qajeeltoowwan ammayyaa heeraa fi seera deemsa falmii yakkaa keenya keessatti haamataman bilisummaa lammileetiif gatii olaanaa kan kennan ta’uu isaati. Mirgooleen bu’uraa heericha keessatti hammataman kenneen bisu walqixxummaa, bilisummaa akkasumas kabajaa namoomaa guddisaniin hiikamuu akka qabanis ni beekama. Kanaaf eeggumsi olaanaan mirgoota kanaaf akka godhamu immoo gitni mirkaneessa balleessummaa yakkaa shakkii dhama qabeessa ta’uu akka qabu nutti agarsiisa. Muuxannoon biyyoota mirga bilisummaa namootaaf eeggumsa olaanaa gochuun beekamaniis kan agarsiisu isuma kana.

Bilisummaa namootaaf xiyyeeffannaa olaanaan kennamuu kan agarsiisu tumaan heera biyya keenyaa keewwatni 17 “*No one shall be deprived of his or her liberty except on such grounds and in accordance with such procedure as are established by law*” jechuun ibseera. Heerichi hima olii kanaan eeggumsi olaanaa bilisummaa namoomaa kennamuu akka qabu yoo kaa’el ee, seerri /labsiin/ sadarkaa ragaan abbaa alangaa balleessummaa nama yakkaan himatamee itti mirkaneessuu qabu adda baasee kaa’u hin jiru. Kun immoo kaayyoon tumaa heeraa kun galma akka hin geenye kan taasisu dha.<sup>90</sup>

Yaadni lammataa, ‘ragaa gahaa’ jechuun gita mirkaneessa ragaa shakkii dhama qabeessaa olitti jechuu hin agarsiisu jechuu miti kan jedhu dha. Akka amantaa warra kanaatti, gitni mirkaneessa

---

<sup>90</sup>Milkii Makuriyaa,Gita Mirkaneessa Ragaa Dhimma Yakkaa, Yaadrimeewwanii fi Xiinxala Dhimmaa,Joornaalii Seeraa Oromiyaa,2004, Jiildii 1,Lak.1 F. 156-158

shakkii dhama qabeessaa olii dhugummaan isaa gara dhibbeentaa dhibbatti (% 100) kan siqu jechuu dha. Dhugummaan dhibbeentaan isaa gara dhibbaatti siqu ammoo ‘gahaa’ qofa osoo hin taane, ‘gahaa olidha’. Kana waan ta’eef, giti mirkaneessa ragaa dhimmoota yakkaa yoo ta’el ee sirna kooman loo keessatti akka gita mirkaneessa ragaa dhimmoota hariiroo hawaasaa muraasa qofaaf hojjetuu ragaa ifaa fi amansiisaa ta’e dha malee shakkii dhama qabeessaa olitti ta’uu hin danda’u jechuun falmu.<sup>91</sup>

Gama biraatiin Wixinee seera deemsa falmii yakkaa fi ragaa bara 2009 A/Alangaa waliigalaatiin bahe kwt 317(1) Abbaan alangaa bu’uura himannaa dhiyeesseen firiilee dubbii yakkicha hundeessan; gocha, yaada sammuu fi ijoowwan biroo rogummaa qaban haala ifaa fi amansiisaa ta’een mirkaneessuu akka qabu tumeera.

### **Gaaffii Marii**

1. Yaadota lamaan olitti ibsaman keessaa qabatamaan muuxannoon manneen murtii keessa jiru caalaatti isa kami agarsiisa? Maaliif?
2. Qulqullina qorannoo, qulqullina himannaa A/Alangaa fi madaalamumma falmii yakkaa amma jiruutiin gita mirkaneessa “*shakkii dhama qabeessaa olitti*” hojii irra oolchuun ni danda’amaa?
3. Abbaan langaa himatamtootni Innaat Hunaachoo faa N- 5 jedhaman faayidaa hin malle argachuuf jecha miidhamaa dhuunfaa Obbo wubaalem Gizaachoo ajjeessanii qawwee (meeshaa waraanaa) irraa fudhataniiru jechuun yakka saamicha cimaa raawwataniiru jechuun S/Y kwt 671(2) jalatti himateera<sup>92</sup>. Ragaan A/A 1ffaa jecha ragummaa isaa akka kennetti isa, himatamtoota 2-4 jiranii fi miidhamaa dhuunfaa sa’a 11 kaasanii mana shaayii himatamtuu 1ffaa waliin turuu fi halkan keessaa sa’a 4tti ragaa A/Alangaa 2ffaa wajjiin mana fincaanii gahanii yoo deebi’an ibsaan mana keessa ture dhaamee kan jiru ta’u, sagalee meesha mana keessaa walitti bu’u waan dhaga’aniif, maal akka raawwate baruuf manatti ol-seenuuf yoo jedhan himatamtoota keessaa namni tokko qawwee itti garagalchatee rasaasaan rukutuuf yoo jedhu baqatanii bakka biraa deemanii buluu isaanii ibseera. Ragaan 2ffaa haaluma ragaan 1ffaa jecha ragummaa isaa kenneen ragaa baheera. Ragaan 3ffaa ganama reeffa miidhamaa dhuunfaa alatti gatamee jiruu fi mana himatamtuu 1ffaa hanga bakka reeffi gatametti coccabni dhiigaa osoo walirraa hin citiin dhangala’ee kan jiru ta’uu arguu isaa jecha ragummaa isaa kenneera. Manni murtii ragaalee dhiyaatan seera waliin wal-bira qabuun yoo madaalu, yakka raawwatame

<sup>91</sup> **ج. م. ۱۱۷** FF.62-63

<sup>92</sup> Innaat Hunaachoo vs. Abbaa Alangaa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, galmeek lak 113464

mirkaneessuuf ragaan dhiyaate ragaan naannoo qofa akka ta'e ibsuun, ragaan naannoo dhiyaatan ammoo himatamtootni du'aa wajjiin kan turan ta'uu malee raawwii ajjechaa jedhame keessatti tokkoo tokkoon himatamtootaa gahee maalii akka bahan (maal akka godhanii fi badii raawwatan) adda baasanii hin agarsiifne. Meeshaan miidhamaa dhuunfaa irraa fudhatame jedhames akka ciraatti hin dhiyaanne. Haaluma kanaa, manni murtii a/alangaa gocha yakka saamichaatiin himatamtootni raawwachuu isaanii haala gahumsaa fi amansiisaa ta'een hin mirkaneessine jechuun bilisa isaan gaggeesseera.

Manni Murtii dhaaddacha Ijibbaataa Federaalaa dhimma dhiyaate sana haala ibsameen kan murteesse yoo ta'u abbaan seeraa tokko garuu ejjennoon adda baheera. Akka ejjennoo abbaa seeraa sanatti raga baatotni, himatamtootnii fi miidhamaan dhuunfaa waliin turuu haala amansiisaa ta'een kan mirkaneessan ta'uu, raga baatotni kutaa namoota kanneen waliin keessatti dhiisanii gadi bahan deebi'anii akka hin seenne doorsifamuu fi sagalee jeequmsaa dhaga'uu isanii ibsutti dabalee dhiigni miidhamaa dhuunfaa mana himatamtuu lffaa kaasee hanga bakka reeffi isaa argametti coccobee kan jiru ta'uu mirkaneessaniiru. Ragaan faccisaa dhiyaatan ammoo jecha ragummaa ragaan a/alangaa fashaleessu hin dhiyeessine waan ta'eef itti gaafatamummaa yakkaa jalaa bilisa bahuu hin danda'an kan jedhuu dha.

- a. Dhimma olitti dhiyaate kana irratti, manni murtii yakka jedhame gita mirkaneessa kamirratti hundaa'ee murtii kenne? Gita mirkaneessa ifaa fi amansiisaa moo gita madaallii shakkiin alaa kan fayyadame fakkaata?
  - b. Himanni abbaa alangaa ajjechaa lubbuu qofa osoo ta'eera ta'e murtiin mana murtii sun kan biraat ta'uu danda'a jettuu?
4. Dhimmi kun Mana Murtii Aanaa Ada'aatti lakk.G.59931 ta'een murtaa'eedha.Himannaan A/A dhiyesseen himatamaan labsii dorgommii daldalaan fi mirga fayydamtootaa lakk. 813/2006 kwt.43(4) bira darbuun gaafa 25/11/2010 tilmaamaan halkan keessaa sa'aa 3:00 konkolaataa Ayisuuzii lakk.Gabatee 3-A48193 ta'e abbaan qabeenyummaa (libree) maqaa haadha manaa himatamaatiin galmaa'e jiruutiin magaalaa Bishooftuu irraa gara aanaa Gimbiichuu zayitii nyaataa qarshii 123,975 (kuma dhiba tokko fi digdamii sadii fi dhiba sagalii fi torbaatamii shan) baasuu fe'ee deemaa (konkolaachisaa) osoo jiru shiftaa hin beekamneen rasaasaan sababa rukutameef kufee yoogu sakatta'amu zayitii seeraan alaa haayyama hin qabne fe'ee deemaa osoo jiruu qabameera jechuun himateera.Himatamaan himannaan irratti dhiyaate waakkachuu isaatiin ragaan abbaa alangaa dhagahameera. Manni murtii jala murtii kenne keessatti jecha ragaan namaa fi barreffamaa yooguu xiinxaluu "*ragooleen himatamaan rukutame konkolaataa jedhame kana biratti kufee kan argan ta'uu, bakka kufee kaasani mana yaalaa hospitaala bishooftuu geessuu fi konkolaataa yoogu sakatta'an zayitii nyaataa himata keessatti*

*ibsame arguu isaanii ragaasanii jiru. Ragaa barreeffamaa waraqaa abbaa qabeenyummaa konkolaataa (libree) maqaa haadha manaa himatamaatiin jiru, suuraa dhangalaa'aan dhiigaa konkolaataa keessaa jiraachuu agarsiisuu akka dhiyaate erga ibse booda ragaan barreeffamaa fi suurii dhiyaatan yakka himatamaan itti himatame raawwachuu isaa kan agarsiisuu miti; gama biraatiin gaaffii qaxamuraa abukaatoo himatamaatiin gaafatameef deebiin ragoota irraa kennname himatamaan zayitii seeraan alaa kana yoo fe'u kan hin argine ta'uu, konkolaataa jedhame kanas inni yaa ofuu yaa dhisuu akka hin beekne ibsaniruu. Kanaaf ragaan A/Alangaa dhiyeesse himatamaan zayitii seeraan alaa jedhame kana fe'uu ykn fe'ee konkolaachisuu kan agarsiisuu waan hin taaneef himatamaan of irra ittisuun osoo isa hin barbaachisin bu'uura sdfy kwt.141 tiin bilisa jedheera*

- a. Manni murtii dhimma armaan olii gita mirkaneessa kam irra dhaabbate ragaa akka madaalee kaasuun irratti mari'adhaa.
- b. Murtiin kennname sirriidhaa? Maaliif?

## BOQONNAA SADII

### **Ragaa Madaaluu: Dhugummaa Ragaa Mirkaneessuu**

#### **3.1. Seensa**

Hojii kenniinsa murtii haqaa keessatti hojiin ragaa madaaluu fi dhugummaa isaa mirkaneessuu hojii xiyyeefannoo fi ogummaa barbaaduu dha. Dhugummaan ragaa haalota garagaraatiin miidhamuu danda'a. Ragaan namaa yeroo taatee tokko argan/dhagahan, qalbeeffatanii fi yaadatanii ibsan dogoggora uumuun akkasumas ta'e jedhanii jecha ragummaa sobaa kennuu fi ta'e jedhanii waan qalbeeffatan dhoksuun miidhamuu mala. Ragaan sanadaa, akka seera biyya keenyaatti, ragaa amantaa guddaa qabu yoo ta'ellee, ulaagaalee seerri gaafatu guuttatee qophaa'uu dhabuutiin, sanada sobaa qopheessuu fi sababoota birootiin ragaa hanqina horachaa jiruu dha. Loogiin akkasumas dandeetti ogummichi barbaadu iratti gahumsa dhabuun jechi ragaa ogummaa kennamu dhugaa ta'uu dhabuu danda'a.

Ragaaleen bu'uura murtii haqaa ta'an kamiyyuu hanqina dhugummaa kan qaban waan ta'aniif xiyyeefannoo fi gahumsaan yoo madaalaman malee haqa mirkaneessuu hin danda'an. Kanaafuu, tooftaalee dhugummaa fi amanamummaa ragaa itti mirkaneessan yerootti gabbisaa adeemuun ogeessotni qaamolee haqaa hubannoo gahaa irratti akka qabaatan gochuun barbaachisaa dha.

Haaluma kanaan, xumura leenjii boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Sababoota ragaan namaa dhugaa ta'uu itti dhaban irratti hubannoo waliigalaa ni argatu
- ✓ Tooftaalee dhugummaa ragaa nmaa itti mirkaneessan irratti dandeettii fi ogummaa qaban ni gabbifatu
- ✓ Haala madaallii ragaa ogeessaa itti gaggeeffamuu irratti hubannoo qaban ni cimsatu
- ✓ Haala dhugummaa ragaa sanadaa itti mirkaneessaniin wal-qabatee hanqina hubannoo hojiirratti mul'atu adda baasuun ogummaa dhugummaa sanadaa itti mirkaneessan ni gonfatu

#### **3.2. Dhugummaa Ragaa Namaa Mirkaneessuu**

Ragaan nmaa akaakuu ragaa bal'inaan qaamolee haqaatti dhiyaatuu fi dhugummaa ijoo falmii mirkaneessuu keessatti hojiirra ooluu dha; keessumaa ijoo falmii yakkaa qulqulleessanii murtii

kennuu keessatti ragaan namaa ragaa heddumminaan dhiyaatuu fi ragaa adabamuu yookaan bilisa bahuu shakkamaa murteessuuf tajaajilu dha.<sup>93</sup> Ragaan namaa bal'inaan hojiirra kan oolu yoo ta'el ee, hanqina namni gama qalbeeffachuu, yaadachuu, iftoominaan ibsuu qabu irraa ka'ee akkasumas rakkoo ta'e jedhanii ragaa sobaa kennun jiruun ragaan namaa rakkoo dhugummaa guddaa ragaa qabuu dha.

Ragaan namaa kennamu guutummaatti amanamaa waan hin taaneef, murtiilee ragaa kana irratti hundaa'anii murta'an keessaa murtiileen muraasa hin jedhamne ragaa dogoggora irratti hundaa'uun kan kennaman ta'uu qorannoowwan garagaraa ni ibsu.<sup>94</sup> Fakkeenyaaaf, Biyya Ameerikaatti namoota yakka cimaa raawwatan jedhamanii bara 1981-1989tti hidhaman irratti qorannoo DNA gaggeeffameen, namoota hidhaman keessaa 3.3% hanga 5% ta'an yakka kan hin raawwanne ta'uu mirkanaa'eera; ragaan namaa murtii dogoggoraa kennamuuf ka'umsa ta'uu qulqulleesseera.<sup>95</sup> Mata-duree kana jalatti, hanqina dandeettii hubachuu namni qabuu fi ragaa sobaa kennun jiru to'achuu keessatti tooftaalee hojiirra ooluu qaban ilaalla.

### **3.2.1. Adeemsa Waa Yaadachuu fi Hanqinaalee Achi Keessatti Mul'atan**

Sababoota dhugummaa ragaa namaa miidhan keessaa tokko hanqina dandeettii hubachuu fi waa yaadachuu namni qabu irraa kan maddu dha. Dandeettiin hubachuu fi yaadachuu namaa adeemsa keessa kan raawwatu waan ta'eef gulantaa afuritti qoodamuu kan danda'uu dha. Isaanis, qalbeeffachuu (perception), sammuutti qabachuu (encoding), kuusu (storage) fi yaadachuu (retrieve) jedhamanii beekamu. Sadarkaalee yaadannoo fi qabiyyee isaanii akka armaan gadiitti gabaabsinee ilaalla:

#### **A. Qalbeeffachuu (Perception)**

Qalbeeffachuun adeemsa taatee, raawwii yookaan gocha tokkoo xiyyeffannoo itti kennanii hubachuu dha. Namni taatee/gocha/raawwii tokko erga miirra'atee (ilaalee, dhagahe, dhaqqabe,

---

<sup>93</sup> Jules Epstein, the great engine that couldn't: science, mistaken identifications and the limits of cross-examination, Stetson Law Review, Vol. 36, (2007), fuula 732.

<sup>94</sup> Wise, Richard A. and Safer, Martin A., "A Method for Analyzing the Accuracy of Eyewitness Testimony in Criminal Cases" (2012). *Court Review: The Journal of the American Judges Association*. 387, fuula 22; Cutler BL et al "Improving the Reliability of Eyewitness Identification: Putting Context into Context" 1987 *J Appl Psychol* 629-637, fuula 630;

Meintjes van der Walt L "Judicial Understanding of the Reliability of Eyewitness Evidence: A Tale of Two Cases" PER / PELJ 2016(19), fuula 1-2; Jules Epstein, the great engine that couldn't: science, mistaken identifications and the limits of cross-examination, Stetson Law Review, Vol. 36, (2007), fuula 732.

<sup>95</sup> Wise, Richard A. and Safer, Martin A., "A Method for Analyzing the Accuracy of Eyewitness Testimony in Criminal Cases" (2012). *Court Review: The Journal of the American Judges Association*. 387, fuula 22

fuunfatee fi dhandhame) booda qalbeeffata. Dandeettiin dhimma tokko qalbeeffachuu namaa sababoota garagaraatiin wal-caaluu danda'a: ilaalcha, fedha, jibba, muuxannoo yookaan beekumsa dhimma sana irratti namni sun qabu irratti hundaa'ee sirriitti yookaan al-sirriin ta'u mala; umurii fi koorniyaa/saallis of-danda'ee gama kanaan gahee mataa isaa qabaata. Fakkeenyaaaf, namni rifeensa sirreessu kafana namni tokko uffatu caalaa haala rifeensi nama sanaa itti sirreffamee jiru, nama biraan caalaa carraa hubachuu fi qalbeeffachuu danda'a. Ijoollee fi namni guddaan akkasumas dhiiraa fi dhalaan taatee tokko wal-qaxa qalbeeffachuu dhabuu danda'u. Hubannoo, shaakallii fi miirri isaan dhimma sana ilaachisee qaban wal-qixa waan hin taaneef raawwii raawwatame ilaachisee qalbeeffanna garagaraa qabaachuu malu.

Seerri d/h/h kwt 269(1) adeemsi ragaa fuudhuu/dhagahuu maqaa, umurii, hojii/ogummaa, bakka jirenyaa, fi kakuu raawwachuu fi raawwachuu dhabuu raga-baatuu galmeessuun akka eegalutuma. Raga-baatuun dhimma irratti ragaa bahu hangam qalbeeffachuu akka danda'u kallattii kan agarsiisan keessaa tokko umurii fi hojii/muuxannoo namni sun qabu ta'u seerri kun beekamtii kennee jira. Hima biraan, abbootiin seeraa dhugummaa ragaa xinxaluu keessatti sadarkaa qalbeeffanna nama tokkoo yaada keessa galchuun barbaachisaa akka ta'ee fi sadarkaa qalbeeffanna nama wantoota agarsiisanif xiyyeffannoo kennuun barbaachisaa akka ta'e seerri kun kallattii agarsiisa jechuu dha.

## B. Sammuutti Qabachuu (Encoding)

Adeemsa raawwii tokko hubachuu fi yaadachuu keessatti sadarkaa lammaaffaa irratti taateen raawwatu waan qalbeeffatan sammuutti qabachuu/sammuutti galmeessuu dha. Galmeessuun waan qalbeeffatanitti hiika kennuun sammuun tokkoo tokkoo raawwii dhimma sana keessatti raawwate akka qabatu gochuu dha. Dhimma qalbeeffatanitti sirriitti hiika kennuun sammuun akka qabatu gochuun, hubannoo, fedha, ilaalcha yookaan jibba dhimma sana irratti duraan qabnu bu'uureffatee namaa gara namaatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Itti dabalees, haalli dhimmi ijoo falmii ta'e tokko itti raawwate miira namaa kan miidhuu fi sodaa kan uumu yoo ta'e, haala raga-baatuun sun raawwii sana itti hiikuu fi sammuutti qabatu of-danda'ee kan miidhuu dha. Bu'uura s/d/f/h/h kwt 269(1) ogeessi ragaa fuudhu hojii ragaa fuudhuu eegaluuun dura maqaa, umurii fi gahee hojii raga-baatuu akka galmeessu tumee jira; umurii fi gaheen hojii raga-baatuun taatee qalbeeffate tokkotti hiikka kennuun sammuutti qalbeeffachuu irratti raga-baatuun tokko irraa gara raga-baatuun biraatti garaagarummaa jijiirama uumuu danda'u qabaachuu

mala. Kanaafuu, adeemsa xiinxala ragaa keessatti dhimmootni kanneen gudu-gala xiyyeffannoo qaama ragaa sana madaaluu ta'uu akka qabu ijoo akeekuu dha.

### **C. Sammuutti qabatanii turuu (tursiisuu)**

Taatee tokko qalbeeffachuun erga sammuutti qabatanii booda, yeroo turmaata isaa keessa sababootni dhiibbaa irratti geessisuun qabiyee wanta qalbeeffatamee jijiiran hedduu dha. Fakkeenyaaaf, odeeffannoo raga-baatuun tokko qabu odeeffannoo boodarra namni kun raga-baatuu, poolisii, abbaa alangaa ykn qaama biraa irraa dhaga'uun jijiiram/fooyya'uun danda'a. Odeeffannoonaan boodarra namni sun dhagahe yaadannoo inni qalbeeffate irratti qabu kan miidhu waanta'eef gochoota raawwatamanii fi nama raawwate sirriitti qulqulleessanii ragaa bahuu irratti dhiibbaa mataa isaatii geessisuun kan danda'uun dha.

### **D. Yaadachuu (retrieve)**

Namni taatee tokko sammuutti qabate, odeeffannoo qaama garagaraa irraa argate ka'umsa godhachuun raawwii dhimmichaa fi qaama raawwate yaadata (adda baasaa). Adeemsa gocha raawate yaadatanii ibsuu keessatti maddi odeeffannoo guddaan yaadannoo sammuutti qabatan keessaa maddisiisuun yoo ta'u, qaawa yaadannoo kuufatan keessatti mudatu duuchuuf ammoo namni hawwa, ilaalcha, jibba, amantaa, beekumsaa fi hubannoo dhimma walfakkaataa irratt dura qabu bu'uura godhachuun itti guutuu yaala; kanaafuu ragaa namni kennu raawwii sammuutti kuufatee qabuu fi yaadota ofii uumee itti dabalu walitti makuun akka ta'e qorannoowwan garagaraa ni ibsu.

Yaadannoo namni gocha/taatee/raawwii tokko irratti qabu sababoota garagaraatiif jecha haqina qabaachuu mala. Odeeffannoo boodarra raga-baatuun waa'ee dhimma ragaan irratti bahamuu irratti argatu, naasuu/sodaa yookaan haala badaa raawwii gochichaa keessatti mudatee fi turmaatni yeroo yaadannoo namni taatee/raawwii/gocha ragaa irratti bahu irratti qabu kan miidhuu dha. Haalotni kanneen yaadannoo qofa osoo hin taane ofitti amanamummaa raga-baatuun qabaatu kan miidhanidha. Ofitti amanamummaa dhabuun raga-baatuu, jecha ragaa dhangala'iinsa yaadaa fi wal-simuun yaadaa kan hin qabne akka kennamu akkasumas jechi ragaa bal'inaan akka hin dhiyaanne kan godhudha. Sababootni kanneenii fi kan biroo yaadannoo fi ofitti amanamummaa raga-baatuu miidhuun hanga jecha ragaa dhiyaatuu fi amanamummaa ragaa galmaa'u irratti miidhaa guddaa kan geessisu waan ta'eef, qaamoleen ragaa fuudhuu

keessatti hirmaatan ofitti amanamummaa raga-baatuu jajjabeessuu fi waan qalbeeffate akka yaadatuu fi dubbatu jajjbeessuun barbaachisaa dha.

### **3.2.2. Adeemsa Ragaa Fuudhuu Keessatti Dhugummaa Ragaa Namaa Mirkaneessaa Deemuu**

Dhugummaa ragaa mirkaneessuu keessatti hojii cimaan adeemsa ragaaa fuudhuu keessatti kan hojjetamuu dha. Raawwii ragaa nاما fuudhuu keessatti adeemsa af-gaaffii itti gaggeessan madaalawaa gochuu fi gama-qabachuu dhabuun dhugummaa ragaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qabaata. Odeeffannoo bal'aa fuudhuu dhabuunis dhugummaa ragaa mirkaneessuuf hojii hojjetamu dhimmoota gufachiisan keessatti ramadamuu kan danda'u akka ta'etti fudhatama. Hanqinaalee gama kanaan mudatan hambisuun dhugummaa ragaa mirkaneessuu keessatti tooftaalee gargaaran gaggabaabsinee akka armaan gadiitti ilaalla:

#### **Hojiiwwan af-gaaffii dura hojjetamuu qaban hojjechuu**

Af-gaaffii gaggeessuuf qophii taasisuun of-kennuu raga-baatuu kan dabalu akkasumas milkaa'ina nama af-gaaffii gaafatuu kan dabaluu dha. Kanaafuu, af-gaaffii gaggeessuun dura qophii taasisuun barbaachisaa yoo ta'u bu'uura yaadota armaan gadiitiin af-gaaffii taasisuuf qophaa'uun barbaachisaa dha:

- Odeeffannoo waliigalaa walitti qabachuun raga-baatuun ragaa bal'aa akka kenu taasisuu akkasumas af-gaaffii gaggeeffamu kallattii qabsiisuuf baay'ee barbaachisaa dha
- Hanga danda'amaa ta'etti af-gaaffiinakkuma gochi ragaan irratti kennamu raawwateen gaggeeffamu qaba. Battalatti ragaa fuudhuun raga-baatuun miira raawwii gochicha hubateen ragaa akka bahu kan taasisu yoo ta'u haalli kun ammoo ragaa bal'aa fi amanamummaan irratti gatamuu danda'uu walitti qabachuun danda'a.
- Af-gaaffiin kutaa mijawaa kan jeequmsa hin qabnee fi yaada keessatti sassaabbanii dubbaachuu danda'an keessatti akka gaggeeffamu gochuuf naannoo mijawaa qopheessuun barbaachisaa dha
- Meeshaalee af-gaaffii gaggeessuu keessatti gumaacha qabaatan kan akka qalamaa, waraqaa, sagalee waraabduu fi kkf dursa qopheessanii dhiyeessuu
- Ragaan fuudhame hundi waraabamee akka turu gochuuf haal-duree barbaachisan mijessuu

- Raga-baatota qofa qofatti adda baasanii qabuun odeeffannoo walirraa argataniin jechi ragaa isaanii miira isaanii irraa kan maddu akka hin taane taasisa

#### **A. Hojiwwan yeroo af-gaaffii gaggeessan hojjetaman**

Haalli ogeessi raga-baatuu wajjiin af-gaaffii gaggeessu ragaa bal'aa fi amanamummaa qaba fuudhuu wajjiin hidhata kan qabu waan ta'eef haalli ragaan keessatti fuudhamu dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu dha. Tooftaaleen armaan gadii ragaa bal'aa fi amanamummaa qabu walitti qabuu keessatti gahee guddaa qabaatu. Kanaaf, ogeessa af-gaaffii raga-baatuu irraa fuudhu yoo taate:

- ✓ **Raga-baatuu wajjiin hariiroo uumuu.** Ogeessi raga-baatuu wajjiin af-gaaffii gaggeessu jalqaba raga-baatuu wajjiin wal-baruu fi hariiroo uumuun barbaachisaa dha.<sup>96</sup> Wal-ta'umsi akka uumamu gochuun raga-baatuun of-gadhiisee sodaa malee yaada isaa akka kenuu gargaarutti dabalee miira isaa adda baasuu keessattis gahee qabaata. Akkaataa waa'ee mataa isaa itti dubbatuu (cimina sagalee fi iftoomina fulaa) fi akkaataa haala raawwii dhimma ragaa irratti kennuu yeroo dubbatu garagarummaa kan qabu ta'uu adda baasuu fi garagarummaan kan jiraatu yoo ta'e ammoo maddi garagarummaa isaa maal akka ta'e qorachuuf kan gargaaru ta'a. Walitti dhufeenyga gaarii kana hundeessuuf gaaffilee akka 'Nagaa jirtaa? Jiruu fi jirenyi kee gaariidhaa? Fayyummaan kee attami? fi kkf<sup>97</sup> gaafachuun barbaachisaa dha. Dhimma kana irratti gaaffii deebii gaggeessuu keessatti jiruu fi jirenya raga-baatuun ifa godhu irratti yaada kennuu irraa of-quachuu gaarii ta'a. Adeemsa gaaffii fi deebii adeemsisuu sana ofitti fudhatanii (personalize godhanii) gaggeessuun waan qalbeeffate raga-baatuun jecha ofii isaatiin akka dubbatu taasisuu akkasumas yaada raga-baatuu faana dhawuun, ibsa raga-baatuun kenuu tokko yeroo barbaachisaa ta'ee argametti ofii irra deebi'uun, ija raga-baatuu keessa ilaalaan xiyyeeffannoona jecha ragaa fudhuun barbaachisaa dha.<sup>97</sup>
- ✓ **Raga-baatuu si'oomsuu.** Raga-baatuun si'oomee bal'inaan jecha ragaa isaa akka kennutti gaaffii deebii daanga'aa barbaadu gaafachuun irratti xiyyeeffachuu gaarii miti; gaaffilee banaa kan akka 'Waa'ee nama yakkicha raawwatee maal beekta? Maala akka raawwate jecha afaan keetiin atumti natti himtaa? Gaafachuun odeeffannoo bal'aa argachuuf nama gargaaraa.

---

<sup>96</sup> John Ashcroft, Deborah J. Daniels and Sarah V. Hart, *Eyewitness evidence: A trainer's Manual for Law Enforcement*, U.S. Department of Justice Office of Justice Programs, fuula 19

<sup>97</sup> John Ashcroft, Deborah J. Daniels and Sarah V. Hart, *Eyewitness evidence: A trainer's Manual for Law Enforcement*, U.S. Department of Justice Office of Justice Programs, fuula 16

Itti dabalees, adeemsa gaaffii fi deebii keessatti yeroo hafuura raga-baatuun itti fudhatu kennuufiin yaada isaa sassaabbatee deebii gahaa fi bal'aa akka kenu gochuun filatamaa dha. Raga-baatuun jecha ragaa isaa osoo kennaa jiru adda kutuu dhabuun raga-baatuun yaada isaa walitti fufee fi dhangalaasee akka dubbatu waan deeggaruuf yaada gidduutti kutuu dhabuu mirkaneeffadhu.

- ✓ **Yaadannoo Raga-baatuu dammaqsuu (waan taatee raawwate akka yaadatu taasisuu).** Raga-baatuun waan raawwate sammuutti kan walitti qabatee jiru keessaa baasuun kan ibsu yoo ta'u namni waan sammuutti qabatee baasee akka dubbatu taasisuuf yaadannoo (memory) isaanii dammaqsuu/kakaasuun barbaachisaa dha. Waan raawwate akka yaadatu gochuuf naannoo yookaan kutaa waca hin qabne keessatti jecha ragaa isaa akka kenu taasisuu, raawwii gochichaa irra deebi'ee akka yaadatu gochuuf fi gaaffii banaa dhiyeessuun waan raawwate sirriitti yaadatee akka dubbatu gochuun barbaachisaa dha.
- ✓ **Haala raga-baatuun keessa jiru adda baasuu.** Haala kana qulqulleeffachuuf gaaffii salphaa kan akka 'Attam jirta? Jiruu fi jirenyi kee attami? fi kan biraa gaafachuun namni sun yaada guutuu kan qabu, araara keessa kan jiru, dhiphuu yookaan sodaa cimaa keessa kan jiru ta'uu qulqulleessuu keessatti bu'aa qabaata.
- ✓ **Raga-baatuun yoo barbaade mallattoo fi fakkiin yaada isaa akka ibsu haala mijeessu.** Daa'imnii fi namni haqina sirriitti dubachuu qabu akkasumas wanti raawwate safuu wanta ummatni ifatti dubbachuu hin filanne taanaan barreeffamaan akka ibsu yookaan fakkiin akka agarsiisu haala mijeessuun jecha ragaa bal'aa walitti qabuuf gumaacha mataa isaa qabaata.
- ✓ **Osoo hin xumuriin, raga-baatuun jecha ragaa dabaluu kan qabu yoo ta'e akka dubbatu carraa uumuu.** Af-gaaffii gaggeessuu keessatti namni gaaffii dhiyeessu gaaffii qabu hunda gaafatee erga xumuree booda raga-baatuun yaada gaafatamee ala yaada rogummaa qabu akka dhiyeessu carraa kenuun barbaachiisaa dha.
- ✓ **Jecha ragaa fuudhame haala raga-baatuun ibseen galmeessuu.** Jechi ragaa kenname barreeffamaan, vidiyoon ykn mala biraatiin kan fuudhame yoo ta'el ee jechi ragaa fuudhamee yeroo gabaabaa keessatti gara barreeffamaatti jijiiramuu qaba; yeroo barreessan ammoo hanga danda'amaa ta'etti jecha raga-baatuun fayyadame fayyadamuun gaarii ta'a.
- ✓ **Raga-baatuu wajjiin daandii ittiin walquunnamtu mijeessuu;** hariiroo hundeessite adda hin kutiin. Af-gaaffii gaggeeffamee erga xumuramee booda raga-baatuun dhimma ragaan

irratti kennamu ilaachisee jecha ragaa kennamuu qabu kan yaadate yoo ta'e bilbilaan ykn barreeffamaan akka ibsu haala mijeessuun barbaachisaa dha.

- ✓ Tokkoo tokkoo raawwii dhimma ragaan irratti kennamu ilaachisee raga-baatuu biroo wajjiin akka hin dubbanne akkasumas dhimma kanarratti yaada miidiyaa akka hin dhangeeffanne gochuu
- ✓ Raga-baatuu biroo wajjiin tokkoo tokkoo raawwichaa irratti mari'achuu fi ibsa miidiyaan dhimmicha irratti kenne dhaggeeffachuu isaa qulqulleeffachuu; dhimma ragaa irratti kennaa jiru ilaachise kanaan dura qaama haqaatti ragaa kennuu isaa qulqulleessuu
- ✓ Dhimma ragaan irratti kennamaa jiru ilaachisee hidhataa fi quunnamtii raga-baatuun kun raga baatota biroo wajjiin qabaachaa ture adda baasuu

### **B. Shakkamaa qaamaan yookaan suuraan adda akka baasu gochuu**

Dogoggora raga-batuun raawwatu keessaa tokko shakkamaa adda baasanii agarsiisuu/ibsuu dhabuu yoo ta'u sababa shakkamaa sirriitti adda baasanii hubachuu dhabuu fi adda baasanii agarsiisuu dhabutiin namootni yakka hin raawwanne baay'een yakkamaa jedhamanii akka adabaman taasiseera. Raga-batuun nama yakka raawwate tokko duraan hin beeku yoo ta'ee nama sana sirriitti qalbeeffachuu dhabuu fi yaadatee adda baasuu dhabuu danda'a. Hanqina gama kanaan mudachuu danda'u hambisuuf biyyootni baay'een adeemsa raga-batuun shakkamaa adda baasee agarsiisu hundeessanii jiru. Bu'uruma kanaan, namni shakkamaa adda baasuuf jecha af-gaaffii gaggeessu keessumaa poolisiin namoota shakkamaa wajjiin walfakkaatan yoo xiqlaate shan hiriirsuun yookaan footoo isaanii tarreessuun isaan keessaa shakkamaan adda akka baasu taasifama.

### **3.3. Ragaa sobaa fi maloota ragaa sobaa ittii to'atan**

Ragaan sobaa jecha ragaa dogoggoraan itti yaadame kennname dha: taatee hubatan tokko ta'e jedhanii dhoksuun jecha ragaa kennuu yookaan taatee haaraa uumuun ragaa bahuun jecha ragaa sobaa kennuu jedhamee beekama.<sup>98</sup> Namni sababoota garagaraatiif jecha ragaa sobaa kennuu danda'a: adabbii irraa baraaramuuf, bu'aa hin malle argachuuf, michuu isaaf eegumsa taasisuuf, yeelloo/qaanii itti dhufuu malu jalaa bahuuf jecha soba raguu danda'a.<sup>99</sup> Jechi ragaa sobaa

<sup>98</sup> Seera yakkaa 453; Handbook of Psychology of Investigative Interviewing: Current Developments and Future Directions, Ed. Ray Bull, Tim Valentine and Tom Williamson, John Wiley and Sons, Ltd, (2009), fuula 301

<sup>99</sup> Handbook of psychology of investigative Interviewing: current developments and Future Directions, Ed. Ray Bull, Tim Valentine and Tom Williamson, John Wiley and Sons, Ltd, (2009), fuula 313

kennamu gama tokkoon dandeettii raga baatuun jecha ragaa sobaa kennuu irratti qabuu fi shaakala/qophii inni taasisuun, gama biraatiin, hanqina dandeettii fi ogummaa ogeessi ragaa fuudhu dhugummaa ragaa qulqulleessuu irratti qabu akka qaawwaatti fayyadamee murtii kennamuuf galtee ta'a. Sababni guddaan ragaan sobaa murtii kennamuuf galtee akka ta'u kan taasisu hanqina dandeettii dhugaa calaluu irratti ogeessi ragaa fuudhu qabu dha: ogeessi ragaa fuudhu yeroo baay'ee duuchaatti raga-baatuu amana, amala dhuunfaa raga-baatuu irratti odeeffannoo hin sassaabbatu akkasumas jecha ragaa kenname ragaalee biroo wajjiin wal-bira qabee sirriitti madaalu dhabuutu irraa mul'ata.<sup>100</sup> Ragaa sobaa to'achuuf, kanaafuu, dandeettii fi gahumsa shaakallii raga-baatuu adda ittiin baafatan akkasumas dandeettii fi gahumsa jecha ragaa sobaa ittiin xiinxalan gonfachiisuun barbaachisaa dha.

Namni tokko itti yaadee jecha ragaa yoo kenuu qaamaa fi dhangala'iinsa dubbii isaa irratti jijiirama garagaraatu mul'ata. Jecha ragaa sobaa kennuu jecha ragaa dhugaa kennuu caalaa kan nama dhphisuu fi naasisuu waan ta'eef yeroo jecha ragaa kennuu qoph'aanii fi yeroo jecha ragaa kennaa jiran keessatti jijiirama adda addaatu sirna argansuu, sirna dhangala'iinsa dhiigaa fi kkf irratti mul'ata. Fakkeenyaaf, dha'iinsi onnee ni dabala, dhiibbaan dhangala'iinsa dhiigaa ni dabala, hafuurri ni ciccita, akkasumas ni dafqisiisa. Bifuma walfakkaatuun, nama jecha ragaa sobaa kenuu irratti jijiiramni miiraa akka raawwatu qorannoowwan garagaraa ni agarsiisu. Fakkeenyaaf, asii fi achi mimicciiramuu, sagalee olkaasuu fi gadi buusuu, gaaffii osoo hin deebisin dura gorora irra deddeebiin liqimsuu, sagalee cirachuu, rom'uu, fuula gurraachessuu, harka walitti riguu/sukkumu, dalga nama ilaaluu, ija guutanii ilaaluu dhabuu fi kkf nama jecha ragaa sobaa kenuu irratti mul'achuu danda'a.

Hata'u malee, jijiiramni qaama miiraa raga-baatuu irratti yeroo jecha ragaa kenuu sababa mul'ate qofaaf namni sun jecha ragaa sobaa kennaa jira jechuun rakkisaa dha. Jijiirama miira irratti calaqqisan kanneen qabiyyee jecha kenname akkasumas jijiirama sirna argansuu fi dhangala'iinsa dhiigaa irratti mul'ate wajjiin wal-bira qabuun madaaluun barbaachisaa dha; akkasumas, jecha ragaa raga-baatuu biroo wajjiin wal-bira qabanii madalalu gaafata. Kanaafu, jijiiramni qaama irratti mul'atan kanneen madaallii ragaa irratti xiyyeffannoo guddaan akka taasifamu sababoota akka ka'umsaatti gargaaraniidha. Madaallii ragaa akkanaa haala gaariitiin gaggeessuuf abbaan seeraa ragaa sana fuudhuu keessatti hirmaate caalaatti mdaallii bu'a

---

<sup>100</sup> Barry S. Cooper, Hugues Herve' and John C. Yuillee, Evaluating Truthfulness: Detecting Truth and Lies in Forensic Contexts, John Wiley and Sons, Ltd, (2009), fuula 312

qabeessa gaggeessa jedhame abadatama; murtiileen baay'een biyya alaatti kallattii kanaan kennamaniiru.

Haaluma kanaan, raga-baatuun tokko jecha ragaa sobaa kan kenne ta'uu malootnii fi haalotni akeekanii fi xiyyeffannoo kennuun barbaachisaa ta'uu ibsan hedduun beekamtii argataniiru. Isaanis,

- Jijiirama qaama irraa fi keessaa nama sanaa irratti mul'atu
- Waldhawuu yookaan wal-simuu dhabuu jecha ragaa
- Gama qabachu raga-baatuu (himataa ykn himatamaa jallachuu ykn jibbuu)
- Murtii kennamu irraa dantaa qabaachuu ykn sababoota ragaa sobaa akka kenu taasisan kan biroo kan jiran ta'uu
- Dhugaa dubbachuu, amanamaa ta'uu, fi madaalawaa ta'uu raga-baatuu sanaa
- Dandeettii dhimma ragaa irratti bahu hubachuu, carraa dhimma sana hubachuu qabaachuu, fi dandeettii dhimma ragaa irratti bahu ibsuu qabaachuu raga-baatuu
- Ragaa qaama biraatiin kennamee wajjiin wal-simuu dhabuu ragaa dhiyaate kanaa

Armaan olitti kanneen tarreffaman agarsiistota kennamuu ragaa sobaa agarsiisan yoo ta'an ragaan kenname tokko ragaa sobaa ta'uu maloota gurguddaa lamaan adda baasuun akka danda'amu qorattootni ni ibsu.<sup>101</sup> Isaanis,

1. Ogummaa fi beekumsa uumamaa irratti hundaa'uun (theory based)
2. Meeshaa ammayyaatti fayyadamuu (technology based)

Ogeessi ragaa madaalu tokko ogummaa uumamaan argatetti fayyadamee dhugummaa jecha ragaa madaaluu danda'a. Tooftaalee garagaraa hojiirra oolchuun jechi ragaa kenname tokko dhugaa ta'uu yookaan dhugaa ta'uu dhabuu isaa mirkaneessuu danda'a. Qabiyyee jecha ragaa, haala ibsama jecha ragaa fi sagalee raga-baatuun dhageessisu madaaluun akkasumas mallattoolee fuulaa fi guutummaa qaama raga-baatuu irratti wal-jijiiran ka'umsa godhachuun dhugummaa jecha ragaa kennamee madaaluu danda'a jechuu dha.

Malli lammafaan dhugummaa jecha ragaa kenname tokko ittiin madaalan meeshaa ammayyaatti fayyadamuu dha. Meeshaaleen dhugummaa ragaa madaaluuf gargaaru jedhamanii hojiirra oolan *polygraph, voice stress analyser, thermal imaging* fi *functional magnetic resonanse imaging*

---

<sup>101</sup> Barry S. Cooper, Hugues Herve' and John C. Yuillee, Evaluating Truthfulness: Detecting Truth and Lies in Forensic Contexts, John Wiley and Sons, Ltd, (2009), fuula 302-310

jedhamu. Meeshaan *Polygraph* jedhamu dha'iinsa onnee, sirna argansuu fi mir'achuu gogaa safaruun raga-baatuun yeroo jecha ragaa kennaa jirutti dhiphinaa fi naasuu akkamii keessa akka jiru ibsuun dhugummaa jecha ragaa isaatii gita kamitti xiinxalamuu akka qabu akeeka. Meeshaan *voice stress analyser* jedhamu jijiirama haala dubbanna fi bahuu sagalee madaaluun raga-baatuun dhiphina akkamii keessatti jecha ragaa isaa kennaa akka jiru agarsiisu; dhiphachuun ammoo xiyyeffannoo akkamii jecha ragaa sanaaf kennamu akka qabu akeeka. Meeshaan *terminal imaging* jedhamu dabaluu ho'a qaamaa kan madaalu yoo ta'u *functional magnetic resonance imaging* jedhamu ammoo yeroo jechi ragaa kennamaa jirutti raawwii fi dhiphina sammuu raga-baatuu keessatti gaggeeffamaa jiru kan safaruu dha. Olitti akkuma ibsame, meeshaaleen jijiirama qaama irratti yeroo namni tokko jecha ragaa kenu mul'atu safaran kanneen haala raga-baatuun tokko keessatti argamu agarsiisuun jechi ragaa kennname sadarkaa kamitti xiinxalamuu akka qabu yaada kan dhiyeessan dha; of-danda'anii jechi ragaa kennname dhugaa yookaan soba ta'uu adda baasee hin agarsiisu.

### 3.4. Gaaffii Qaxxaamuraa

Gaaffiin qaxxaamuraa tooftaa dha-tooftaa dhugaa baasuu fi soba saaxiluu danda'u. Garuu shakkamaa adda baasuu dhabuu kan furu akka hin taane qorannoowwan garagaraa ni agarsiisu. Adeemsa hojirra oolmaa seeraa keessatti meeshaa guddaan dhugaa baasuuf kalaqame gaaffii qaxxaamuraa akka ta'etti fudhatama.<sup>102</sup> Raga-baatuu fuulaa-fuulatti gaaffii qaxxaamuraa gaafachuun qaama hojii haqa mirkaneessuu keessaa isa guddaa tokko yoo ta'u, sirna waliin jiraachuu hawaasaa, wal-to'achaa deemuu qaamolee mootummaa fi yaad-rimee yakka balaaleffachuu uummataa bu'uura kan godhate dha.

Gaaffiin qaxxaamuraa jecha ragaa sobaan qindaa'ee dhiyaatu saaxaluu fi gaaffii duraa keessatti jecha ragaa hin kennamiin bira darbame akka kennamu carraa uuma. Mirkanaa'uu haqaa tumsa. Kaayyoo kana galmaan gahuuf namni gaaffii qaxxaamuraa gaafatu haalota adda addaa ka'umsa godhachuun amanamummaa jecha ragaa kennname qulquelleessa:

- Raga-baatuun kaayyoo fi itti-gaafatumummaa kakuu raawwachuun dhugaa dubbachuuq abu kan hubachuun hin dandeenye ta'uu agarsiisu

---

<sup>102</sup>Jules Epstein, The great engine that couldn't: science, mistaken identifications, and the limits of cross examination, Stetson Law Review, (2007), Vol. 36, fuula 766

- Hanqina mirra'achuu qabaachuu (hanqina dhaga'uu, arguu, fuunfachuu fi dhandhamuu qabaachuu) mul'isuu
- Sababoota qalbeeffanna, hubannaa fi yaadachuu miidhan/xiqqeessan kaasuun hanqina waa raawwatame yaadatee ibsuu kan qabu ta'uu ibsuu
- Hanqina of ibsuu qabaachuu agarsiisuu
- Kan gama qabatu (bias) ta'uusaa agarsiisuu
- Murtii kennamu irraa dantaa dhuunfaa kan qabu ta'uu agarsiisuu
- Amala soba dubbachuu kan qabu ta'uu agarsiisuu
- Jecha ragaa isaa micciiree dhubbachuuf matta'aa kan fudhate ta'uu agarsiisuu
- Jechootni ragaa kennaman kan wal hin simne, wal-dhiitan akkasumas shakkisiisoo kan ta'an ta'uu isaanii agarsiisuu
- Garee gaaffii qaxxaamuraa gaafachaa jiru jecha ragummaa deeggaru, raga-baatuu afaanii baasuun (Raga-baatuu irraa funaanachuun), dhugaa jiru agarsiisuu

Gaaffii qaxxaamuraa gaggeessuun hojii xiyyeffannoo, ogummaa fi/ykn muuxannoo barbaaduu dha. Gama kanaan hojiin xiyyeffannoon hojjetamuun qaban qophii barbaachisaa fi gahaa ta'e taasisuu, bakka yakki itti raawwate dowachuu/sirriitti qulqulleessuu, jecha ragaa duraan raga-baatuuun kenne qo'achuun yaada amma kennamee wajjiin wal-bira qabuu, adeemsa raawwii gocha jechi ragaa irratti kennamu agarsiisuun amanamummaa jecha ragaa kenname madaaluu irratti xiyyeffachuu dha.

### **3.5. Dhugummaa Jecha Raga-Baatuu Madaaluu**

Dhugummaa jecha raga-baatuu madaaluu keessatti tooftaan rogummaa gaarii qabu tooftaa dhugummaa jecha ragaa tokko (hima tokko) of-danda'ee qofatti, guutummaa jecha ragaa kennee wajjiin akkasumas ragaalee mala addatiin walitti qabamaniin yookaan jecha ragaa raga-baatuu biroo wajjiin wal-bira qabanii ittiin madaaluu dha. Tooftaa kana akka armaan gadiitti diriirsinee ilaaluu yaalla:

- Hima ragaa tokko adda baasanii dhugummaa isaa qofatti ilaala deemuun mala dhugummaa isaa ittiin qulqulleessan keessaa tokkoo dha. Jechi ragaa kennamu hundi sababa garagaraatiin dhugaa ta'uu dhabuu danda'a; himni jecha ragaa tokko dhugaa, himni jecha ragaa biroo ammoo dhugaa ta'uu dhabuu danda'a. Kanaafuu, hima jecha ragaa hunda qofa qofatti adda baasanii madaaluun barbaachisaa dha.

- Tokkoo tokkoon hima jecha ragaa ija guutummaa jecha ragaan ilaalamuu qaba. Hima jecha ragaa tokko guutummaa jecha ragaa kennamee wajjiin wal bira qabani ilaluun wal-simuu isaanii qulqulleessuun dhugummaa jecha ragaa isa xiqaan kanaa akkasumas dhugummaa guutummaa jecha ragaa waliigalaa miti jechuu ta'uu dhabuu danda'a. Hata'u malee, dhugummaa jecha ragaa isa kanaa yookaan isa sanaa xiyyeffannoonaan ilalamuu akka qabu kallattii kan agarsiisuu dha.
- Hima jecha raga kan raga-baatuu tokkoo guutummaa jecha ragaa raga-baatuu biroo wajjiin yookaan ragaa barreeffamaa dhiyaatee wajjiin yookaan ragaa naannoo/qabatamaa biroo wajjiin wal-bira qabamee ilalamuu qaba. Walta'uun ragaalee kallattii garagaraatiin walitti qabamanii amanamummaa ragaalee sanaa kan guddisuu dha. Wal-simuu dhabuun ragaalee maloota adda addaatiin walitti qabani adeemsi qorannoo yookaan ragaa walitti qabuu xiyyeffannoonaan dhimma ilalamuu qabu ta'uu ibsa.

### **Gaaffilee Marii**

1. Ragaan raguuf dhaddachatti erga dhiyaateen booda nama gocha sana raawwateera jedhame ykn meeshaa inni ittiin yakka sana raawwate akka agarsisuuf yoo gaafatame fi adda baasuu yoo hin dandeenye jechi ragummaa inni kenne batalumatti kufaa ta'a moo maal ta'a? Bal'inaan irratti mari'adhaa?
2. Yeroo raawwii taatee tokko hiikanii fi sammuutti qabatan tokkoo dhimmicha keessatti taatee raawwatee akka hin qabanne sababootni taasisan maali? Taateewwan harca'an sana sammuun irra deebi'ee akka qabatuu fi dhimmicha irratti namni sun ragaa akka buhu gochuun ni danda'amaa?
3. Turmaata yeroo taateen tokko itti raawwatee fi qunnamtii namni ragaa buhu namoota garagaraa wajjiin qabaatu qulqulleessuun dhugummaa ragaa fuudhame mirkaneessuu keessatti qooda attamii qabaata? Qabatamatti haalota akkasii qulqulleessuu fi xiyyeffannoonaan itti kennuun mana murtii keessatti akkamitti ilaalamaa?
4. Raga-baatuun na'uu, sodaachuu yookaan of-qabuu (waan beeku hunda dubbachuu dhabuu) waan danda'uuf, ofitti amanamummaan isaa akka hin hir'anne gochuun odeeffannoonaan gahaa akkamitti walitti qabattu?
5. Turtii yeroo keessa yookaan sababoota garagaraatiif jecha namni waan qalbeeffate dagachuu waan danda'uuf maloota akkamiitti fayyadamtanii dandeettii waan hubate yaadatee dubbachuu isaa akkamitti gabbisuun ragaa guutuu argachaa jirtu?

### **3.3. Ragaa Ogeessaa (Expert Evidene)**

Bu'uura qajeeltoo seera ragaatiin raga-baatuun raawawii/taatee miira isaatiin hubate qofa akka ragaatti ibsuu danda'a<sup>103</sup>. Raawwii/taatee raga-baatuun ofi miira isaatiin hin hubanne tokko ilaachisee jecha ragummaa isaa yaada biraa irraa ka'uun kan kenu taanaan akka ragaatti kan fudhatamu hin ta'u. Hata'u malee, haalota lama ilaachisee jechi ragummaa raga-baatuun kenu qajeeltoo bu'uuraa kana irraa kan maqu yoo ta'elée haalli akka ragaatti itti fudhatamu jira. Haalli sadarkaa tokkoffaa irratti eeramu yeroo raga-baatuun tokko dhimma hubate tokko diddiriirsee haala naannoo isaa wajjiin wal-qabsiissee akka qaamni ragaa isarraa fuudhu hubatu itti taasisuu dha. Raga-baatuun taatee miira isaatiin hubate tokko waan beekuu wajjiin walitti hidhuun baballisee yaada isaa itti dabaluun jecha ragummaa isaa yoo kenne manni murtii jecha kennname akka ragaatti fudhachuu danda'a jechuun ni danda'ama. Haalli lammaffaan, haala namootni dhimma tokko irratti beekumsaa fi ogummaa addaa qaban gocha/raawwii daangaa beekumsa ykn ogummaa isaanii keessatti hammatamuu danda'u irratti yaada isaanii akka kennan kan taasifaman yoo ta'e, yaadni dhimma ijoo falmiin wal-qabatu irratti kennamu akka ragaatti fudhatamuu danda'a jechuu dha. Mata-duree xiqqa kana jalatti maalummaa, barbaachisummaa fi hanqinaalee ragaan ogummaa xiyyeffannoon ilaaluu yaalla.

#### **A. Hikkoo ragaa ogeessaa fi yaada waliigalaa**

Ragaa ogeessi kenun odeeffanno fi daataa gahaa ta'e irratti kan hundaa'ee, fi malootaa fi qajeeltowan beekamoo bu'uura godhachuun jecha ragummaa kennamuu dha.<sup>104</sup> Ogeessi nama umamaa barumsa yookaan leenjii argachuun beekumsaa fi dandeettii addaa dhimma ijoo falmii ta'e tokko irratti jecha ragummaa isaa kennuu dha. Ragaan ogeessaa ragaa ogummaa, beekumsaa fi muuxannoo dhimma ijoo falmii ta'e irratti kennamuu dha. Ogeessi jecha ragummaa loogii irraa bilisa ta'e (impartial), miira irraa bilisa ta'e (objective) fi hojii isaa gahumsaan bahuu kan danda'u ta'uutu irraa eegama.<sup>105</sup> Ragaan ogeessaa gaaffii abbootii dhimmaatiin jechuunis tartiiba

<sup>103</sup> Raymond Emson, Evidence, 4<sup>th</sup> ed., Replica Press pvt, Ltd, fuula 301

<sup>104</sup> The Standards in Admitting Expert Evidence in Ethiopia: Some Practicals Discrepancies, Mizan law review, Vol. 11, No.1 page 4 (፩፻፭፻-፪፭፻፷፯): የኢትዮጵያ ማስረጃ በኢትዮጵያ አንቀጽ ፩፭- በማንኛውም የቃረጋበት የሚረተው እና የሚያስፈልግ መቁጥሮች መንግድ ፍ/ቤት፡ አንቀጽ ፭፻፫ መጽሑፍ፡ ቅዱ 3 ቁጥር 1 ከገዢ 56-74 እዋቱ፡ ለየ እውቀት የአቶዎች ለምት መብትን በስልክ የለል የሚሆኝ የተከናና የመሰሳለ-ትም ቅዱ፡፡

<sup>105</sup> Marise Cremona, Evidence, 4<sup>th</sup> edition, Raymod Emson (2006), fuula 311

ragaa himataa yookaan tartiiba ragaa himatamaa keessatti hammachiisuun akka dhiyaatu gochuun ni danda'ama.<sup>106</sup>

Ijoo falmisiisaa kan ragaa ijaan yookaan ragaa sanadaan hin qulqulloofne, yookaan iftoomina isaa irratti manni murtii shakkii qabu tokko ilaachisee, manni murtii dhimmichi ragaa ogeessa ijoo sanarratti beekumsa qabuun ifa ta'uu danda'a jedhee yoo amanu, yeroo kamittiyyuu, ragaan ogeessaa akka dhiyaatu gochuu akka danda'u seerotni adeemsaa fi bu'uuraa ni ibsu<sup>107</sup>. Sirna seeraa biyya keenya keessatti ragaan ogeessaa akka ragaa namaatti fudhatama<sup>108</sup>; ogeessi jecha ragaan isaa qaaman mana murtiitti dhiyaatee ykn bifa gabaasaatiin barreffamaan qaama gaaffii dhiyeesseef deebii kennuu ni danda'a. Namni kamiyuu dirqama keniinsa tajaajila haqaa deggaruu waan qabuuf, ogeessi ragaan ogummaa isaa qaama aangoo abbaa seerummaa qabatti dhiyaatee akka kenu ajajamee kan didu taanaan itti gaafatamummaa yakkaa akka qabu seerri yakkaa tumee jira.<sup>109</sup> Haaluma kanaan, armaan gaditti ragaan ogeessaa yoom akka dhiyaatuu fi fudhatamummaa isaa sakatta'uu yaalla.

## B. Ragaan ogeessaa barbaachisaa ta'ee yoo argame qofa dhiyaata

Adeemsa falmii keessatti ijoo falmisiisaa ta'e tokko irratti murtii kennuu **ragaan ogeessaa barbaachisaa ta'ee yoo argame qofa**, manni murtii ogeessi ijoo falmii irratti yaada ogummaa isaa akka kenu taasisa<sup>110</sup>; bakka ragaan ijaan fi ragaan sanadaa ijoo falmii mirkaneessuuf gahaa ta'ee argametti ragaan ogeessaa akka dhiyaatu gochuun hin barbaachisu jechuu dha.<sup>111</sup> Bifuma wal-fakkaatuun, dhimma hariiroo hawaasaa irratti ragaan ogeessi kenu dhimmi ijoo falmii ta'e irratti murtii kennuu **barbaachisaa ta'ee argamnaan** manni murtii gaaffii abbootii dhimmaatiin yookaan kaka'umsa mataa isaatiin ogeessa dhimmicha irratti ogummaa addaa qabu muuduu akka danda'u seerri ni tuma<sup>112</sup>. Ijoon falmii ragaan namaa fi sanadaan qulqullaa'uu hin dandeenye yoo

<sup>106</sup> Fakkeenyaaaf, seera adeemsa falmii yakkaa kwt 136 ilaaluun ni danda'ama

<sup>107</sup> Seera Hariiroo Hawaasaa kwt 132, seera adeemsa falmii yakkaa kwt 143, seera yakkaa kwt 51, 54,123 fi kkf ilaaluun ni danda'ama

<sup>108</sup> 11, No.1 page 4 (**የኢትዮ-ሁ. ዓ.ም. 1978**) : የኢትዮ-ሃ.ም. በት.ቁ.ሪ. ከፌ- በመንግስት የቅረብ :

**የተዘረተሰባዊት አ.ት.ዋ.ሪ. ባለያዊ ወታደራዊ መንግስት ፍ/ቤት ከፌ- ተግና ፍርድ መጽሐት ቅዱ 3 ቁጥር 1 ክንስ 56-74 ወቂል እውቀት ያለም ስምም መብት ሥልጣን በስልክ ምህር በለሙያ የተከናና የመሳሰሉት ቅዱ ይጠቀማል::**

<sup>109</sup> Seera yakkaa 448

<sup>110</sup> Seera deemsa falmii yakkaa, kwt 124(1), Seera Yakkaa51(1); 54(3), 454, 742

<sup>111</sup> R. v. Turner, [1974] QB 834 (England.), as cited in Gary Edmond, Simon Cole and et al. (2013). 'Admissibility Compared: The Reception of Incriminating Expert Evidence (Forensic Science) in Four Adversarial Jurisdictions'. University of Denver Criminal Law Review, Vol. 3, pp. 31-109

<sup>112</sup> Seera d/f/h/kwt 133-136

mudatan gaaffii abbootii dhimmaan yookaan kaka'umsa mataa isaatiin manni murtii ragaan ogeessaa akka dhiyaatu gochuun bu'uura murtii godhachuu akka danda'u Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa murtii akeeku kennee jira.<sup>113</sup>

Abbaan alangaa himata Nagawoo Roobaa irratti dhiyeesseen himatamaan daa'ima umuriin ishee wagaa 12 taate irratti saalquunnamtii waan raawwateef seera yakkaa kwt 627(1) jalatti himateera. Wal-qunnamtiin saalaa miidhamtuu irratti kan raawwatame ta'uu ogeessi ibsa akka kennu hospitaalli ajajamee tutuqqaan garagaraa qaama saalaa irratti akka mul'atu garuu durbummaan kan hin banne ta'uu ibseera; qorattootni yaakkaa ibsa kennametti quufuu dhabuun ogeessi biraan qoratee ibsa ogummaa akka kennu taasisuun, dookteerri biroon miidhamtuun durbummaa akka hin qabne ibseera. Hata'u malee, A/Alangaa ragaa ogeessaa isa lammaffaa qofa akka ragaatti dhiyeessee jira. Miidhamtuu dhuunfaan yeroo garagaraa humnaan wal-qunnamtii saalaa fi dhungoo irratti raawwachaa akka ture jecha ragummaa ishee laatteetti; ragootni abbaa alangaa biroon miidhamtuu dhuunfaa irra miidhaan kan gahe ta'uu mana barumsaatti ibsaa kan turte ta'uu ibsaniiru. Akka ragaa ittisaatti haatimanaa himatamaa fi hojjettuun manaa himatamaa jecha ragummaa kannan irratti himatamaan yeroo hunda ganama sa'a 1tti manaa kan bahu, sa'a laaqanaa qofa galee hojiitti kan deebi'uu fi galgala kan galu ta'uu ibsaniiru. Manni murtii ragaalee bitaa-mirgaa erga dhagahee/hubatee booda, ragaalee dhiyaatan irratti hundaa'uun murtii haqa qabeessa kennuun rakkisaa ta'uu hubachuun akkasumas himatamaan ogeessotni yaalaa jiraachuu fi jiraachuu dhabuu durbummaa miidhamtuu irratti jecha ragummaa isaanii barreeffamaan ogeessotni erganii turan qaamaan dhiyaatanii ibsa akka kennan sababa gaafateef, ogeessotni yaalaa dhiyaatanii ibsa kennaniiru. Ogeessi tokko gaafa miidhamtuu qorate isheen durbummaa qabdi turte yoo jedhu, ogeessi biroon ammoo isheen durbummaa hin qabdu turte jechuun ibsa duraan kennanii turan balballoomsaniiru. Ragaa ogeessotni dhimma tokko irratti kennan wal-faallaa ta'uunsa abbootii seeraa falmisiisaa kan ture yoo ta'ellee, manni murtii xumura irratti murtii yoo kennu himatamaan daa'ima waggaa 13 gadii irratti saalquunnamtii ykn tutuqqaa saalaa kan raawwate ta'uun kan mirkanaa'e waan ta'eef, durbummaan baduu fi

---

<sup>113</sup> Xiruwarqi Hordofaa vs. Xirunash Hordofa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, galmeek lak 62041

baduu dhabuun dhimma ijoo falmii ta'u miti jechuun himatamaa hidhaa wagaa 13 adabeera.

Himata A/Alangaa irraa hubachuun akka danda'amu yakki himatamaan ittiin himatame durbummaa balleessuu osoo hin taane saal-qunnamtii miidhamtuu irratti raawwateera kan jedhuu dha. Kanaafuu, bakka ragaan namaa fi naannoo jiranitti dhimma ijoo falmii hin taane irratti ragaa ogeessaa walitti qabuun barbaachisaa hin turre; ragaa ogeessaa ijoo falmii qulqulleessuuf rogummaa hin qabne dhiyaachuun isaa falmii gabaabsuu caalaa falmii kan kan dheeresse ta'eera. Osoo manni murtii ijoo falmii qabame xiyyeffannoona ilaalu baate ta'e ragaan ogeessaa mana murtiitti dhiyaate haqa kan jallis u danda'a ture jechuun ni danda'ama.

### C. Ragaan ogeessaa ragaa bu'aa saayinsiiti

Ragaa ogeessi dhiyeessu *ibsa malootaa fi qajeeltowan saayinsii irratti hundaa'ee kennname yoo ta'e qofa akka ragaatti fudhachuun irratti hundaa'ee murtii kennuu akka qabu seerri yakkaa* ni akeeka. Manni murtii jechi ragummaa ogeessaa ijoo falmii wajjiin kan deemuu fi bu'aa argannoo saayinsii yoo ta'e qofa akka ragaatti fudhachuun murtii kenna (Seera Yakkaa kwt 51 (3); 54(3), 454, 742). Haala tumaalee seeraa kanneen deeggaruu danda'uun, dhimmoota hariiroo hawaasaa ilaachisees *ogeessi dhimma tokko qulqulleessee akka dhiyeessu gaafatamu seerotaa fi hojimaata dhimmi ilaallatuu bu'uureffachuun hojicha raawwachuu akka qabu* Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa akeekaa jira.<sup>114</sup> Hima biraatiin, ibsi ogeessaan kennamu seeraa fi hojmaata dhimmi ilaalu bu'uureffate kan hin kennamne taanaan, ibsa akka ragaan ogeessaatti fudhatamuu danda'u miti jechuu dha.

Kanaafuu, ragaan ogeessaa tokko sirnaa fi duudhaa ogummaan sun gaafatu/hordofu bu'uura godhatee kan kenname ta'uu qulqulleeffamuu qaba.<sup>115</sup> Ragaa ogeessi dhiyeesse maal akka ta'ee fi haala kamiin ragaan dhiyaate qulqulleessee akka dhiyeesse adda akka bahu gochuun amanamummaan ragichaa mirkanaa'u akka danda'u seerri keenya ifatti tumee jira.<sup>116</sup> Itti dabalees, adeemsa hojichaa keessattis ajajaa fi qajeelfama barbaachisaa ta'e manni murtii kennuun hojichi sirnaan akka hojjetamu gochuu akka danda'u s/d/f/h/h kwt 136 ni tuma. Qajeeltoo kana sirriitti hubachuuf, dhimma armaan gadii kana ha ilaalu:

<sup>114</sup> Abbaa Taayitaa Geejibaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee vs. Alebbaachoo Feqede, galmeek lak 97023

<sup>115</sup> Abaa Alagaa vs. Alamaayyoo Asaffaa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, (Jildii 17) galmeek lak 92141

<sup>116</sup> S/d/f/h/kwt 133(3)

## Dhimma 6ffaa

Abbaan alangaa himatamaan durbummaa miidhamtuu dhuunfaa balleesseera jedhee himate<sup>117</sup>; gocha kana mirkaneessuuf ragaa namaa fi ragaan mana yaalaa dhiyaatera. Ragaan ogeessaa dhiyaate durbummaan gamisaan baqaquu ibseera. Manni murtii ragaan ogeessaa kennname bu'aa saayinsii ta'uusaa mirkaneeffachuuuf, ibsa ragicha irratti akka kennaniif dookteroota fayyaa shan qaamaan mana murtiitti akka dhiyaatan taasiseera. Haaluma kanaan, dookterootni dhiyaatan ibsa ogummaa akka itti aanutti kennaniiru. Dooktorotni hunduu afaan tokkoon jiraachuu fi jiraachuu dhabuu durbummaa ogeessi fayyaa waliigalaa dhimma qorachuu danda'u yoo ta'u ogeessi yaalaa jaaynaakologistii ammoo caalatti dhimmicha qorachuuf gahumsa addaa akka qabu ibsaniiru. Membreeniin durbummaa jedhumu ijaan kan argamuu fi akaakuu garagaraa kan qabu akka ta'e baay'inaan garuu akka amartiitti qaama irra kan marsu ta'uu fi al-tokko diigamnaan deebi'ee ijaaramuu kan hin dandeenye ta'uusaa eeraniiru. Wal-quunnamtiin saalaa raawwatamu durbummaa ni diiga; diigamuun sun gudeeddiin ta'uu mala. Gam-tokkoon baqaquun durbummaa garuu sabaoota garagaraa kan akka xuxxuqqaa qubaatiin, wal-quunnamtii saalaa guutuu hin taaneen, utaalchoon, kaachootiin, akkasumas balaa garagaraatiin uumamuu danda'a jedhaniiru. Midhaan durbummaa miidhamtuu dhuunfaa irratti mul'atu (baqaquun durbummaa) saal-quunnamtiin ykn sababa gara biraatiin kan gahe ta'uu qaama miidhamtuu irraatti qorannoontasifame kan hin argisiifne ta'uu irratti jecha ragummaa isaanii kennaniiru.

### D. Ragaan Ogeessaa Ragaa Amanamummaa Guutuun Irratti Gatamu Miti

Ragaa ogummaa irratti hundaa'uun ogeessaan kennamu, ragaa hanqina hin qabne jedhamee kan fudhatamu osoo hin taane ragaa sirnaan madaalamuu qabuu dha.<sup>118</sup> Ogeessi jecha ragummaa isaa kenu hangam beekamaa yoo ta'elée manni murtii jecha ragummaa ogeessaa fuudhu,

---

<sup>117</sup> Taaxeeq, taddese, fuula 217-219

<sup>118</sup> Abaa Alagaa vs. Alamaayyoo Asaffaa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, (Jildii 17) galmee lak 92141

amanamummaa ragichaa haaluma ragaalee biroo madaaluun ragaa sanas madaaluun akka irra jiru Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa ni akeeka.<sup>119</sup>

Ragaan ogeessaa ragaa namaa dhimma ijoo falmii ta'e irratti kennamee wajjiin wal-bira qabamee ilaalamuun, fudhatamummaan isaa murtaa'uu danda'aa jechuu dha; ragaan ogummaa kenname mana murtii kan hin amansiifne taanaan madaalamee kufaa ta'uu ragaa danda'uu dha. Fakkeenyaaaf, murtii armaan gadii haa ilaallu:

Abbaan Alangaa konkolaachisaa Nurhaddiin Xahaa jedhamu irratti himata yoo dhiyeessu<sup>120</sup> himatamaan of-eeggannoo gochuu dhabuun riqicha irratti konkolaataa daa'imma wagga 10tti buusuun miidhaa jabaa irraan gahee yaalmaa osoo jiruu waan du'eef yakka ajjechaa dagaannootiin S/Y kwt 543(2) jalatti himateera. Pilaanii ogeessi kaasee dhiyeese akka agarsiisutti riqicha meetirii 7.6 bal'atu keessatti gimbirraa fageenya 1.25tti daa'imni akka rukutame ibseera. *Ogeessi pilaanii balaan tiraafiikaa, konkolaataa fi bakka balaan itti gahe qorachuun, konkolaachisaan of-eeggannoo gochuu dhabuutiin balaan sun kan dhaqqabe akka ta'e yaada ogummaa isaa kennee jira.* Ragaan namaa dhiyaatan, miidhamaa dhuunfaan waajjiin riqicha irraa ta'aa kan turan, miidhamaa qacceen isa daandii irra buunaan gimbii riqichaa irraa bu'ee fudhachuuf yoo jedhu qaama konkolaataa deemaa jiru gara mirgaatiin rukutamee boodatti kufuu miidhame jechuun jecha ragummaa isaanii kennaniiru. Ragaan ittisaa, konkolaataan suuta deemaa kan turee ta'uu fi miidhamaa dhuunfaan erga konkolaataan isa bira darbee cinaacha konkolaataatti bu'ee kan kufe ta'uu ibsaniiru. Manni murtii ragaalee dhiyaatan hunda xiinxaluun himatamaan ariitii barbaachisuu ol konkolaachisaa akka hin turre, gimbii riqichaa irraa fageenya meetirii 1.25tti miidhamaa cinaacha konkolaataatiin kan rukutame ta'uu fi konkolaataan bakka miidhaan itti gahe irraa meetir 05 qofa deemee kan dhaabate ta'uusaa himatamaan of-eeggannoo ogummaan isaa gaafatuun konkolaachisaa kan turee fi balleessaa kan hin qabne ta'uu agarsiisa jechuun ragaa ogeessi kenne kuffisuun himatamaa bilisa gaggesseera.

Yaadni ogeessi kenu madaalamee kufaa ta'uu danda'a kan jedhamu yoo ta'es, hata'u malee, ragaan ogeessaa ragaa ijaa wajjiin bakka kanatti yookaan bakka sanatti wal-hin simu jechuun

<sup>119</sup> Kaasahuun Taaddasaa vs. Tsedaalee Haftaayi, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, galmee lak 123132

<sup>120</sup> Abba Alangaa Vs. Nurhaddin Xahaa, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, galmee lak 50919

sababoota yartuu kaasuun fudhatatumummaa dhabsiisuun kaayyoo barbaachisummaa ragaa ogeessaa wajjiin kan deemu miti. Yaada kana dhimma qabatamaa armaan gadii kaasuun haa yaallu:

### **Dhimma 7ffaa**

Falmii Abbaa Alanga fi Alamaayyoo Tasfaa gidduu ture irratti<sup>121</sup>, himatamaan makiinaa konkolaachisaa jiruun baajaajii rukutuun konkolaachisaa baajajii waan ajjeeseef, ajjechaa dagannoon himatameera. Abbaan alangaa ragaa pilaanii tiraafiikii poolisii fi ragaa ijaa dhiyeessuun ittigaafatatumummaa himatamaa mirkaneesseera. Himatamaan ammoo ragaa ijaa dhiyeessuun ragaa namaa akka kennan godheera. Manni murtii jalaa xiinxala falmicha irratti kenneen ragaan faccisa jecha ragaa ijaan kenname, ragaa abbaa alangaa ogeessaa fi ragaa namaan kenname kan fashaleesse waan ta'eef, himatamaan bilisaan akka gageeffamu murteesseera. Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa gama isaatiin, manni murtii jalaa ragaa ogeessa tiraafiikii poolisiin dhiyaate dambii tiraafiikii bu'uura godhatee kan kenname ta'uusaa qulqulleessuun amanamummaa ragichaa adda baasuu qaba malee, ragaa namaa namoota ogeessa hin taanee fi ragaalee harcaatuu ta'an irratti hundaa'ee ragaa ogeessaa kuffisuun adeemsa madaallii ragaa kan hordofe miti jechuun murtii jalaa diigeera.

Jechi ragummaa raga-baatuu idilee ragaa ogeessaa caalaa amanamaa hin ta'u; ogeessiakkuma raga-baatuu idilee ragaa dhugaa kennuuf dirqama hamilee fi seera (yakkaa) kan qabu ta'utti dabalee, itti-gaafatatumummaa bulchiinsaa kan qabaatu akkasumas ogeessa biraan ragaa inni dhiyeesse irra deebi'amee madalamuu kan danda'u waan ta'eef, ragaa amanamummaa fooyya'aa qabaatu akka ta'etti fudhatama. Kanaafuu, ragaan ogeessaa kaayyoo barbaachisummaa fi adeemsa dhiyeessa isaa madaaluun hojiirra ooluu kan qabu malee jecha ragummaa raga-baatuu amanamummaan isaa guutuu hin taaneen wal-bira qabamee kan madaalamuu fi kufaa ta'u miti jechuu dha.

#### **E. Dhugummaa ragaa ogeessaa sirna kakuu fi gaaffileen qulqulleessuu**

Amanamummaa ragaa ogeessaa mirkaneessuun barbaachisaa qofa osoo hin taane, haala amanamummaan ragaa ogeessaa itti mirkanaa'aa deemuu qabu seerotni keenyaa fi qajeeltoon

---

<sup>121</sup> Abaa Alagaa vs. Alamaayyoo Asaffaa, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, (Jildii 17) galmee lak 92141

bu'uura seera ragaa ni akeeku. Ragaa-baatuun ogeessaaakkuma ragaa ijaa jecha ragummaa isaa kenuun dura **kakuu raawwachuu** kan danda'u ta'uu (s/d/f/y kwt 136(2) fi 142(2); s/d/f/h/h kwt 133(3)). Dhugummaan jecha ragummaa raga-baatuu ogeessaa, gaaffii qaxxaamuraan qulqulla'u akka danda'u seerotni deemsa falmii ni ajaju (s/d/f/y kwt 136(3), s/d/f/h/h kwt 133(3))

Ogeessi qaamaan dhiyaatee ykn barreffamaan jecha ragummaa isaa kennuu qofa osoo hin taane jechi ragummaa isa jecha amanamaa ta'uusaa mirkaneeffachuuut irraa eegama; jechi ragummaa ogeessi mana murtiitti yookaan qaama aangoo abbaa seerummaa qabu kamiyyuu biratti kenu jecha sobaa yookaan dogoggorsiisaa taanaan yakkaan kan itti gaafatamu ta'a.<sup>122</sup> Sirni itti gaafatamummaa yakkaa seeraan diriire kan jiru ta'uun dhugummaan jecha ragummaa ogeessaa madaalamaa deemuu kan qabu ta'uu keewwata dabalataa akeeku akka ta'etti kan fudhatamuun dha.

### Gaaffilee Marii

1. Ogeessota yaada ogummaa isaanii kenuuf dhiyaatan qabatamatti hangam kaksiisuun jecha ragummaa isaanii irraa fuudhaa jirtu? Gaaffilee qaxxaamuraa fi keessa deebiin jecha ragummaa ogeessaa qulquelleessuuf hangam manni murtii fi wal-falmitootni xiyyeefannoon hojjetu?
2. Falmii Abbaa Alangaa fi Dammee bultii n-3 gidduu ture irratti<sup>123</sup>, A/Alangaa, himatamtuu 1ffaa (ogeettii) deessistuu ta'uun himatamtoonni 2ffaa fi 3ffaa ogeessoota qoricha hadoochu waraanan ta'uun Hospitaala Bishoofstu osoo hojjetani of-eeggannoo ogummaan isaanii gaafatu bahuu dhabuun deessuu Hilinaa Biruukii fi daa'imni ishee akka du'an taasisaniiru jechuun S/Y kwt 32 (1)(a) fi 543(3) jalatti himateera. Ragaan tokkoffaa, abbaa manaa duutuu dha. Jecha ragummaa akka kennetti ganama sa'a 1:00tti *checkupf* duutuu hospitaala sanatti geessuun duutuu limmoo ciniinsuu kennameefiin hanga sa'aa 9:00 tti ulfii fi duutuun haala gaarii keessa akka turan ta'uu, sa'aa 9:30 booda dhiigni ishee yaa'uu eegalee ogeessoota gidduutti opraasiyonii godhamu qabdi yaada jedhu ka'uu ibseera. Himatamtuu 1ffaa ogeessi qorchi hadochuu waraantu bilbilteefii bilbilli akka hin hojjane kan ibsiteef ta'uu, duutuun dhiphina keessa osoo jirtuu fi dhiigni

<sup>122</sup> Seera yakkaa kwt 453(1), 410,

<sup>123</sup> Abbaa Alangaa Vs. Dammee Bultii, Wubisheet Mititkuu fi Tigist Fiqaaduu, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, Galmee Lak 50082

osoo yaa'aa jiru ariitiin wal'aansa kennuu dhabuu ragaa baheera. Ragootni 3ffaa fi 4ffaa ogeessoota fayyaa ispeeshaalistii gadaameessa fi ulfaa BEFO dha. Galmee yaalumsaa duutuu dubbisuu fi ogeessoota hojii sana rawwatan irraa rakkina jiru qorachuun jecha ragummaa qabxiilee 9 qabu kennaniiru. Qoricha ciiniinsuu kennuu dura qophaa'ina gadaameessaa osoo ilaalamame ta'e, jidduu-jidduutti ogeessa ol'aanaan ilaalamuu haala duutuu irra jirtu osoo hordofame ta'ee fi sadarkaa ciininsuu irra jiruu maal akka ta'e qoratameera osoo ta'ee gaarii akka ture akkasumas haala fayyummaa duutuu ilaachisee kan galmaa'e kan hin jirre ta'uu, qoricha hadochaa waliigalaa jedhamu osoo fayyadaman ta'e daa'imni carraa dafee dhalachuu kan qabu ta'uu, himatamtuu 1ffaa qoricha hadoochaa filachuu keessatti gahee kan qabu ta'uu, dhiigni duutuu humnaa ol osoo dhangala'uu tarkaanfii fudhatamuu qabu ogeessa olaanaa muuxannoo qabuu wajjiin mari'achuu dhabuun himatamtuu filatamaa miti jedhaniiru. Galmee irratti wanti galmaa'e guutuu waan hin taaneef ogeessi baqaqasanii hodhuu raawwate lubuu baraaruudhaaf waan gochuu qabdu hunda gootee jirti jedhanii yaada kennuu akka hin dandeenye ibsaniiru. Dhiigni baay'een dhangala'uun du'a duutuuf sababa isa olaanaa fakkaata; daa'imni yeroo dhalachuu qabu dabarsee waan dhalateef ukaamamee akka du'e tilmaama jechuun yaada ogummaa kennaniiru. Himatamtuu tokkoffaan bu'uura s/d/f/y kwt 142 (3) jecha kenniteen ani deessuu hordofaa hin turre, deessuu kanan arge sa'a 10:00tti yoo ta'u, *midwafariin* hordofamaa turte. Deessuun opreeshiini yoo seentu dhiiga hin qabdu, daa'ima ishee qofatu jalaa ukaamame. Opreeshiinii erga xumuree booda gadameessi kottoonfate iddootti deebi'u dhabuutiin dhiiguu jalqabde; dhiiga dhaabuuf qorichi kennameeffi jira. Qoricha kanaan gadaameessi koteenfachuu diiduu isaatiin sukumnee kanaanis dhaabachuu dinnaan opreeshiinii 2ffaatiin banne ujummoo gurgudoo gara gadameessaaatti dhiiga geessan 2n gudunfine.

Ragaa ittisaa 1ffaa *Speeshaalistii gadameessaa fi ulfaa Hospitaal Bishooftuuti; gaafa rakkoon sun uumame isaa fi himatamtuun ganamaa jalqabanii opreeshiinii biraahojjachaa kan turanii* fi duutuun osoo ciininsuu irra jirtuu daa'imni ukkaamame jedhamtee akka waamamtee fi dhangala'iinsi dhiigaa dhaabachuu diiduu dagannoodhaan waan dhufu akka hin taane ibsuun, himatamtuun hojii dandeessuu fi ogummaan ishee hayyamu raawwattee kan jirtu ta'uu ragaa baheera. Ragaa ittisaa 2ffaa oggeessa hojii deessisuу yoo taatu jecha ragummaa kenniteen, himatamtuun opreeshiini

hojjatee mucaa baaste isheetti kennitee gara deessuu hodhuutti akka deebite, ishiin yeroo sana waan lama hojjachuu akka hin dandeenye ibsiteetti. Itti dabaluunis, daa'imni tokko garaa haadhaa keessaa bahe ofiin arganuu danda'uu qaba; daa'imni ukkaamamee waan tureef rukuttaa onnee qofaan waan hin jiraaneef argansuu yaalaan deebisuuf oksijiinii laaneefii deebi'uu hin dandeenye, garuu daa'imni lubuudhaan dhalate. Yeroon dahumsaa darbuun isaa fi ciiniinsuun deessuu irra turuun isaa daa'imni akka ukkaamamuuf sababa ta'uu ni danda'u jetteetti.

Ragaa ittisaa 3ffaa himatamtuu, ***abbaamanaa ishee yoo ta'u oggummaa isatiin Emergency Sergical Ofiser (SIOS)*** dha. Midhamtuun erga ciiniinsu irra darbee kan hospitaala cifie. Deessuu hundumaa Midwaiferootatu hordofa, ISOn warra rakkina qaban qofa bira dhaabbattee hordofti. Opreeshiinin 2ffaa yoo godhan achuman ture opreehiiniin dura godhame dhiigni dhaabachuu yoo didee istaandardii oggummaan heyyamuun, dura gadaameesatu sukkumame, achiin booda qorichi kenname, hidda dhiigaa gara gadaameesaatti galu lamaan hidhaman, dhiignii dhaabachuu dinnaan murtiin dhumaan gadaameesa baasuu ture. Kun hundi hojjetameera. Dhiigni miidhamtuu baay'ee waan dhangalaa'eef lubbuun darbuu danda'e. Dhiignii hospitaala keessa jiru dhiigni yuuniitiin 2 keename jira, ambulaansiin dhiiga dabaltaa Finfinnee deemee akka fidu godhamee osoo hin gayiin lubuun ishe darbe. ***As irratti galmee isaanitiis argeen jira achii irrati wanti tokko kan hin galmoofne hin jiru; bifaa istandardii isaa eggateen galmaa'e jira.***

Ragooleen ittisaa himatamtoota 2ffaa fi 3ffaa kan ta'an ragoonni 1ffaa fi 2ffaa ogeessoota Ansthesia fi waldaa Oggeessota Ansthesia irraa ergamanii dhiyaatan jecha ragummaa kennaniin, dhimma ogummaa ansthesiaatiin ogeessii gadaammeessaa yaada kennuu hin danda'u qoriicha gosa kamtu kennamuu qaba kan jedhu kan murteessu ogeesuma ansthesiatti malee qaama biraa miti. Ragaan ittisaa barreffamaan1ffaa waldaa ansthesiota Itiyoophiyaa irraa dhufe gosti addochituu kenname sirrii ta'uu fi dhiiguniis ta'e duutii haadhaa fi daa'imaa tajaajila oggeessa addochituu waliin kan wal hin qabanne ta'uu ibseera. Ragaan barreffamaa Abbaa Taayitaa Bulchiinsaa, Kunuunsaa fi To'anno Qorichaa fi Fayyaa Ityoopia irraa barreffamuun, koreen naamusaa ogeessota Fayyaa qorannoo gaggeessaniin kenname qorichi hadoochituu kennamuu fi baqaqsani hodhuu

lammaffaa sirrii ta'uu akeekuun dogoggorri ogummaa raawwate kan hin jirree ta'uu ibseera.

Manni murtiis ijoo falmii lama qabateera: **himatamtuun Iffaa ogeettii deessisuu olaanaa taatee osoo hojjettuu hanqina hojii ogummaa raawwatteen deessuun du'uu dandeessee? Himatamtootni 2ffaa fi 3ffaa qoricha adoochu kennaniin walqabte dagannoo ogummaa raawwataniijiruu?**

Himatamtuun 1ffaan, duutuun cistee akka qoricha ciininsuu fudhachuu qabdu gaafa 14/02/2009 kan ajaje ta'uu ragaan barreffamaa fi namaa mirkaneessaniiru; himatamtuunis hin waakkanne. Garuu hanga guyyaa 15/02/2009 sa'aa 10:00 tti deessuun sadarkaa kami fi eessa akka jirtu hin ilaalle. Qoricha cininsuu ajajuun dura qophaa'ina gadaameessaa, haala balbalaa gadameessa, haala mucaan irra jiruu kan qulqulleessite ta'uu kan mirkaneesse hin jiru. Yeroo waamamtee kutaa operashisnii geessu ogeessotni qoricha adaachu waraanan hin jiran jechuun dhibaa'ummaa agarsiisaa turte, yeroo gubuun alatti ogeessotni dafanii akka dhufan gochuunis hata'u filannoo biroo fudhatamu ilaachisee tarkaanfii fudhatte hin qabdu.

Manni murtii Ragaa Abbaa Taayitaa Bulchiinsaaf Kunuunsaa fi To'annoo Qorichaa Fi Fayyaa Itoopiya irraa barreffame hanqinnoota qaba jechuun kufaa godheera. Koreen naamusa ogeessoota fayyaa danbii 266/2006 kwt.71(1) aangoo nu kennameen murtii kennineerra kan jedhanif, akka labsii 661/2002 kwt 3(3)tti rakkoo ogeessota tajaajila Hospitaala Oromiyaa jala jiraniin walqabate uumamu dhimma naamusaa isaanii qulqulleesse tarkaanfii fudhachuuf Aangoo kan qabu Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa dha. BEFO dhimma naamusa ogeessota isa jala jiran qulqulleesse tarkaanfii naamusaa fudhachuuf aangoo guutuu qaba. Kanaafuu, ibsi koreen naamusaa A/T/B/K/T/Q federaalaa faallaa ibsa BEFO waan ta'eef fudhatama seeraa hin qabu; sirna federaalawaa biyya keenyas akka fudhannu kan hayyamu miti. Itti dabalees, ibsi sun ogeeyii akkamiin akka barreffamee, isaan eessatti walghanii murtii sana akka dabarsanii fi maal irratti hundaa'uun ibsa akka kennan hin agarsiisu. Qaamanis mana murtiitti dhiyaatanii ibsa kennan diddiriirsanii hin agarsiifne waan ta'eef, akka ibsa ogeessatti fudhachuun nu rakkisa jechuun kufaa godhaniiru. Haaluma kanaan, himatamtuu 1ffaa kwt 543(3) jaltti balleessaa qabdi jechuun hidhaa waggaan sadii fi ji'a torbaan adabeera. Gosa qoricha adoochituu filachuun walqabte rakkoon ogummaa raawwatame hin jiru

jechuun, himatamtoonni 2ffaa fi 3ffaa balleessaa hin qaban jechuun bilisaan gaggeeffamaniiru.

1. Ragaaleen ogummaa dhaabilee federaalaa irraa dhiyaatani fi naannoo irraa dhiyaatan yoo wal faaleessan kamtu fudhatamuu qaba? Danbii 266/2006 kwt.71 (1) fi labsii 661/2002 kwt.3 (3) wal bir aqabuun madaalaa.
2. Ogeessotni jecha ragummaa barreeffamaa A/T/B/K/T/Q irra ergame barreessan mana murtiitti kan hin dhiyaanne, barreeffamicha irratti ibsa kan hin laatnee fi hanqinaa fi gahumsa hojii wallaansaa ifatti kan hin ibsine waan ta'aniif ragicha kuffiseera jechuun manni murtii murtii kenneera. Ragaa ogeessaa sana kuffisuuf sababootni akka qajeeltootti manni murtii fayyadame hangam xiyyeffannoo argachuu qabu jettu?
3. Manni murtii badii ogummaa raawwatame jedhame madaalee murtii kennuuf tooftaalee akkamiitti fayyadamuu qaba? Firummaa fi dhugummaa jecha ragummaa ogeessaa kennaman akkamitti madaaltu?
4. Ragaalee ittisaa himatamtuu (ogeenyii fayyaa ta'an) akka ragaa namaatti moo akka ragaa ogeessaatti fudhachuun danda'ama?
5. Dhimmi kun dhaddacha ijibbaataa MMW Federaalaa jildii 12<sup>ffaa</sup> lakk.G.14981 ta'een ilaalee murteessee dha. Dhimmichi M/M/Ol'aanaa Godinaa Shawaa Bahaatti kan eegalee dha. Dhimmicha keessatti iyyataan ammaa...waamamtuun qarshii namni obbo Muhammad Abrhaama jedhamu baankii keenya irraa liqeeffateef wabii taatee qabeenya ishee wabummaan qabsiiftee waan jirtuuf bu'uura dirqama seenteen akka naaf raawwatu kan jedhu yommu ta'u, waamamtuun ammaa wabii ta'uu ishee fi mallatteessuu ishee haalteetti. Kana booda manni murtiichaa ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee itti fufuudhaan kutaan qorannoo foorsiikii Federaalaa qulqulleessee akka gabaasuuf ajajee, bu'aan isaas dhiyaateera. Bu'aan dhiyaate mallattoon kan waamamtuu akka hin taane agarsiisa. Manni murtiichaa murtii osoo hin kenniin dura ragaa namaa dhagahuun isaa adeemsa sirrii akka hin taane ibse bu'uura sdfhh keewwata 207 tiin ragaa namaa dhagahamee turee kuffiisee bira darbuun bu'aa foreensiikii dhiyaate bu'uura godhachuun waamamtuun itti gaaftamummaa hin qabdu jedhe murteesseera. Iyyataan murtii kana komachuun M/M/Waliigala Oromiyaatti iyyatus kufaa jalaa taasiseera. Kanuma komachuun dhaddacha ijibbaataatiif kan dhiyaate yommuu ta'u, dhaddachi ijibbaataas

"biyyi keenya tumaa seeraa ragaa dhimma kanaaf rogummaa qabu hin qabdu.Haata'u malee kan biyyoota biroo yommuu ilaallu ragaan ogeessaan kennname ragaa dhuma(conclusive) miti, ragaan ogeessaa kun qorannoo saayinsii kan bu'uureeffate ta'us saayinsiin mataan isaayyuu kan amantaa guutuun irratti gatamu miti, gama birootiin manni murtii ol'aanaa ragaa namaa dhimmicha irratti dhiyaatan dhagahuun isaa sirrii ta'ee osoo jiruu, sababa tokko malee tumaa seeraa deemsaa rogummaa hin qabne keewwata 207 caqasee kufaa taasisuun isaa sirrii miti, manni murtichaa ragaan sun amanamummaa ykn fudhatamummaa kan hin qabne yoo ta'e haala kana osoo hin eerin duchumatti sababa ragaan ogeessaa dhiyaateef kufaa gochuun sirrii miti' jechuudhaan murtii manneen murtii jalaa diigee waamamtuu itti gaaftamummaa qabdi jedhe akka kaffaluuf murteesseera.

- i. Jechi ragaan raga-baatuu idilee fi yaadni ogeessaa kan wal-faallesse yoo ta'e isa kamtu fudhama argachuu qaba?
- ii. Dhimmaa armaan olii irratti dhaddachi ijibbaataa murtii Jildii 17 galmee lak 92141 ta'ee fi armaan olitti ibsame jiru irraatti kenne jiru waliin akkamitti ilaaltuu?

#### 4. Ragaa Sanadaa

##### A. Hiikkoo Sanadaa

Jecha **Sanada** jedhu guuboon jechootaa beekamoon akka ibsanitti, fakkeenyaaf *Black's Law Dictionary* akka hiikutti, sanadni wanta jajjabaa harkaan qabamuu danda'u kan jechi, fakkiin yookaan mallattoon garagaraa irratti bocame ta'ee ergaa guutuu dabarsuu danda'uu dha.<sup>124</sup> Ragaan barreeffamaa qofatti yoo ilaalamu, bara dheeraatiif ragaan jechaan waraqaa irratti ibsame jedhamee fudhatamaa kan turee dha; guddina tekinolojiin walqabatee barreeffamoota ***softcopy*** jiran akka ragaatti fudhatamaa hin turre. Yeroo dhiyeenya keessa garuu, biyyootni baay'een barreeffamoota ***softcopy*** n jiran haala addaan akka ragaan barreeffamaatti fudhachuun akka danda'amu haalli itti tuman jira. Fakkeenyaaf, Biyyi Faransaay bara 2000 ALA jecha '**Ragaa barreeffamaa'** jedhuuf hiikkoo kennuun ragaan barreeffamaa ibsa waraqaa fi wantoota jajjaboo

---

<sup>124</sup> Bryan A. Garner (chief editor), Black's Law Dictionary, 7<sup>th</sup> ed., (West Group), 1999; የኢትዮጵያ የመሆኑን ማስረጃ ማስረጃ ማስረጃ (1997); fula 246

biroo irratti ibsamee akkasumas *electronic written document* kan dabalatu ta'uu tumaa seera isaanii fooyyessuun ibsanii jiru.<sup>125</sup>

Seerri Hariiroo Hawaasaa (Civil Code) Keenya *sanadni* ykn *ragaan barreeffamaa* maal akka ta'e hin ibsu. Haa ta'u malee, labsiileen tokko tokko sanadni maal akka ta'e ilaalchisanii hiikkoo yoo kennan ni mul'atu. Fakkeenyaaaf, Labsiin Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaala lak 922/2008 kwt 2 irratti, **Sanada** jechuun waliigaltee, dhaamoo, barreeffamaa aangoo bakka bu'ummaa, ragaa barnootaa ... fi **barreeffama** labsichaan qaama aangoo qabu biratti dhiyaatee mirkanaa'uu danda'u kamiyyuu akka ta'etti ibsee jira. Akka hiikkoo labsii kanaatti, sanadni barreeffama waraqaa ykn wanta jajjaboo biroo irratti barreeffamee fi ergaa guutuu kan dabarsu akka ta'etti qaacesseera.

Labsiin Kaffaltii Temberaa lak 110/90 fi 612/2005 **sanada** jechuun odeeaffannoo barreeffamaa mirgi yookaan dirqamni keessatti hundeeffame, ittiin galmaa'e, ittiin darbe, ittiin dhabamsiifame, hangi isaa ittiin murtaa'e, ittiin tamsa'e yookaan raawwiin jedhame ittiin raawwatame kamiinuu kan hammatuu dha.<sup>126</sup> Labsiin kun waliigaltee ykn barreeffamni kamiyyuu qaama mootummaa aangoo qabu biratti dhiyaatee mirkanaa'u yookaan raawwatamu kamiyyuu kaffaltii tembeeraa raawwachuu akka qabu kan tumu waan ta'eef, akka labsii kanaatti sanada jechuun waraqaa irratti barreeffama ibsame akka ta'etti fudhatama jechuun ni danda'ama.

## B. Garee Sanadootaa (Akaakuu Sanadootaa)

Seera ragaa bu'uura godhachuun sanadni bakka gurguddaa lamatti qoodamuu danda'a. Sanadootni sadarkaa tokkoffaa irratti eeraman, sanadoota ulaagaalee seerri teechisu guuttachuun wal-taatota/waliigaltootaa fi raga-baatotaan mallatteeffaman waan ta'aniif, sanadoota ijoo falmii mirkaneessuuf gahumsa olaanaa qaban jedhamanii fudhatamani dha. Sanadootni qaama mootummaan maddisiifaman, sanadootni qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'an akkasumas sanadootni namoota dhuufaan maddisiifamuun wal-taatotaa fi raga-baatotaan mallatteeffaman sanadoota akka ragaatti fudhatamuu danda'anii fi sanadoota sadarkaa tokkoffaatti eeraman ta'anii fudhatamu. Sanadootni sadarkaa lammaffaa irratti eeraman ammoo sanadoota waliigaltoota garee lamaaniin hin mallatteeffamane, gabaasa, xalayoota, galmee herregaa dhuunfaa, waraabbii/photocopy, fi kkf yoo ta'an ragaa sanadaa amantaan guutuu irratti gatamu

<sup>125</sup> Martin Oudin (Ph.D), Evidence in Civil Law-France, Institute for Local Goverance, (2015), fuula 27

<sup>126</sup> Labsii kaffaltii tamberaa, lak 110/90 fi lak 612/2001, kwt 2(5)

ta'anii kan fudhataman waan hin taaneef, haala addaa qofa keessatti akka ragaatti fudhatamuun bu'uura murtii ta'uu danda'u.

## **1. Sanadoota Sadarkaa Tokkoffaa (Ragaa Sanadaa)**

Armaan olitti akka ilaalle sanadoota sadarkaa tokkoffaa irratti eeramanii fi qaama kamiinuu akka ragaatti fudhatamuun danda'an, sanadoota mirkanan'anii, fi waliigalootaa fi raga-baatotaan mallatteeffamii dha. Sanadootni akaakuu akkasii sanadoota yeroo kamiinuu akka ragaatti fudhatamummaa qaban yoo ta'an, qaama murtii kenu biratti yeroo dhiyaatan ragaa sanadaa jedhamanii beekamu. Ragaa barreffamaa jedhamanii seera waliigaltee keessatti kan caqasaman akkasumas seera hariiroo hawaasaa kwt 2005-2015tti tarreffamanii kan jiran ragaa barreffamaa sadarkaa tokkoffaa dha. Fudhatamummaa fi haala madaallii ragaa sanadaa sadarkaa tokkoffaa kana akka armaan gadiitti bal'ifnee ilaaluu yalla.

### **i. Fudhatamummaa Ragaa Sanadota Sadarkaa Tokkoffaa: Akka Waliigalaatti**

Ragaan sanadaa akaakuu ragaa bal'inaan hojiirra ooluu fi ragaa fudhatamummaa olaanaa qabuu dha. Seerri keenya ragaan sanadaa ragaa amanamummaan olaanaa irratti gatamuun danda'u akka ta'etti kan fudhatu ta'utti dabalee aguuggii bal'aa kennuufiin xiyyeffannoo gahaa akka argatu taasisseera jechuun ni danda'a.<sup>127</sup> Aguuggiin bal'aa s/h/h keessatti kennamuufiitti dabalatee labsiin akka mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa tumamanii hojiirra ooluun isaanii akaakuu ragaa kanaatiif xiyyeffannoonaan bal'aan kan kennname ta'uu akeeku.

Seerri hariiroo hawaasaa kwt 2005 akka tumutti ragaan barreffamaa qabiyyee ofirratti qabatee jiruu fi guyyaa irratti barreffamee jiru ilaachisee namoota sanadicha irratti mallatteessan gidduutti ragaa amantaan guutuu irratti gatamu ta'ee akka fudhatamu ibsa. Hima biraatiin, qabiyyee waliigalaa sanada tokkoo irratti namootni waliigalanii fi sanadicha irratti mallatteessuu isaanii amanan, qabiyyee sanadichaa ilaachisee garuu kan wal-dhaban yoo ta'e, ragaa nama, ragaa naannoo yookaan tilmaama sammuun mirkaneessuun hin danda'amu. Gama kanaan, carraa namni sanadicha yookaan qabiyyee isaa haalaa jiru qabu tokko qofa: namni sanadni dhiyaatee fi qabiyyeen isaa sirriidha jedhu sirrii ta'uu isaa kakatee akka mirkaneessu gochuu dha.<sup>128</sup> Irra deebiin ibsuuf, qabiyyee sanada bitaa-mirgi irratti mallatteessuu isaanii amanuun qabiyyee isaa irratti garuu waldhaban mirkaneessuuf ragaan nama, namoota raga-baatota ta'anii sanadicha

---

<sup>127</sup> Fakkeenyaaaf, s/h/h kwt 2898, 1720 fi 1725 ilaaluun ni danda'ama.

<sup>128</sup> s/h/h kwt 2006(1)

irratti mallatteessan dabalatee, dhiyaachuu akka hin dandeenye hikkoon seerichaa ni ibsa.<sup>129</sup> Haa ta'u malee, ergaa tumaa seera kanaa sirriitti hubachuu dhabuutiin yookaan sababa biraatiin ta'uu malaa, manneen murtii keenya faallaa tumaa seera kanaatiin murtii osoo kennanii mul'atu. Akka fakkeenyatti, dhimma armaan gadii kana haa ilaallu.

### Dhimma 7ffaa

Dhimma tokko irratti<sup>130</sup> himatamtootni qarshii 20,000 gaafa 23/09/2007 narraa liqeeffatanii waan naaf hin deebifneef, maallaqa liqeeffatan, adabbii irratti waliigalan (qarshii 5000) fi dhala isaa % 9 wajjiin akka naaf kaffalan jechuun himataan himateera. Akka ragaatti waliigaltee barreeffamaa fi raga-baatota waliigaltee sana irratti mallatteessan dhiyeesseera. *Himatamtootni akka deebii kennanitti, himataan qarshii 10,000 qofa nuuf liqeesssee jira; nuyi qotee bultoota barreessuu fi dubbisuu hin beekne waan taaneef maallaqa liqeeffanne dachaan akka kaffallu nu gaafachuun isaa seeraa ala; qabiyyeen ragaa barreeffamaa dhiyaate sun sobaa jechuun falmaniiru.* Manni murtii ijoo falmii 'Qarshiin liqeeffame meeqa?' jedhu qabachuun ragaa namaa dhiyeessisee dhagaheera. Raga-baatotni ragaa barreeffamaa sana irratti mallatteessan dhiyaatanii jecha ragummaa isaanii akka kennanitti himatamtootni qarshii 20,000 liqeeffachuu, sanada waliigaltee sana irratti mallatteessuu fi barreeffamichis isaaniif dubbifamuu ragaa bahaniiru. Raga-baatotni faccisaamoo himatamtootni qarshii 10,000 qofa himataa irraa fudhachuu akka beekan ibsanii jiru. Haaluma kanaan, manni murtii qarshii 20,000 liqeeffachuu himatamtoota ragaa barreeffamaa fi namoota sanadicha irratti raga-baatota ta'aniin mirkanaa'ee waan jiruuf, himatamtootni maallaqa liqeeffatanii fi adabbii ibsame qarshii 5000 walumatti qarshii 25,000 akka kaffalan murteesseera.

Falmii olitti dhiyaate irratti himatamtootni qarshii 20,000 liqeeffanne jedhanii akka hin mallatteessine falmaa jiraachuun isaanii mallattoon sanadicha irra jiru kan isaanii akka hin taane ifatti haalaniiru. Murtii mana murtii jalaa irraa ifatti mul'achuu baatuus kamiin ol'iyyannoo isaanii akka agarsiisutti mallattoon sanada akka ragaatti dhiyaate irra jiru mallattoo himatamtootaa akka hin taane osoo ibsanii fi mallattichi akka qorachiifamu osoo gaafatanii

<sup>129</sup> የአሁን ተኩም፡ የኢትዮጵያ የወ.ሸ ህግ መሰረት ሁሉም፡ ለሰተኛ እትም፡ 7 387

<sup>130</sup> Warquu Daadhii vs. Magarsaa Hordofaa fi Qanno Booranaa, Mana Murtii Aanaa Ada'aa, Galmee Lak 59310

manni murtii ragaa namaa dhagahee murtii kenuun isaa sirii miti jedhaniiru. Hata'u malee, manni murtii waliigaltee liqaa qarshii 500 ol ragaa barreeffamaan hundaa'uu fi mirkanaa'uu qabu akkasumas barreeffamni akka ragaatti osoo dhiyaatee jiruu, qabiyyee sanadichaa fi mallattoo sanadicha irra jiru qulqulleessuuf ragaa namaa dhagahee jira.

Qabiyyee fi guyyaan sanada tokkoo irratti ibsame, namoota sanadicha irratti mallatteessan gidduutti, ragaa amantaa guutuun irratti gatamu ta'ee fudhatamu kan danda'u, sanada waliigaltee bu'uura foormii seerri ajajuun qopheeffame malee waliigaltee seerri barreeffamaan ta'uu qaba hin jenneef raawwii kan qabu akka hin taane s/h/h kwt 1678(c), 1719(2) fi 1722-1727 ni ibsu; Dhaddachi Ijibbaata Federaalaas falmii Shifarraa Dajanee faa fi Tsehaay Tesfaayee gidduu ture irratt<sup>131</sup> sanadni ragaa amantaa guutuun irratti gatamu ta'ee fudhatama argachuu qabu, waliigaltee barreeffamaa bu'uura seerri dhimma waliigalteen irratti raawwatamaa jiru bitu ajajuun kan qophaa'e ta'uu akka qabu akeekeera. Hima biraatiin, sanadni akka ragaatti dhiyaate tokko ulaagaalee seerri dhimmi ilaalu ajajuun qophaa'ee kan dhiyaate yoo hin taane, ragaa ijoo falmicha qulqulleessuuf qofaa isaa gahumsa qabu ta'uu hin danda'u jechuu dha; ragaa akaakuu biroo irraa adda bahee kan ilaalamu waan hin taaneef ragaan namaa ykn ragaan naannoo dhimmicha qulqulleessuf gahumsa hin qaban jechuun hin danda'amu. Murtiin armaan gadii ibsa kennname kana caalaatti akka hubatamu ni taasisa.

Falmii tokko irratti bitaa-mirgi mana jirenyaa walirraa bituu fi waliigalteen sun barreeffamaan kan hundaa'e ta'uu wal-amantuun hanga maallaqa bitaa-gurgurtaan sun ittiin raawwatamee fi maallaqa wal-harkaa fudhatan irratti garuu wal-haalaniiru. Manni murtii jalaa waliigalteen barreeffamaa namoota waliigalticha mallatteessan gidduutti ragaa amantaa guutuun irratti gatamu ta'ee kan fudhatamu waanta'eef, ijoowwan bitaa-mirgi wal-haalan ragaa biraatiin mirkaneessuun waan hin danda'amneef bu'uura ibsa ragaa sanadaa dhiyaate sanaan waliigalticha akka xumuran murteessaniiru. Manni Murtii Ijibbaata Federaala garuu waliigalteen barreeffamaa dhiyaate sun bu'uura s/h/h kwt 1678(3), 19(2) fi 1723(1) qophaa'ee qaama aangoo qabu biratti kan mirkanaa'e waan hin taaneef, ragaa sanadaa amantaan guutuu irratti gatamu akka hin taanee fi ijoo waliigaltootni irratti wal-haalan ragaa akaakuu biraatiin akka hin mirkanoofne kan dhorku akka hin taane murtii kennee jira.

---

<sup>131</sup> Shiferrawu Danye fi Tsehay Tesfaye vs. Siisaayi Abbabuu, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, galmeek lak 78398 (Jildii 14ffaa)

Murtiin olitti dhiyaate akka agarsiisutti ragaan baruu tokko ragaa sanadaa seerri dhimmi adda bahee tokko ragaa sanadaan malee ragaa birootiin hin mirkanaa'u jedhu mirkaneessuu kan danda'u barruun sun bu'uura tumaa seera hariroo hawaasaa kwt 1678-1723 jiruun kan qophaa'e yoo ta'e qofa ta'uu agarsiisa. Hima biraan, murtiin olii kun waa'ee qaama dhimmi ilaaluun mirkanaa'uu ragaa sanadaa kan ibsu osoo hin taane ragaan tokko ragaa sanadaa jedhamuuf haala kamiin kan qophaa'e ta'uu akka qabu ibsa kan kennuu dha.

Mata-duree kana jalatti dhimmi xiyyeffannoo barbaadu tokko ragaan namaa fi sanadaa walfaana ijoo falmii qabame mirkaneessuuf yoo dhiyaatan, akaakuu ragaalee lamaan sana attamitti madaalamuu qabu kan jedhuu dha. Gabaabaatti, ragaan sanadaa dhiyaate ijoo falmii mirkaneessuu kan hin dandeenye taanaan, gara ragaa namaatti darbuun osoo hin barbarbaachisiin, murtii kennuun ni danda'ama moo hin danda'amu kan jedhuu dha. Yeroo tokko tokko ragaan sanadaa ragaa namaa caalaa amanamummaa waan qabuuf<sup>132</sup>, ragaan sanadaa akka ragaatti dhiyaate kufaa taanaan gara ragaa namaa madaaluutti darbuun barbaachisaa miti yaadni jedhu ni calaqqisa. Seerotni deemsa falmii keenyaa akka ibsanitti garuu manni murtii ragaalee dhiyaatan hunda madaaluun murtii kennu akka qabu ni akeeku<sup>133</sup>. Kanaafuu, ragaan sanadaa jecha ragaa namaa caalaa fudhatama qabaata ejjennoo waliigalaa jedhu irraa ka'uun ragaan sanadaa dhiyaate madaallii ragaa keessatti kufaa yoo ta'e, manni murtii ragaalee namaa eeraman dhaga'uun jecha ragummaa isaanii madaalee murtii kennu kan qabu ta'uu, dabalataan Dhaaddachi Ijibbaa Federaalaas murteessee jira.<sup>134</sup>

## ii. Sanada mirkanaa'ee galmaa'e

Qaamoleen hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjechuuf aangeffaman qabiyyeen sanada dhiyaate tokko seeraa wajjiin kan wal-simu ta'uu, dhimmi irratti waliigalan dhorkiirraa bilisa ta'uu, hayyama guutuu waliigaltootaatiin kan hundaa'aa jiru ta'uu, fi foormalitii barbaachisan hunda kan guuttate ta'uu mirkaneessuun waliigalticha irratti bitaa fi mirgi irratti erga mallatteessanii booda, waliigaltichi kan hundaa'e ta'uu fi kan mirkanaa'e ta'uu galmeessuun haftee isaa ammoo waajjira isaanii keessatti ol-kaa'u.<sup>135</sup> Faayidaa fi amanamummaa qabiyyee

<sup>132</sup> Fakkeenyaaaf, s/h/h kwt 2898 ilaali

<sup>133</sup> Fakkeenyaaaf, s/d/f/h/h kwt 140, 137 fi 249, 266,

<sup>134</sup> Kubbaaniyaa Sekuuriittii Liyonii vs. Xilaahun G/Igzaabiher, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, galmee lak 42706

<sup>135</sup> Labsii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 10-16

sanada mirkanaa'ee ilaachisee murtiin armaan gadii tumaa labsii kanaa dabalataan diddiriirsee ibsee waan jiruuf, gabaabsinee haa ilaallu.

Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddachi Ijibbaata falmii Heden Kaasayii fi Asteer Demis gidduu ture irratti<sup>136</sup>, waliigalteen sababoota garagaraatiif qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'ee akka galmaa'u ta'a: eenyummaa, dandeettii fi mirga waliigaltootaa akkasumas bilisaan hayyama isaanii kennuu mirkaneessuu qofa osoo hin taane guyyaa waliigaltichi itti irratti waliigalames adda baasee kan agarsiisuu dha. Guyyaa waliigalteen tokko itti raawwate ilaachisee bitaa-mirgi kan waliigaluu dhaban taanaan, guyyaan sanada mirkanaa'e irra jiru guyyaa waliigaltichi raawwatame ta'ee fudhatama jechuun murteesseera.

Namootni hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hojjetan hojicha qulqullinaa fi itti gaafatamummaa guddaan raawwachuuf dirqama seeraa fi lammummaa waan qabaniif, hojii sanada mirkaneessuu fi galmeessuu fudhatamummaa seeraa qaama kamiinuu duratti akka qabaatu taasifameera.<sup>137</sup> Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko ragaa amanamummaa guutuun irratti gatamuu fi qaama kamiinuu murtiin irratti hundaa'ee kennamu akka ta'e Labsiin Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa ni tuma,<sup>138</sup> Dabalataanis, s/h/h kwt 2010 fi 2011 waliigalteen barreffamaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'ee galmaa'e sanada qaama kamiyyuu duratti fudhatama qabuu fi irratti hundaa'uun murtii kennun danda'amu akka ta'e ifatti tumee jira. Qabatamattis, gita amanamummaa sanadni mirkanaa'ee galmaa'e qabu murtiin ittaanee dhiyaate yaada dabalataa ni kenna.

Ijoo kana wajjiin falmii wal-qabatu ilaachisee murtii Dhaaddachi Ijibbaataa Federaalaa kenne tokko irratti sanadni qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'uun akka ragaatti dhiyaate simatamee xiyyeffannoo (ulfina) ragaa argachuun murtii kennamuuf galtee ta'uu akka qabu ibsee jira.<sup>139</sup> Itti dabaluunis, sanadootni mirkanaa'anii galmaa'an hanga qaama dhimmi ilaaluun fudhatama hin qabu

<sup>136</sup> Heden Kaasay fi Aster Demse vs. Seeyife Alamu, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, galmeek lak 98583 (Jildii 19ffaa)

<sup>137</sup> Labsii mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa federaalaa, lak 922/2008, kwt 31,

<sup>138</sup> Seera hariiroo hawaas 2010(2); Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 23; hata'u malee, sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko seeraa ala mirkanaa'ee jedhamee qaama sanadicha mirkaneesseen dorkamee jiru hanga dhorkichi hin kaanetti akka sanadichi hin mirkanoofnetti fudhtamuun fudhatamummaan sanadichaa amantaan guutuun kan irratti hin gatamne ta'a jechuu dha

<sup>139</sup> Abbaa Taayitaa Gumuruukaa fi Galiiwanii Buufata To'anno Hararii vs. Saayfeddiin Abduqadir, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, Galmeek Lak 89640 (Jildii 15ffaa)

jedhamee murtiin irratti hin dabarretti ragaa amantaan irratti gatamu ta'ee kan fudhatamu ta'uu murteesseera.

Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko ragaa sanadaa qabiyyeen isaa amanamuma yoo ta'el ee gaaffiin amanamummaa qabaachuu dhabuu irratti kan ka'u miti jechuu miti. Amanamummaa sanada mirkanaa'ee galmaa'e irratti gaaffiin/mormiin kallattii kamiin dhiyaachuu akka qabu seerri kallattii qabsiisee jira. Amanamummaa sanada mirkanaa'ee galmaa'e irratti gaaffii dhiyaatu simatee manni murtii sanadichi akka mirkanaa'etti akka turu yookaan akka haqamu murtii kennuu danda'a. Gaaffiin kun haala lamaan mana murtiitti dhiyaachuu mala:

1. Sanadni mirkanaa'ee tokko seeraa ala mirkanaa'ee jechuun akka haqamuutti kallattiin himanna hundeessuu
2. Adeemsa falmii keessatti sanadni mirkanaa'ee akka ragaatti dhiyaate tokko amanamummaa hin qabu jechuun sanadichi akka ragaatti akka hin dhiyaane jedhe murtii akka irratti kennuutti mana murtii hayyama gaafachuu

Bu'uura gaaffii isa jalqabaatti, sanadni mirkanaa'ee galmaa'e tokko amanamummaa hin qabu akkasumas haqamuu qaba jechuun kallattiin himanna mana murtiitti hundeessuun ni danda'ama. Himanna akkasii kanaaf wantootni ka'umsa ta'uu danda'an hedduu dha. Isaanis, sanadni tokko ogeessota sanada akka hin mirkaneessine dhorkamaniin kan mirkanaa'ee ta'uu, sanadichi foormalitii fi ijoowwan ijoo adeemsa mirkaneessa sanadaa keessatti hammatamuu qaboo hin hammatiin kan mirkanaa'ee ta'uu yookaan ragaalee seeraa-ala ta'an dhiyeessuun sanadichi kan mirkanaa'ee yoo ta'e namni qabiyyee sanada mirkanaa'ee yookaan abbaan qabeenyaan sanadni sun ilaallatuu fi qaamni sanada sana mirkaneesse himata mana murtiitti dhiyeessuun sanadni jedhame seera ala kan mirkanaa'ee waan ta'eef akka haqamu gaafachuu danda'u.<sup>140</sup> Manni murtii akka barbaachisummaa isaatti seeraa fi ragaa rogummaa qaboo madaaluun sanada mirkanaa'ee ture tokko haquu yookaan haquu dhiisuu irratti murtii kenna.

Bu'uura yaada lammaffaatti, ijoo falmii biroo irratti falmiin osoo gaggeeffamaa jiruu qaamolee falmii gaggeessan keessaa tokko sanadni mirkanaa'ee akka ragaatti dhiyaachaa jiru fudhatamummaa hin qabu akkasumas ragaa hanqina qabuudha jechuun amanamummaan ragaa dhiyaatee ijoo falmii kan biroo akka ta'u gaafachuu dha. Gaaffiin kun kan dhiyaatu yoo manni murtii haala addaan gaafficha kan simate yoota'e qofa. Hima biraan, falmitootni

---

<sup>140</sup> Labsii Mirkaneessa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 28

amanamummaan ragaa mirkanaa'ee akka ragaatti dhiyaate tokko ijoo falmii ta'ee irratti wal-hafalminu jechuun sababa gaafatan qofaaf manni murtii gaafficha kan simatu osoo hin taane, amanamummaa dhabuu sanada mirkanaa'e sanaa gaaffii keessa sababootni galchan jiraachuu isaanitti kan amanu yoo ta'ee dha.<sup>141</sup> Amanamummaa sanada gaaffii keessa jiruu akka fashaleessuuf qaamni hayyama argate, bu'uura ajaja manni murtii kenuun, ragaa sanadaa birootiin, ragaa namaatiin, yookaan ragaa biroo dhiyeessuun sanadicha ragaa amanamaa akka hin taane mirkaneessuu danda'a.<sup>142</sup> Hima biraan, amanamummaan ragaa sanadaa mirkanaa'ee galmaa'e tokko akka sanada hin mirkanoofnetti ragaa wal-falmitootni filatan kamiinuu fashalaa'uu akka hin qabne ogeessotni seeraa ni ibsu.<sup>143</sup>

Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e bu'uura seeraatiin yerootti fudhatamummaa dhabu jira. Fakkeenyaaaf, waliigalteen bakka bu'iinsa, waliigaltee qaama aangoo sanada mirkaneessuu qabuun mirkanaa'e galmaa'e waan ta'eef, bu'uura s/h/h kwt 2231 fi 2232tiin du'a, bakka-jirteen dhabamuu, dandeettii dhabuu fi kasaaruu bakka bu'aa yookaan bakka buusaatiin waliigaltichi hafaa ta'uu danda'a. Haala addaatiin bitaa-mirgi kan waliigalle taanaan, haalota caqasaman keessaa tokko bakka bu'aa yookaan bakka buusaa irratti raawwannaan waliigaltichi fudhatama kan dhabu ta'a jechuu dha. Waliigaltee bakka bu'iinsaa bu'uura armaan oliitiin diigame (hafaa ta'e) bu'uureffachuun waliigalteen raawwatame kamiyyuu waliigaltee cimee dhaabbatu hin ta'u jechuu dha. Waliigaltee bakka bu'iinsaa hafaa ta'e irratti hundaa'ee waliigalteen taasifame, waliigaltee qaama mootummaa aangoo sanada mirkaneessuu qabu biratti kan mirkanaa'ee galmaa'e yoo ta'elée, waliigaltee hanqina qabu waan ta'eef mana murtiin kan diigamu ta'a.<sup>144</sup>

Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e jedhamu sanada qaama aangoo sanada mirkaneessuun galmeessu biratti mirkanaa'e qofa osoo hin taane, sanadni qaama mootummaa rogummaa qabuun maddisiifamee fi pirotokoolii barbaachisu hunda hammatee jiru akka sanada mirkanaa'eetti fudhatamuun sanada amanamummaan guddaa irra kaa'amu ta'ee fudhatama.<sup>145</sup> Ragootni qaamolee mootummaatiin maddanii fi qaama mootummaan mirkanaa'anii galma'an, hanga qaama rogummaa qabuun hin haqamnetti ragaa of-danda'ee dhaabbatuu fi amanamummaa

<sup>141</sup> ጥለሁን ተሽሮ፣ 18 391-392

<sup>142</sup> ጥለሁን ተሽሮ, 18 392

<sup>143</sup> ጥለሁን ተሽሮ 18 392

<sup>144</sup> Heden Kaasay fi Aster Demse vs. Seeyife Alamu, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, galmee lak 98583 (Jildii 19ffaa)

<sup>145</sup> Fakkeenyaaaf, s/h/h kwt 2010 fi 2015; Martin Oudin (Ph.D), Evidence in Civil Law-France, Institute for Local Governance, (2015), fuula 29;

olaanaa qabaatu waan ta'eef, qabiyyee isaa sanadni mirkanaa'e qabu tokko qulqulleessuuuf ragaa namaa dhagahuun barbaachisaa miti jechuu dha. Dhimma kana irratti murtii xiinxalli bal'aan mana murtiin irratti kennname gabaabinaan akka armaan gadiitti haa ilaallu:

### Dhimma 8ffaa

Falmii mana murtii tokko irratti abbaan manaa fi haatimanaa mana isaanii qabsiisanii maallaqa liqeeffatan; waliigalteen liqaa sun barreeffamaan hundaa'ee qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'eera.<sup>146</sup> Waliigaltee sana bu'uura godhachuun himanni yoo dhiyaatu haatimanaa sanadni akka ragaatti dhiyaate sana hin mallatteessine jechuun sanadichaa fi qabiyyee isaa haalte; mallatoon sanadicha irra jiru ogeessa takiniikaatiin ha qulqulla'u jechuunis gaafatteetti. Manni murtii sanadichi qaama aangoo mirkaneessuu qabu biratti mirkanaa'uu adda baafachuuf haftee sanadichaa dhiyeessisuun mirkanaa'uu isaa qulqulleesseera. Ogeessi maalummaa fi dhugummaa waliigaltichaa mirkaneeffachuun hojicha akka hojjetan qaamaan dhiyaatee jecha ragaa ogummaa kenneera. Itti dabaluun, ogeessi takiniikaa mallatoon sanadicha irra jiru mallattoo himatamtuu osoo hin taane fakkeeffamee kan mallattaa'edha jechuun ibseera. Manni murtii ragaa fi ibsa ogummaa sanada mirkanaa'e irratti dhiyaatan yoo xiinxalu, ibsi ogeessi kenne mallattoo sadaffaan sanadicha irratti mallatteeffame mallattoo beekama himatamtuu yookaan mallattoo isheen yeroo baay'ee mallatteessimistuu wajjiin wal-hin fakkaatu jechuu isaati malee isheen fakkeessitee hin mallatteessine jechuu miti. Sanadicha irratti mallattoo himatamtuu fakkeessee kan mallatteesse himatamtuu yookaan nama biraan ta'uullee adda hin baafne waan ta'eef shakkisiisaa dha jedheera. *Haata'u malee, shakkiwwan akkasii ogeessota ogummaa dhugummaa mallattoo qulqulleessuu qaban kanneeniin mirkanaa'eera jechuun murteesseera.*

Sanadni mirkanaa'ee galmaa'e jedhamuun akka ragaatti dhiyaatu tokko irratti mormiin sanada mirkanaa'ee galmaa'e miti, ragaa sobaati kan jedhamu taanaan, manni murtii ejjennoo akka furmaataatti fudhachuu qabu keessaa tokko sanadni jedhamu dhuguma mirkanaa'ee galmaa'uu isaa qulqulleeffachuuf haftee sanadichaa waajjira galmeesse gaafachuu dha. Qaama mirkaneesse irraa haftee sanadichaa gaafatee fudhachuu, namni dhimma waliigalteen irratti raawwate irraa

<sup>146</sup> የፌትሃብዕር መዝገብ ቅጥር 923/67 : ከፌተኛ ፊርማ ቤት ወ.ሰኔ፣ ከኢትዮጵያ የወል መስረት ህሳቦች፣ ጥላሁን ተሻመ፣ አዲስ አበባ የፖስታት መጽግኑት ማዋከል፣ 1999፣ ገጽ 389 የተወስደ፡፡

dantaa qabu kaffaltii barbaachisaa kaffaluun garagalcha isaa fudhachuu akka danda'u labsiin galmeessaa fi mirkaneessa sanadootaa lak 922/2008 kwt 18(2) irratti tumee jira. Hima biraatiin, sanada galmaa'e tokko waajjiricha jiraachuu isaa mirkaneessuuf gaaffii abbootii dhimmaatiin yookaan ajaja mana murtiitiin qulqulleessuun kan danda'amu yoo ta'u, waajjirichi garagalacha sanadichaa yookaan ibsa sanadichi jiraachuu isaa ibsu kennuu danda'a jechuu dha. Hata'u malee, hafteen sanadichaa waajjira galmeesse keessa barbaadamee dhabamuun ergaa maalii dabarsa? Sanadni jedhamu mirkanaa'ee hin galmoofne jechuu dhaa? Gaaffilee kanneen siritti qalbeeffachuuf dhimma armaan gadii xiyyeffannoonaan haa ilaallu.

### **Dhimma 9ffaa**

Falmii Huseen Muhammad N-4 fi Faaxumaa Huseen N-3 gidduutti<sup>147</sup> Mana Murtii Godina Jimmaatti gaggeeffame irratti himatantu 1ffaan qabeenya mana abbaa gamoo darpii tokkoo himatootni abbaa isaaniirraa dhaalan argatan gara maqaa himattootaatti akka naannessanii fi akka bulchanitti aangoo bakka bu'ummaa gaafa 20/2/2000 Waajjira mirkaneessaa fi galmeessaa sanadoota Federaalaatti kennameera. Himatantuun mana maqaa himattootaatti naanna'e aangoo bakka bu'ummaa sana irratti hundaa'uun nama biraatti Waajjira Haqaa Godina Jimmaatti kun gaafa 15/3/2009 bakka bu'ummaa kennuu manichi nama biraatti gurgurame. Waliigaltichis mirkanaa'uun maqaan abbaa qabeenyummaas gara bitataatti naanna'eera. Himatootni, himatantu (bakka buutuu/buustuu) fi nama mana sana bite walitti qabnii himatan. Himatantuun manicha akka eegduuf itti kennamee osoo jiruu bakka bu'ummaa dhugummaa hin qabne irratti hundaa'uun kan gurgurte waan ta'eef waliigalteen bittaa-gurgurtaa manichaa akka diigamu gaafataniiru.

Himatamtootni deebii kennaniin himatantuun bakka bu'ummaa kennameef irratti hundaa'uun kan gurgurte ta'uu fi bitataan ammoo aangoo bakka bu'ummaa qaama aangoo qabuun mirkanaa'e irratti hundaa'uun kan bitate yoo ta'u qaamni aangoo qabus waliigalticha mirkaneessuun gara maqaa isaatti manichi naanna'eefii akka jiru ibsaniiru. *Manni murtii amanamummaa sanada bakka bu'ummaa sana mirkaneessuuf, sanadichi dhuguma waajjira mirkaneesse jedhameerraa kan bahe ta'u qulqulleessuuf*

---

<sup>147</sup> Huseen Muhammad n 4 vs. Faaxumaa Huseen n-3, Mana Murtii Godina Jimmaa, galmee lak 40072 (19-03-2010)

*xalayaan gaafate; waajjirichi hafteen sanada mirkanaa'ee mana gal mee keessaa barbaannee argamuu hin dandeenye jechuun xalayaan deebii kenneera.* Haaluma kanaan, manni murtii xiinxala taasise irratti *waajjirri mirkaneessa jedhame haftee sanadichaa of-biraa barbaadeen dhabe jechuun isaa ragaan dhiyaate ragaa sobaa ta'uu agarssiisa jechuudha*; kanaafuu, manichi nama mirga (aangoo) seerri gaafatu qabuun kan gurgurame miti jedhee murteesseera. Namni mirga qabeenyicha dabarsuu hin qabne irraa manicha waan bitameef namni manicha bite abbaa qabeenya manichaa ta'uu waan hin dandeenyeef bu'uura s/h/h kwt 2284(2), 1195 fi 1196tiin waliigalteen bittaa-gurgurtaa manichaa diigamee himatootaaf akka deebi'u murteesseera.

Mata-duree kana jalatti dhimmi xiyyeffannoo barbaadu tokko ragaa sobaa irratti hundaa'uun sanada mirkanaa'e tokko sababeeffatee waliigalteewwan hundeeffaman fudhatamummaa seeraa qabaachuu yookaan dhabuu isaanii adda baasuu dha. Keessumaa aangoo bakka bu'ummaa ragaa sobaa irratti hundaa'ee kennamu bu'uura godhachuun osoo hin beekiin waliigalteewwan garagaraa osoo raawwatamanii mul'atu. Ijoo kana irratti falmii olitti Huseen Maammad faa fi Faaxumaa Huseen gidduutti gaggeeffame fi murtii gaditti dhiyaate haa ilaallu.

### Dhimma 10ffaa

Falmii Zabiibaa Musaa fi Amaan Bariisoo<sup>148</sup> gidduu ture irratti lafa bulchiinsi magaalaa maqaa himattuun galmeessee kenneefii jiru irratti osoo himattuun biyya alaa jirtuu waraqaa eenyumma sobaa irratti hundaa'uun laftichi kan himatamtuu akka ta'etti fakkeessuun bakka bu'ummaan addaa nama Obbo Fu'adi Jamaal jedhamuuf kennam; bakka bu'aan waliigaltee waajjira haqaatiin mirkanaa'etti fayyadamuu himatamaa ammaatti gurgure. Yeroo himattuun biyya alaatii galtu lafa ishee irratti manni ijaaramee jira; himatamaan lafa ishee akka gadi dhiisuuf himanna yoo dhiyeessitu Manni Murtii Aanaa Adaamaa fi Olaanaa Godina Adda Adaamaa himatamaan waliigaltee bakka bu'ummaa qaamni seeraa mirkaneesse irratti hundaa'uun kan bitate waan ta'eef mirga isaa dhabuu hin qabu jechuun himata ishee kuffisaniiru. Bifuma wal-fakkaatuun, himanna Abbaa Alangaa fi Misbaawu Sheekoo n-5 gidduu ture irratti lafa qabiyyee aadde Urgoo Abdoo aaddee Sa'adaa Musxafaa waraqaa eenyummaa sobaatiin ani Urgoo

<sup>148</sup> Zabiibaa Mussaa vs. Amaan Bariisoo, Mana Murii Olaanaa Godina Adda Adaamaa, galmee lak 25546 (16-06-2009)

Abdooti jettee lafa qabiyee aadde Urgoo Abdoo irratti bakka bu'ummaa addaa Obbo Fufaa Dhufeeraatii laatte, Obbo Fufaa Dhufeeraa ammoo ragaa bakka bu'ummaa fudhateen laficha nama biraatti gurgure. Manni murtii waliigalteen gurgurtaa sun sanada bakka bu'ummaa qaama mootummaatiin kennname waan ta'eef sababa itti diigamu hin qabu jechuun murteesseera.

Famii Huseen Maammad faa fi Faaxumaa Huseen gidduutti gaggeeffame keessatti waliigalteen gurgurtaa manaa bakka bu'ummaa Ejensii Mirkaneessa Sanadootaa Federaalaa keessaa hafteen isaa barbaadamee dhabame jedhu irratti hundaa'uun bakka bu'ummaa waajjira haqaa Godina Jimmaatti kennname bu'uureffatee raawwatame waliigaltee seera duratti fudhatama hin qabneedha jedhamee murtiin irratti darbe. Falmii Zabiibaa Musaa fi Amaan Bariisoo gidduutti gaggeeffame irratti murtiin kennname garuu akka agarsiisutti waliigalteen gurgurtaa manaa waliigaltee bakka bu'ummaa dogoggoraan garuu waliigaltee qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'e waanta'eef, fudhatamummaa kan qabu akka ta'etti murtaa'eera.

### **Gaaffilee marii**

- a. Falmii Warquu Daadhii fi Magarsaa Hordofaa n-2 gidduutti gaggeeffame (dhimma 7ffaa) irratti, qabiyee sanadaa bitaa-mirgi irratti walhaban qulquelleessuuf manni murtii raga-baatota sanadicha irratti mallatteessan akka ragaa namaatti dhiyeessisee dhagahuu isaa akkamitti ilaaltu?
- b. Falmii dhaabbata bulchiinsa manneen kira fi G/Hiwoti gidduutti gaggeeffame irratti Dhaaddachi Ijibbaataa ragaan barreffamaa ragaa namaa fi tilmaama sammuu caalaa ragaa fooyya'aa akka ta'e akeekaa jira. Seerri hariiroo hawaasaa keenyas kwt 2898 irratti akeekaa jira. Kakuu, gaaffii qaxxaamuraa fi keessa deebiin dhugummaa jecha ragaa namaa qulquelleessuun waan danda'amuuf biyyootni tokko tokko ragaan namaa ragaa sanadaa calaa amanamaadha jedhu. Haala qabatama naannoo keenyaatti isa kamtu caalaatti amanamuu danda'a?
- c. Dhimma Huseen Maammad faa (dhimma 9) olitti ibsame irra deebi'aa ilaala. Deebii waajjirri sanada mirkaneessu kenne amanamummaa sanada bakka bu'ummaa sanaa gatii ni dhabsiisaa? Hafteen sanada mirkanaa'e tokkoo waajjira mirkaneesse keessaa barbaadamee dhabame jechuun sabadichi hin mirkanoofne jechuu dha? Sanada

mirkanaa'uuun isaa shakkisiisaa ta'e akkasii manni murtii adeemsa kamiin fudhatumumaa dhabsiisuu danda'a?

- d. Murtiwwan falmii Huseen Maammad faa vs. Faaxumaa Huseen (dhimma 9) akkasumas falmii Zabiibaa Musaa fi Amaan Bariisoo (dhimma 10) gidduutti gaggeeffame irratti kennaman irra deebi'aa ilaalaa; murtiwwan sanneen keessaa murtii isa kamtu sirriidha jettu?

### iii. Sanada Dhuunfaa (Sanada hin mirkanoofnee fi hin galmoofne)

Sanadoota akka ragaatti simatamanii fi dandeettii mirkaneessuu guddaa qabu jedhamanii fudhataman lamaan keessaa tokko **sanadoota dhuunfaa** jedhamanii waamamu. Sanadootni kanneen bu'uura ulaagaalee seerri teechisuun barreeffamanii waliigaltootaa fi ragaaleen mallatteeffamanii harka waliigaltootaa qofa kan jirani dha; qaama aangoo sanadoota mirkaneessuu qabuutti dhiyaatanii kan hin mirkanoofnee fi hin galmoofne dha.

Sanada qaamni aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu hin qabne sirrummaa isaanii madaalee ragaa irratti hin baanee fi hin galmeessine jechuu dha. Waliigaltootni haala barbaadaniin dhimma irratti waliigalanii fi guyyaa irratti barreessuun mallattoo isaaniin mirkaneessaan akka ragaatti dhiyaachuu danda'a. Haa ta'u malee, sanadni hin mirkanoofne akka sanada mirkanaa'ee ragaa amanamummaa olaanaa qabaatu waan hin taaneef, bitaa-mirgi qabiyee sanadichaa, mallattoo isaanii yookaan guyyaa irratti barreeffamee jiru ilaachisanii salphaatti wal-haaluu danda'u. Dhimmoota ijoo ta'an kaaneen irratti bitaa-mirgi qabiyee sanadicha irratti kan wal-haalan taanaan, manni murtii sanadicha akka ragaatti fudhatee irratti hundaa'ee murtii kenuuf tarkaanfilee armaan gadii fudhachuu danda'a.

#### a. Mallattoo sanada irra jiru qorachiisuu

Namni sanadni hin mirkanoofnee fi hin galmoofne akka ragaatti irratti dhiyaatu, mallattoo ykn barreeffamni harka isaatiiti jedhame **kan isaa akka hin taane ifatti kaasuun** sanadicha haaluu akka danda'u s/h/h kwt 2007(1) ni tuma. Sanadni akkasii dhaaltota namoota mallatteessaan jedhamu irratti kan dhiyaate taanaan dhaaltotni himatni irratti dhiyaate, mallattoo ykn barreeffamni sanadicha irra jiru **kan dhaalchisaa isaanii akka ta'etti kan hin fudhanne ta'uus ibsuu qofti** sanadicha haaluuf gahaa akka ta'e s/h/h kwt 2007(2). Haalota lamaan kanneeniin sanada akka ragaatti dhiyaate irra mallattoon ykn barreeffamni jiru haalamnaan mallattoo ykn barreeffamni sanadicha irra jiru kan eenyuu akka ta'e ogeessi qoratee akka qulqulleessu **manni**

**murtii ajajuu danda'a.** Akka haala dhengala'iinsa tumaalee seera kanaatti, keessumaa kwt 2007 ija tumaa kwt 2005tti yoo ilaalamu, mallattoon sanada irra jiru haalamnaan manni murtii yoo barbaade akka qoratamu ajajuu yookaan akka ragaatti fudhachuu dhabuu danda'a jechuu dha. Hima biraatiin, waliigaltee barreeffamaan hundeffamuu qabuu fi ijoo irratti wal-falman mirkaneessuuf ragaan barreeffamaa kan dhiyaate taanaan, mallattoon barreeffamicha irra jiru kan haalame yoo ta'e ijoo falmii ragaa namaatiin mirkaneessuun hin danda'amu jechuu dha.

Akka waraabbii afaan Ingiliziitti yeroo mallattoon ykn barreeffamni sanada irra jiru haalamu, mallattichi kan himatamaa ta'u isaa adda baasuuf manni murtii qorachiisuu akka qabu ibsa. Haala dirqisisaa fakkaatuun kaa'uun tumaa seerichaa ergaa lama kan dabarsu fakkaata. Isaanis, sanada mallattoon irra jiru haalamnaan, sanada sana akka ragaatti fudhachuuf carraa manni murtii qabu qorachiisuu qofa akka ta'e ibsa. Mallattoon sun kan himatamaa ta'u yookaan ta'u dhabuu isaa adda baasuuf ragaan namaa kan dhiyaatu akka hin taane ibsa jechuu dha. Itti fufees, ijoon falmii himataa fi himatamaan irratti wal-dhaban, dhimma ka'umsa falmichaa ta'ee jiru barreeffamaan hundaa'uu kan qabu taanaan, ragaa namaa yookaan tilmaama sammuun kan mirkanaa'u akka hin taane kallattii kan agarsiisu akka ta'etti fudhatamuu danda'a.

Tumaaleen seera hariiroo hawaasaa ragaa sanadaa irratti tumamanii jiranakkuma jirutti seera Biyya Faransaayi irraa waraabaman jechuun ni danda'ama; dhimma sanada qorachiisuu ilaachisee tumaan kwt 2007 akka waraabbii afaan Ingilizii seera keenyaatti kan barreeffame yoo ta'u ijoo falmii sanadni akka ragaatti irratti dhiyaachuun himatamaan qabiyyee yookaan fudhatamummaan isaa haalame manni murtii ragaa biraa simatee dhagahuuf filannoo akka hin qabnetti hiikuun hojiirra oolchaa jiru.<sup>149</sup> Falmii dhiyaate osoo ragaa hin dhaga'iin murteessuu kan danda'u ta'u yoo baate, mallattoowwan sanadicha irra jiran mallattoo himatamaa ta'uusaa ogeessaan qoratamee deebiin isaa akka dhiyaatu gochuu akka qabu ejjennoo qabachuun itti hojjechuu irratti argamu. Qorannoo taasifameen mallattoon sanadicha jirra jiru mallattoo himatamaa ta'uun isaa kan mirkanaa'e taanaan sanadichi gita fudhatamummaa sanada mirkanaa'ee galmaa'eetti akka ilaalamuu qabutti irratti hojjetu.<sup>150</sup>

Yaada ogeessi mallattoo yookaan qabiyyee sanada tokkoo qorate kenu yaada hanqina hin qabne jedhamee fudhatamuu akka hin qabne, akka biyya keenyaatti, barreessitootni ni eeru. Manni

<sup>149</sup> Martin Oudin (PhD), Evidence in Civil Law-France, (2015), fuula 54

<sup>150</sup> Miil-jalee olii

murtii yaada ogeessi dhiyeesse dhimmoota biroo wajjiin wal-bira qabuun erga madaalee booda fudhachuun ragaa godhee irratti murtii kenna malee yaadni sababa dhiyaate qofaaf irratti hundaa'ee murtii hin kenu; yaada ogeessaa manni murtii kufaa gochuu danda'a jechuu dha.<sup>151</sup>

### Dhimma 11ffaa

Falmii Luba Abrihaa Barahe fi Birrinash Hiluuf gidduutti gaggeeffamaa ture irratti himataan qarshii 12,000 himatamtuun narraa liqeeffattee naaf deebisuu digde jechuun mallaqqicha, dhala isaa fi adabbii qarshii 8000 wajjiin akka kaffaltuuf himata dhiyeffataniiru. Himatamtuun liqii jedhame hin liqeeffanne, mallattoon sanada akka ragaatti dhiyaate irra jirus kan koo miti jettee haalteetti. Ogeessi mallatticha akka qoratu ajajame ***mallattoon sanadicha irra jiru kan eenyuu akka ta'e adda baasuun kan hin danda'amne ta'uu ibseera***. Haaluma kanaan, manni murtii jalaa liqaan qarshii 500 olii ragaa namaatiin kan hin mirkanoofne waan ta'eef akkasumas sanada dhiyaate irratti himatamtuun mallatteessuun ishaa waan hin qulqulloofneef akka ragaatti kan irratti dhiyaatu miti jechuun maallaqa jedhame liqeeffachuun hin mirkanoofne jedheera. Manni Murtii Ijibbaata Federaalaa ammoo ogeessa takiniikaatiin mallattoon kan eenyuu akka ta'e adda baasuun kan dadhabame taanaan, yeroo sanadichi mallatteeffamu namoota raga-baatuu ta'anii fi ragaa biroo dhagahuun mallatichi kan eenyuu akka ta'e adda baasuun ni danda'ama jechuun murtii kenneera. Itti fufuunis, biyya keenya keessatti mallattoon sanada tokko irra jiru kan eenyuu akka ta'e ragaa namaa fi ragaa birootiin akka hin mirkaneessin seerri dhorku hin jiru jedheera.

***Bu'uura s/h/h kwt 2472(1) liqiiin liqeefamuu mirkaneessuu fi sanada liqii ibsa jedhame akka ragaatti dhiyaate irra mallattoo jiru mirkaneessuun gargari waan ta'eef, liqiiin qarshii 500 olii liqeefamuu ragaa namaatiin mirkaneessuun hin danda'amu garuu mallattoo sanada liqiiin ittiin liqeeffatame jedhamu irra jiru garuu ragaa namaatiin kan eenyuu akka ta'e mirkaneessuun ni danda'ama jedhuun murteesseera.***

Bitaa-mirgi mallattoo sanada tokko irra jiru ilaalchisanii kan eenyuu akka ta'erratti kan wal-dhaban yoo ta'e seerri keenya wal-diddaa kana furuuf tooftaa inni eeu ogeessaan qorachiisuu

<sup>151</sup> ጥሮን ተጠሪ 388

dha. Ogeessi mallattoon falmii kaase kan eenyuu akka ta'e adda baasuu yoo dhabe ogeessi biraan mallatticha akka qoratu gochuu yookaan odeeffannoo qorannicha milkeessuu danda'u caalaatti walitti qabuun ogeessi duraan qorate irra deebi'ee akka qoratu taasisanii eenu akka mallatteesse qulqulleessuu malee ragaa namaa dhimmicha irratti dhagahuu yaadni wixineessaa seera keenyaa hin deeggaru.

### **b. Ragaa dhiyaate duuba seeraa alummaan jiraachuu ilaaluu**

Ragaan barreffamaa qabiyyee of irratti qabatee jiruu fi guyyaa irratti barreffame jiru ilaachisee namoota waliigalan gidduutti ragaa fudhatamummaa guutuu qabaatu ta'uun akka fudhatamu S/h/h kwt 2005 ni ibsa; qabiyyee/ibsa sanadni sun of irratti qabatee jiru ragaa namaa dhiyeessuun yookaan tilmaama sammuu namaatiin faallessuun akka hin danda'amne seerichi kwt 2006 irratti tumee akka jiru olitti ilaallee jirra. Haata'u malee, qabiyyeen waliigaltee sanaa seeraa wajjiin kan walfaallessu yota'u qabiyyee sanadichaa keessaa hangi seeraa ala ta'ee jiru akka ragaatti akka hin fudhatamne gochuun barbaachisaa akka ta'e tumaaleen seeraa akeekan ni jiru. Yaada kana murtii armaan gadii bu'uura godhannee haa ilaallu:

### **Dhimma 12ffaa**

Falmii Assegadech Zergawu fi Ayyalee Kidaanee gidduutti gaggeeffame irratti<sup>152</sup> oliyyattuun qarshii 105,000 deebii kennaa irraa **gaafa 19/6/2000** liqeeffachuun maallaqa kana hanga **gaafa 19/10/2000tti** kaffaluu yoo baatte adabbii qarshii 30,000 maallaqichatti dabaluun kaffaltii kan raawwattu ta'uu barreffamaan waliigalteetti. D/Kennaan guyyaa waliigalametti kaffaltii waan hin raawwanneef qarshii 135,000 fi dhala isaa per sentaa 9 itti ida'amee akka kaffaltuuf mana murtiitti himanna dhiyesseera. D/kennaan sanada sana irratti kanan mallatteesse yoo ta'llee maallaqa jedhame osoo hin fudhatiin kan na duraa miliqan ta'uu ragaa namaan akka mirkaneessu gaafatullee gaaffiin isaa kufaa ta'eera. Manni murtii qabiyyee sanada dhiyaate qofa irratti hundaa'uun maallaqa liqeeffame jedhamu, adabbii irratti barreffamee fi dhala isaa akka oliyyataan kaffaltu murteesseera. Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Ijibbaata Federaalaa gama isaatiin bu'uura s/h/h kwt 2489tti namni maallaqa liqeeffate tokko hanga dhala maallaqichi

---

<sup>152</sup> Assegadechi Zergawu vs. Ayyale Kidaane, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, jildii 12ffaa, galmee lak 59882

bu'uura seeraatiin argamsiisuu ol akka kaffalu dirqamsiisu fudhatamummaa akka hin qabne waan tumuuf, oliyyataan adabbii maallaqaa qarshii 30,000 akka kaffalu murtaa'e dogoggora bu'uura seeraa kan qabu waan ta'eef akka fooyya'u murteesee jira.

Manni murtii sun qabiyyee sanada dhiyaate qofa bu'uura godhachuun murtii kan kenne yoo ta'u qabiyyee sanadichaa ol kan ta'e seeraa wajjiin wal-simuu waliigaltichaa madaaluu keessa hin dhaqne. Waliigalteen barreeffamaan hundeffame tokko bu'uura s/h/h kwt 1716tiin waliigaltichi seera yookaan duudhaa uummataa kan faallesu yoo ta'e fudhatamummaa hin qabaatu; akkasumas bu'ura kwt 1704tti waliigaltichi ilaalcha badaa irratti hundaa'ee kan hundaa'ee yoo ta'e waliigalticha sanadaan kan ibsamu yota'ellee kufaa taasisuun akka danda'amu seerri kallattii kaa'a. Murtiin olii kun akka agarsiisutti ragaan dhiyaate qabxii bitaa fi mirgi irratti waliigalan hunda kan ibsu yoo ta'ellee miidhaa guddaa qaama tokko irraan kan gahuu fi rakkin qaama tokkoo sababeeffatee kan hundaa'ee ta'uu kan akeeku taanaan manni murtii ragaa dhiyaate irra tarkaanfatee haqa murteessuu kan danda'u ta'uu isaati.

Ragaalee sanadaa haxxummaan irratti raawwataman keessaa tokko waliigaltee sanada waliigaltee bakka bu'ummaa bu'ureffatanii raawwatamanii dha. Haala qabatama yeroo ammaa itti hojjetamaa jiru akka mul'isutti aangoo bakka bu'ummaa guutuu kennuun, yeroo baay'ee waliigaltee qabeenyichi gurguruu faana kan kennamuu dha; sochii dinagdee biyya keenyaa keessatti bakka bu'ummaan bakka waliigaltee gurgurtaa bu'ee tajaajila kennaa jira jechuun ni danda'ama. Falmii olii irraa akka argamutti, waliigalteen bakka bu'ummaa gaafa 2/3/2008 kan kenname waliigaltee bittaa-gurgurtaa qe'ee keessaatti gaafa 1/13/2008 raawwatame bu'uureffatee akka ta'e ni tilmaamama. Waliigalteen gaafa 04/5/2009 bakka bu'aa himatantu (abbaamanaa himattuu) fi himattuu gidduutti hundeffame maqaa abbaa qabeenyummaa manichaa gara himattuutti naannessuuf jedhame kan raawwate jedhamee akka fudhatamu yaada waliigalaa dhimmichaa irraa ni hubatama. Rakkoowwan gama kanaan mul'atan murtii armaan gadii akka fakkeenyaatti kaasnee haa ialaallu. -

### **Dhimma 13ffaa**

A/d Eelsabeet Daadhii himata A/d Haragawayiin Arsii irratti dhiyeessiteen<sup>153</sup> himatamtuuun waliigaltee bittaa-gurgurtaa mana koondoominiyeemii natti gurgurte irratti kaffaltiin gama mootummaatiin manicha irraa kan barbaadamu yoo jiraate kaffaluuf kan waliigalte yoo ta'ellee yeroon maqaa abbaaqabeenyummaa manichaa jijiirrachuuf gaafadhu qarshii 38,010 manicha irra jiru akkan kaffalu ta'eera waan ta'eef qarshii kanaa fi dhala isaa akka naaf kaffaltu jechuun gaafatteetti. Ragaa barreeffamaa himattuun dhiyeessite waliigaltee bittaa-gurgutaa abbaan manaa himattuu aangoo waliigaltee bakka bu'ummaa himatamtuu irraa gaafa 2/13/2008 argate irratti hundaa'uun himatamtuu wajjiin waliigalee dha. Waliigaltee sana irratti idaa manicha irraa mootummaan barbaadu himatamtuu akka kaffaltu ibsameera. Himattuun deebii kenniteen waliigaltee isheen dhiyeessite sana hin beeku; sanada dharaati jechuun waliigaltee gaafa 1/13/08 barreeffamee fi idaa mootummaa bitattuun akka kafaltu ibsu dhiyeessiteetti. Ragaa himattuun dhiyeessite akka hin beeknee fi himattuun waliigaltee bakka bu'ummaa maqaa abbaa manaa isheetiin fudhate bu'uura godhachuu fi faayidaa dhuunfaa isaanii galmaan gahachuuf raawwatan waanta'eef, waliigaltee fudhatamummaa qabu miti jechuun falmiteetti. Hata'u malee, manni murtii xinxala gaggesse irratti himatamtuu waliigaltee haaraa kara bakka buutuu ishee gaafa 04/05/2009 raawwatte waliigaltee gaafa 1/13/2008 raawwatamee as kan hundaa'e waan ta'eef, himatamtuu waliigaltee lammaffaa kanan bitamuuf ni dirqamti jechuun qarshii 38,010, durgoo abukaattoo, baasii fi kasaaraa, fi kaffaltii mana murtii akka himatamtuu kaffaltu murteesseera.

### **Gaaffilee Marii**

- a. Dhimma 10ffaa irra deebi'aa ilaala. Mallattoo sanada tokkoo irra jiru ragaa namaatiin mirkaneessuu fi dhimma falmii ijoo ta'ee ragaa namaatiin mirkaneessuu gidduu garagarummaan qabatamaa jiru maali? Murtiin Ijibbaataa kun bu'uura s/h/h kwt 2007-2008 wajjiin attamitti ilaalam?

---

<sup>153</sup> Eelsabeet Daadii vs. Haragawiiti Arsii, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, Galmee Lak 50296 (08/09/2009)

- b. Murtii dhimma 11irratti ibsame bu'uura godhachuun, manni murtii ragaan barreeffamaa dhiyaate ilaalcha badaa bu'uura godhatee kan hundaa'e waan ta'eef waliigaltichi fudhatama hin qabu jecheef ulaagaalee attamii bu'uura godhachuu qaba?
- c. Dhimma 12ffaa armaan olii irra deebi'aa ilaalaa. Seeraa alummaa waliigaltee lammaffaa sana duuba jiru raawwii akka hin arganne akkamititti taasisuun danda'ama?

## 2. Sanadoota Sadarkaa Lammaffaa

Sanadootni sadarkaa lammaffaa irratti eeraman sanadoota waliigaltoota garee lamaaniin hin mallatteeffamne, gabaasa garee tokkoon dhiyaatu, xalayoota, gal mee herregaa dhuunfaa, waraabbii/photocopy sanadootaa, fi kkf yoo ta'an, sanadootni garee kana jalatti hammataman ragaa sanadaa amantaan guutuun irratti gatamu ta'anii kan fudhataman waan hin taaneef, haala addaa keessatti qofa akka ragaatti fudhatamuun bu'uura murtii ta'uu danda'u. Sanadootni akaakuu akkasii bal'inaan qaama isaan maddisiise irratti ragaa ta'anii dhiyaachuu akka danda'an s/h/h kwt 2016, 2017, 2018 fi kan biroo ni tumu.

Mata-duree kana jalatti dhimma seeraan ifatti aguuggii gahaa hin arganne tokko kaafnee haa ilaallu; waliigaltee barreeffamaa namoota garee lamaaniin fi/ykn raga-baatotaan himallatteeffamne. Waliigalteewan seerri ***bifa ifa ta'een*** barreeffamaan hundeeffamuu qaba jedhu yookaan waliigaltootni foormii barreeffamaan hundeessina jedhanii adda baasuun irratti waliigalanii ala jiran, barreeffamaan hundeessuun dirqama akka hin taane beekamaadha.<sup>154</sup>

Waliigalteewan barreeffamaan dirqama hundeeffamuu hin qabne ilaalchisee namootni walta'uu isaanii afaniin kan waliigalan taanaan yaada waliigaltee isaanii sana barreeffamaan kan qopheessan yoo ta'e, foormii waliigalteen barreeffamaa tokko bu'uura s/h/h kwt 1723 guutuu qabu irraa eegamuun barbaachisaa akka hin taane dhangala'iinsa tumaa yaada seerichaa irraa kan hubatamuun dha. Tumaan s/h/h kwt 1727(1) irratti waliigalteewan seeraan yookaan waliigaltee waltaatotaan barreeffamaan hundeeffamuu qaban, mallattoo waliigaltootaa fi raga-baatotaan deeggaramuu akka qabanii fi sanadichi mallattoo qaamolee kanneenii ofirraa kan hin qabne taanaan fudhatamummaa akka hin qabaanne tumee jira. Hima biraan, waliigalteewan seeraan yookaan walta'iinsa waliigaltootaan basrreeffamaan hundaa'uuf hin dirqamne, barreeffamaan ibsamaniin kan jiran taanaan maqaa fi mallattoo raga-baatotaa akkasumas mallattoo waltaatotaa ofirraa kan qaban yoo ta'e malee fudhatama hin qabaatan jechuu miti. Fakkeenyaaaf, labsiin

---

<sup>154</sup> Seera hariiroo hawaasaa kwt 1719 fi 1726

hojjetaa-hojjichiisaa lak 377/1996 kwt 6 fi 7 irratti haala waliigalteen qaxarrii itti ibsamu yoo kaa'u, waliigalteen qaxarrii barreffamaan kan hin hundoofne taanaan waliigaltichi afaaniin hundaa'ee guyyaa 15 keessatti hojjichiisaan barreffama qabxii waliigalteen barreffamaan hundaa'u qabachuu qabu hammachiisee ***mallatteessee*** hojjetaaf kennuu akka qabu tuma. Barreffamani ***mallattoo hojjetaa hin qabne sun*** ragaa (sanadaa) ta'ee akka fudhatamu labsichi kwt 8 irratti bifaa ifa ta'een ibsamee jira.

Gama kanaan, hubannoo jiruu fi kallattii qabatamuu qabu maal akka ta'e murtii Dhaaddacha Ijibbaata Federaalaa tokko gabaabinaan haa ilaallu:

### **Dhimma 14ffaa**

Falmii dhaabbata bulchiinsa manneen kira fi G/Hiwoota Kabbadoo gidduu ture irratti<sup>155</sup>, himatamaan (Obbo G/Hiwoota) maallaqa kira mana kireeffatee keessa jiraatu qarshii 176,564 himataaf akka kaffalu akka irratti murtaa'u gaafachuun, ragaa sanadaa mallattoo himatamaa qofa qabu kan mallattoo himataa, maqaa fi mallattoo raga-baatotaa hin qabne akka ragaatti dhiyeesseera. Himataan deebii kenne irratti, mana himataa keessa jiraachaa kan jiru ta'uu osoo hin haaliin, ragaan sanadaa dhiyaate himataan kan hin mallattoofnee fi raga-baatota lamaan kan mirkanaa'e waan hin taaneef waliigalteen eerame fudhatama kan qabu miti jechuun falmeera. Manneen murtii jalaa, ragaan sanadaa dhiyaate mallattoo himatamaa fi raga-baatotaa waan hin qabneef ragaa seera duratti fudhatama qabu miti jechuun kuffisaniiru. Dhaaddachi Ijibbaataa gama isaatiin akka xiinxalotti, seerri (s/h/h kwt1719-1930) waliigalteen kira mana barreffamaan ta'uu akka qabu kan hin ibsine ta'uutti dabalee kwt 2898(3) irratti waliigalteen kira mana duraan eegalamee kan jiru taanaan jiraachuu waliigaltichaa ragaa namaa yookaan tilmaama sammutiin ragaasisuun waan danda'amuuf, ***ragaa barreffamaa himataan dhiyesse ragaalee seerichi gaafatu caalaa fooyya'aa ta'ee osoo jiruu*** manneen murtii jalaa waliigalteen hin jiru jechuun murtii isaan murteessan dogoggora seeraa qaba jechuun murteesseera.

Sanadootni sanadoota sadarkaa lammaffaa jedhamanii fudhataman gahumsa amanaiisuu gadaanaa kan qaban waanta'aniif, beekamtii s/h/h kwt 2005, 1719-1726, 2889 fi kkf sanadootaaf kennee jiru kan qooddatan miti. Kanaafuu, manni murtii gita ragaa namaa fi ragoota biroo

---

<sup>155</sup> Dhaabbata bulchiinsa manneen kira vs. G/Hiwoota Kabadoo, mana murtii waliigala federaalaa dhaaddacha ijibbaataa, galmeek lak 25938 (Jildii 7)

sanadoota sadarkaa lammaffaa kanneeniif kenna malee akka ragaa barreffamaatti kan fudhatu miti. Bu'uura kanaatiin, murtii olii keessatti murtii Manni Murtii Waliigalaa Dhaaddacha Ijibbaataa Federaalaa kenne akka ibsutti ***barreffama waliigaltootaa fi raga-baatotaan hin mallattoofne*** ragaa nama caalaa fudhatama ragaa qabu akka ta'etti ibsi kennname ibsa walta'aa miti jechuun ni danda'ama.

### Gaaffilee Marii

1. Falmii Abbaa Alangaa vs. Mulugeetaa H/Maariyaam n-2 gidduu ture irratti<sup>156</sup> himatamaa 1ffaan badhaadhina isaaf hin malle argachuuf jecha ani dhaaltuu Adde Shaashituu G/Waldii fi Obbo W/Aragaay Deeloo akka ta'e fakkeessuun himatantu 2ffaan (abukaattoon) mana murtiitti iyyata dhiyeessitee mirga dhaaltummaa akka mirkaneessitutti bakka bu'ummaa kenneera; bakka bu'ummaa sana irratti hundaa'uun manni murtii ragaa dhaaltummaa dhugummaa hin qabne akka kenu taasisaniiru; itti fufuunis, qabeenya dhaalchistootaa dhaaltota muraasa qofaa wajjiin himatamaa 1ffaan adda qooddachuu lafa isa gahe irratti kaartaa fi pilaanii baafachuun nama biraatti gurgureera jedhame S/Y kwt 676(2a) jalatti himatamaniiru. Ragaan nama dhiyaatan himatamaa fi dhaalchistoota gidduu akkasumas dhaaltota isaanii gidduu firummaan kamiyyuu akka hin jirre ibsaniiru. Ragaan faccisa gama isaaniitiin dhaalchistootaa fi himatamaa 1ffaa gidduu firoomni dhiigaa akka jiru ibsaniiru. Manni murtii xiinxala gaggeesseen ragaa barreffamaa fi ragaa nama abbaan alangaa dhiyeesse ragaa faccisa caalaa nu amansiiseera jechuun himatamaa 1ffaa wagga tokkoo fi baatii afur adabeera.
  - a. Ragaa dhaaltummaa sanadaa mana murtiin qophaa'ee fi qaama biraatiin akka ragaatti fudhatamee irratti hundaa'uun murtiin kennname tokko dogoggoraan ragaa kennamedha yoo jedhame ragaa namaatiin mana murtii falmii yakkaa dhaga'uun dhimmi qulqulla'uudhaa? Ragaan nama ragaa sanadaa kennname sobsiisuuf/fashaleessuuf ragaa rogummaa qabuudhaa?

---

<sup>156</sup> Abbaa Alangaa vs. Mulugeetaa H/Maariyaam fi Eebbissee Simeessoo, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, galmee lak 5112

- b. Falmii olii kana irratti abbaan seeraa tokko murtii kenname irratti hambifannoo qabaan yoo ibsan, ragaan dhaaltummaa kenname bu'uura s/h/h kwt 998tiin mana murtiin osoo hin haqamiin ragaa sobaati ykn ragaa mana murtii dogoggorsuun kenname jedhame fudhatamuu hin qabu jechuun himatamaan bilisa bahuu qaba jechuun ejjennoo isaanii ibsaniiru. Haala ragaan sanadaa tokko itti mormamuu qabu ilaachissee ejjennoo abbaa seeraa sana akkamitti ilaaltu?
2. Dhimmi kun dhimma mana murtii A/Balee Gasgaaritti lakk.G.17070 ta'en murtii argate yoo ta'uu himatoonni addee Askaalaa Mangistuu fi Gannat Mangistuu ijoolee obbo Mangistuu fi addee Kulii Gurmuu ta'u fi addee Damoozee Mangistuu kan jedhamtuu qabeenya dhaalaan maatii isaanii kan ta'e lafa qonnaa fi baargamoo heektaara 3.3 gahee keenya osoo nuuf hin kenniin dhuunfaa isheetti itti fayyadamaa waan jirtuuf gahee keenya nuuf haa kennitu jechuun himataniiru. Himatantuun deebii kennite irratti qabeenyi lafaa himatootni gaafatan kan dhuunfaa ishee akka ta'e ibsuun akka ragaatti waraqaa abbaa qabiyyummaa dhiyeeffatteetti. Manni murtiichaa ijoo dubbi qabeenyii himatantuun harkatti aragamu qabeenya dhuunfaa ishee yookaan kan abbaa fi haadha isaaniti? Ijoo falmii jedhu qabachuun ragaa bitaaf mirgaa dhagheera. Ragooleen namaa sadii dhiyaatan jecha waliitti dhiyaatuun walfalmitoonni abbaa fi haadha tokko irraa dhalachuu kan beekanii fi erga abbaa fi haatii isaanii du'anii booda qabeenyi isaanii kan ta'e lafa qonnaa fi baargamoo heektaara 3.3 iddo lamatti argamuu harka himatantuun jiraachuu ibsaniiruu. Akka ragaa faccisaa namoonni lama dhiyaatanii, ragaan 1ffaan himatantuun fi himatoonni ilmaan abbaa fi haadha tokko ta'uu fi himatantuun lafa heektaara 2.2 warrii isaanii osoo hin du'in dura kan qabdu ta'uu fi daangaa lafichaa akka hin beekne duubateera; ragaan 2ffaa warrii walfamitootaa lafa qabaachuu ibsuun bal'ina lafichaa garuu akka hin beeknee fi lafichatti erga wagga 18 asi himatantuun kan itti fayyadantu ta'uu ragaa baheera. Himatoonni waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa himatantuun dhiyeessite akka qoratamuuf mormanii manni murtiis ragaa kun wajjira lafaa fi eegumsa naannoo aanichaa irraa qulqulla'e akka dhiyaatuun kan ajajee yoo ta'u, waajjirichis waraqaa abbaa qabiyyummaa himatantuun dhiyeefatte jalqaba maqaa obbo Mngistuu Roobiitiin jiraachuu fi waraqumma kana irratti haquun jalatti maqaa

himatamttuutiin galmaa'ee jiraachuu daangeesitoota tokko tokko irrattis haqamaafii laaqamaan jiraachuu ibseera.

Manni murtii xiinxala kenneen, namni kamiyyuu karaa kamiinuu yaa ta'uu lafas ta'ee qabeenya birootti waraqaa qabiyyee abbaa lafummaa kan itti qabu yoo ta'e lafichi kan abbaa qabiyyee itti qabuutti kunnis s/h/h kwt 1195 irraa hubachuun ni danda'ama kanaaf himatamttuun lafa harkaa qabduu irratti waraqaa abbaa qabiyummaa lakk 2629788 ta'e ittiin qabdu waan ta'eef qabiyyee dhuunfaa himatuutti kanaaf himatooni mirga homaatuu kan irraa hin qabne ta'uu ragaa namaa fi barruu irra jiruu irraa hubachuun ni danda'am jedhe himaticha kufaa godheera. **Manni murtii ragaa sanadaa abbaa qabiyummaa osoo jiruu ragaa namaa bitaa-mirgaa dhagahuu isaa attamitti ilaaltu?**

3. Falmii Luksar fi Birunaayis<sup>157</sup> gidduu ture irratti bitaa-mirgi waliigaltee bittaa-gurgurtaa konkolaattotaa duraan waliin qaban irratt dabaluun bittaa konkolaattota shanii waliigaltee barreffamamaa kan ragootni irratti hin caqasamanii hin mallatteessin irratti waliigalaniiru. Waliigalteen sanadaa kan namootni ragaa ta'anii irratti hin mallatteessine akka ragaatti yoo dhiyaatu, sababa ragootni irratti hin mallatteessineef ragaa ta'ee fudhatamuu hin danda'u jechuun falmiin irratti ka'eera. Manni murtii barreffamni dhiyaate hariiroo daldalaa duraan jiru itti kan fufsiise ta'uu kan ibsu waanta'eef, hariroon akkasii ammoo callisuun (silence) illee hundeffamuu kan danda'u waan ta'eef, bu'uura s/h/h/ kwt 1684tiin ragaa barreffamamaa fudhatama qabu akka ta'etti ibsuun irratti hundaa'ee murtii kenneera.
  - a. Murtii kenname kana akkamitti ilaaltu?
  - b. Waliigalteewan seerri barreffamaan hundeffamuu qabu jedhu ala jiraan irratti bitaa-mirgi dhimma irratti waliigalan barreessuun ofii isaanii qofa irratti kan mallatteessan yoo ta'e, barreffamni sun ragaan irratti hin mallatteessine jedhamee fudhatama kan dhabu ta'aa?

---

<sup>157</sup> Waldaa daawwachiiftuu Luksar vs. waldaa Biruhnaayis, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, galmeek lak 12719 (Jildii 7ffaa)

## **Maddoota Barreeffamichaa**

### **I. Seerotaa**

- Heera Mootummaa RDFI, *Negaarit Gaazzexaa Federaalaa*, 1995
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'ee, *Magalaata Oromiyaa*, 2001
- Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa
- Seera Yakkaa RDFI
- 1967 Draft evidence rules
- Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasa
- Seera Adeemsa Falmii Yakkaa
- Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Federaalaa, lak 922/2008,
- Wixinee seera deemsa falmii yakkaa fi seera ragaa abbaa alanagaa waliigalaa Federaalaatiin bara 2009 bahe.

### **II. Kitaabolee**

- Justice Y.V. Chandrachud, The law of evidence ,wadhawa and company Nagpur ,21<sup>st</sup> Edition (2006)
- Kahsay Debsu and Andualem Eshetu, Law of Evidence (Teaching Material, Prepared under the Sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute),
- Ethioipolian Civil procedure Rober Alen Sedler
- በ/ ከለ-ል ተነቁ ተተወ ባማስረ ሆ መሠራት ማብራሪያ 1ኛ ዕጋጌ 1997 ዓ.ም. በኢትዮጵያ; መከኝም ማቆጋል ባተተሙ
- ታ ወ ተሳላጊ ባማስረ የሚከተሉ መ ል በዋጭ አካላቴ ባለመ-በዋጥና ባስልነት ማቆጋል አስፈላጊ ጥገና
- ታለሁን ተሽሮ፣ የአት-የአጋሪ የውል ህግ መሰረት ሁሳቦች፣ ስስተዳድር እት-ም፣
- Jules Epstein, the great engine that couldn't: science, mistaken identifications and the limits of cross-examination, Stetson Law Review, Vol. 36, (2007),
- John Ashcroft, Deborah J. Daniels and Sarah V. Hart, Eyewitness evidence: A trainer's Manual for Law Enforcement, U.S, Department of Justice office of Justice Programs,
- Barry S. Cooper, Hugues Herve' and John C. Yuillee, Evaluating Truthfulness: Detecting Truth and Lies in Forensic Contexts, John Wiley and Sons, Ltd, (2009),

- Handbook of psychology of investigative Interviewing: current developments and Future Directions, Ed. Ray Bull, Tim Valentine and Tom Williamson, John Wiley and Sons, Ltd, (2009),
- Raymond Emson, Evidence, 4<sup>th</sup> ed., Replica Press pvt, Ltd (2008)
- Marise Cremona, Evidence, 4<sup>th</sup> edition, Raymod Emson (2006),
- Bryan A. Garner (chief editor), Black's Law Dictionary, 7<sup>th</sup> ed., (West Group), 1999;

### **III. Joornaalota**

- Tafrii Baqqalaa fi Angeessaa Itichaa Kenninsaa fi Barreessa Murtii Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Manneen Murtii Oromiyaa: Seeraa fi Hojimaata Joornaalii Seeraa Oromiyaa [Jiil.7, Lak 1,2010]
- Abreha Mesele, The Standard in Admitting the Expert Evidence in Ethiopia,Mizan Law Review, Vol.11, No.1,2017
- Wise, Richard A. and Safer, Martin A., "A Method for Analyzing the Accuracy of Eyewitness Testimony in Criminal Cases" (2012). *Court Review: The Journal of the American Judges Association.* 387,
- R. v. Turner, [1974] QB 834 (England.), as cited in Gary Edmond, Simon Cole and et al. (2013). 'Admissibility Compared: The Reception of Incriminating Expert Evidence (Forensic Science) in Four Adversarial Jurisdictions'. University of Denver Criminal Law Review, Vol. 3, pp. 31-109
- Martin Oudin (Ph.D), Evidence in Civil Law-France, Institute for Local Goverance, (2015), fuula 29;

### **IV. Dhimmoota Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Muraasa**

- Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj/Jildii 9ffaa lakk.G. 47252
- Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj /Jildii 15ffaa lakk.G. 86510
- Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 9ffaa lakk.G. 44634
- Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 12ffaa lakk.G 49502
- Murtii M/M/W/F/Dha/Ijj Jildii 15ffaa lakk.G 77983
- Murtii M/M/W/F/Dha/Ijjldii Jildii 15ffaa lakk.G 89494
- M/M/W/F/Dha/Ijjldii Jildii 15ffaa lakk.G. 42706

- Waldaa daawwachiiftuu Luksar vs. waldaa Biruhnaayis, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, gal mee lak 12719 (Jildii 7ffaa)
- Abbaa Alangaa vs. Mulugeetaa H/Maariyaam fi Eebbisee Simeessoo, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, gal mee lak 5112
- Dhaabbata bulchiinsa manneen kiraas vs. G/Hiwoota Kabadoo, mana murtii waliigala federaalaa dhaaddacha ijibbaataa, gal mee lak 25938 (Jildii 7)
- Eelsaabeet Daadii vs. Haragawiiti Arsii, Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa, Gal mee Lak 50296 (08/09/2009)
- Warquu Daadhii vs. Magarsaa Hordofaa fi Qanno Booranaa, Mana Murtii Aanaa Ada'aa, Gal mee Lak 59310
- Abbaa Taayitaa Gumuruukaa fi Galiiwanii Buufata To'annoo Hararii vs. Saayfeddiin Abduqadir, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, Gal mee Lak 89640 (Jildii 15ffaa)
- Assegadechi Zergawu vs. Ayyale Kidaane, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, jildii 12ffaa, gal mee lak 59882
- Zabiibaa Mussaa vs. Amaan Bariisoo, Mana Murii Olaanaa Godina Adda Adaamaa, gal mee lak 25546 (16-06-2009)
- Heden Kaasay fi Aster Demse vs. Seeyife Alamu, Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataa, gal mee lak 98583 (Jildii 19ffaa)
- Huseen Muhammad n 4 vs. Faaxumaa Huseen n-3, Mana Murtii Godina Jimmaa, gal mee lak 40072 (19-03-2010)